



**XIINXALA SIRNA (IDEOLOGY) ASOOSAMOOTTA ISAAYYAAS
HORDOFFAA LAMA KEESSATTI**

QORATAAN: YOONAAS BIRAASAA OLAANAA

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN
OROMOOFI OG-BARRUU BARSII SUUTIIN GUUTTACHUUF
QOPHAA'EE, YUUNIVARSITII JIMMAA KOLLEEJJII
SAAYINSII HAWAASA AFI HUUMAANIITIITTI DAMEE
BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OG-BARRUUF DHIHAATE**

FULBAANA, 2014/2021

JIMMAA, OROMIYAA

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI
OG-BARRUU BARSII SUUTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE,
YUUNIVARSITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI
HUUMAANIITIITTI DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OG-
BARRUUF DHIHAATE**

**XIINXALA SIRNAA (IDEOLOGY) ASOOSAMOOTTA ISAAYYAAS
HORDOFAA LAMA KEESSATTI**

QORATAAN: YOONAAS BIRAASAA OLAANAA

GORSAA DURAA: TAAYYEE GUDDATAA (PhD)

GORSIITUU AANTEE: YESHII ITICHAA (MA)

FULBAANA, 2014/2021

JIMMAA, OROMIYAA

Yuunivarsitii Jimmaa

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi og-barruu ittiin guuttachuuf, Yoonaas Biraasaa mata duree “Xiinxala Sirnaa (Ideology) Asoosamoota Isaayyaas Hordofaa Lama Keessatti” jedhuun geggeeffame sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa’e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa keessaa _____ Mallaattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa Dursaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsituu Aantee _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Itti gaafatamaa Muummee yookiin walitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

Ibsa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uufi kanaan duras Yuunivarsitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hin dhihaanne ta'uu isaa, akkasumas, wabiileen qorannoo kanaaf fayyadame haala seera qabeessa ta'een fudhee wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: _____

Mallattoo: _____

Guyyaa: _____

Galata

Duraan dursee fayyaa guutuu naaf kennee bu'aa ba'ii hedduu keessa na dabarsee sadarkaa waraqaa qorannoo digirii lammaffaa(MA) kana akkan hojjedhu kan na taasise waaqa uumaa maraaf galanni haa ta'uuf. Itti aansuun, gorsa qorannoo kana irratti naaf kennuu qofa osoo hin taane, gorsa hunda-galeessa abdiin namatti horu naaf kennuu isaaniitiif Dr. Taayyee Guddataa jechan ittiin isaan galateeffadhutu na hanqata. Hamtuun isin hin argin jechuu malee maalan jedha. Akkasumas, gorsituu gorsaa koo ta'uun ogummaa qabaniin kan na deeggaran barsiistuu Yeshii Itichaa (MA) guddaan galateeffadha. Kana malees, Dr. Alamituu Olee yaadni isin jalqaba wixinee qorannoo kana irratti naaf kennitan milkaa'ina qorannoo kanaaf karaa na qabsiiseera waan ta'eef galanni koo guddaadha.

Dabalataanis, maatii koo, firoota koofi hiriyoota koo kan deeggarsa gama adda addaatiin naaf gochaa turan hunda galateeffachuun barbaada. Xumura irratti, barsiisota muummee barnoota Afaan Oromoofi Og-barruu Yuunivarsitii Jimmaa dadhabbiin hedduu taasisuun beekumsa qaban naaf hiruun sadarkaa kanaan kan na qaqqabsiisan guddaa galateeffachaa jabaadhaan jedhaan.

Axereeraa

Qorannoon kun Asoosamoota Isaayyaas Hordofaa Hawwiifi Yoomi Laataa? Gama sirnaan (Ayidooloojiin) xiinxaluu irraatti kan xiyyeeffateedha. Gosti qorannoo kanaas gosa qorannoo ibsaa yookaan qulqulleeffataa yoo ta'u odeeffannoon argamaani mala akkamtaan xiinxalamanii ibsamuun dhiyaataniiru. Iddattoon qorannichaas Asoosamoota Sirna (Ayidooloojii) garaa garaa irraatti hundaa'uun barreeffaman keessaa Asoosamoota Isaayyaas Hordofaa lameen Hawwiifi Yoomi Laataa? Qofa irraatti kan daangeffameedha. Meeshaaleen funaansa ragaalee qorannicha keessaatti dhimma itti bahames madda raga lammaffaa kan ta'e sakattaa'a dookumentii (Harshammee) qofadha. Odeeffannoon mala kanaan argamanis mataduree garaa garaatti caccabuun mala akkamtaa fayyadamuun qaacceffamaniiru. Haaluma kanaan, xiinxala adeemsifame kanaanis, argannoowwan: Sirnoonni gurguddoon Asoosamoota Hordofaa Hawwiifi Yoomi Laataa? Keessaatti calaqqisaani Sirna (Ayidooloojii) Siyaasaa, Hawwaasummaa, Amantaafi diinagdeen isaan ijoo yommuu ta'an Sirnoonni (Ayidooloojoonni) kunneen uummata Oromoo Amantaa isaa, Aadaafi duudhaa isaa, Afaan isaafi waliigala eenyummaafi jiruuf jireenya isaa hunda akka itti dhabu taasisaa turuu; Sirnoonni (Ayidooloojoonni) yeroo sana turaaniifi wantoonni uummata Oromoo irraatti dalagamaa ture garaa garummaa guddaa qabaachuu yommuu ta'an, argannoowwan kanaafis yaboo waaraan kan dhiyaatan yommuu ta'u, isaan keessaa ijoo, Rakkoo hamaan bara asana keessa Leellistoota Sirna Nafxanyaan Uummaa Orommoorraan gahaa ture har'as mataa dhokfatee eddo garaa garaatti bifa jijjiirratee mul'ataa waan jiruuf, kana beekke dammaquun lagaan, qomoon, amantaan walqooduu dhiisee tokkummaa isaa jabeeffachuun birmadummaasaa mirkaneeffachuu qaba.

BAAFATA

Qabiyyee	Fuula
Ibsa.....	i
Galata.....	ii
Axereeraa.....	iii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA.....	1
1.1 Seenduubee Qorannichaa.....	1
1.2 Ka’umsa Qorannichaa.....	3
1.3 Gaaffilee Qorannichaa.....	4
1.4 Kaayyoo Qorannichaa.....	4
1.4.1 Kaayyoo Gooroo Qorannichaa.....	5
1.4.2 Kaayyoowwan Gooree Qorannichaa.....	5
1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa.....	5
1.6 . Daangaa Qorannichaa.....	6
1.7. Haqina Qorannichaa.....	6
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUUWWAN WALFAKKII.....	7
2.1. Ogbarruu.....	7
2.2. Gooroowwan Og barruu.....	10
2.2.1. Ogbarruu Barreeffamaa.....	11
2.2.1.1 Faayidaa Ogbarruu Barreeffamaa.....	13
2.2.1. 2. Gooroowwan Ogbarruu Barreeffamaa.....	14
2.2.1. 2. 1. Asoosama.....	14
2.2.1. 2.2. Caacculee Asoosamaa.....	15
2.3 Yaad-rimee Sirnaa.....	18
2.4. Gosoota Sirnaa.....	20
2.4.1. Sirna Bulchiinsaa.....	20
2.4.2 Sirna fayyadama Afaanii.....	22
2.4.3. Sirna Fayyadama Dinagdee.....	25

2.5. Sakatta'a Qorannoo Wal-fakkataanii.....	25
2.4 . Yaaxxina Qorannichaa.....	26
2.4.1. Yaaxina Fayyadamummaa.....	27
2.4.2. Yaaxxina Mirga Uumaa.....	28
2.4.3. Yaaxxina walii galtee Hawaasaa.....	28
2.4.4 Yaaxxina Bulchiinsa Uumamaa.....	29
BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA.....	31
3.1 Saxaxaafi Gosa Qorannichaa.....	31
3.2 Madda Ragaalee.....	31
3.3 Iddattoofi Mala Iddatteessuu Qorannichaa.....	31
3.4 Mala Funaansa Ragaalee.....	32
3.5 Tooftaa Qaaccessa Ragaalee.....	32
BOQONNAA AFUR: RAGAALEE XIINXALUUFU HIIKUU.....	33
4.1 Seensa.....	33
4.2 Xiinxala Sirnaa Asoosama Hawwiifi Yoomi Laataa?.....	33
4.2.1 Cuunfaa Jaargocha Asoosama <i>Hawwiifi Yoomi Laataa?</i>	34
4.2.2. Sirnoota (Aayidooloojota) Asoosama Hawwiifi Yoomi laataa? Keessaatti Calaaqqisan.....	37
4.2.3 Xiinxala Asoosama <i>Hawwiifi Yoomi laataa?</i> Gama Sirna (Ayidooloojii) Aangoofi Siyaasaatiin... 40	
4.2. 4. Xiinxala Asoosama <i>Hawwiifi Yoomi laataa?</i> Gama Sirna Olaantummaa Diinagdeetiin.....	70
4.2.5. Xiinxala Asoosama <i>Hawwiifi Yoomi laataa?</i> Gama Sirna Hawaasummaatiin.....	75
4.2.6. Xiinxala Asoosama <i>Hawwiifi YoomiLaataa?</i> Gama Sirna Amantaatiin.....	79
4.2.7. Xiinxala Asoosama <i>Hawwiifi Yoomi laataa?</i> Gama Sirna Gara-jabinaatiin.....	83
4.3. Tokkummaafi Garaagarummaa Asoosamoota <i>Hawwii fi Yoomi Laataa?</i>	87
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO.....	89
5.1 Cuunfaa.....	89
5.2 Argannoo.....	90
5.3 Yaboo.....	91
WABIILEE.....	93

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1 Seenduubee Qorannichaa

Maalummaa og-barruu irratti beektotni adda addaa yeroo garaagaraa keessatti yaada isaanii bifa bal'ina qabuun kennaniiru. Og-barruun sababa bal'ina qabuuf jecha hiika tokko qofaan kana jedhamee hiikamee taa'uu hin kan dandeenyedha. Maalummaa og-barruu irratti yaadolee beektotni addaa addaa dhiheessan muraasa kaasuun ni danda'ama. Haaluma kanaan Ansari (1992, f. 47) akka armaan gadiitti ibsa. "To define literature is very difficult. In ordinary sense we can say whatever written is literature but there cannot be a clear and precise definition of literature because its scope is so vast that it covers almost all the spheres of life."

Akka yaada hayyuu kanaatti, Og-barruu kana jedhanii yaada ykn hiika tokkoon lafa kaa'uun kan nama dhibu ta'uu danda'a. Sababni isaa dameewwan og-barruu haala salphaan kana jedhanii dubbachuun ulfaataadha. Yeroo gabaabsanii ilaalan wanti barreeffamee jiru hunduu og-barruudha jechuu dandeenya. Haa ta'u malee, wanti barreeffamee jiru marti og-barruudha jedhanii murteessuun hin dandaa'amu. Kana jechuun wanta barreeffamee jiru tokko jalatti kan ilaalaman hedduu waan ta'aniifiidha. Kanaaf, gooroowwan Og-barruu kanneen jedhaman kanneen akka asoosama, walaloofi do'iidha.

Haaluma Kanaan, Og-barruu Oromoo keessaa tokko asoosama waan ta'eef, waa'ee asoosamaa haala armaan gadiin haa ilaallu. Akka Fedhasaan (2013, f. 67) irratti ibsetti, Asoosamni argaa yaada barreessaan kalaqamee suura jireenya dhala namaa addunyaa keessatti kaasee kan mul'isuudha. Mudannoofi mufannoo namni tokko haala jiruufi jireenyaa keessatti muuxatu mul'isuuf, sammuu barreessaa keessatti kalaqamee waraqaarratti mul'ata. Dubbistootni haala sana irraa muuxannoo isaanii yaadatu. Kanaafuu, asoosamni jiruufi jireenya namaa calaqqisiisa jechuudha.

Akka yaada armaan olii irraa hubatamutti, asoosamni dameewwan Og-barruu Oromoo keessaa tokko waan ta'eef, barreessaan waa'ee jiruufi jireenyaa, gaddaafi gammachuu, dhageettii keessoo namaa, seenaafi kanneen kana fakkaatan ifaan ifatti nam-fakkiilee kalaquun ibsuu akka danda'uudha. Asoosamni jireenya, aadaa, safuu, achii dhuftee, amantii, xiin-qalbiifi k. k. f calaqqisiisuu danda'a. Gama biraan, Og-barruufi Sirni adda ba'anii hin ilaalaman.

Yaada kana Eagleton (2002, f. 16) walitti dhufeenya Og-barruufi sirnaa kallatii lamaan agarsiise. Kunis, “Og-barruun agarsiiftuu sirna yeroo sanaa yaada mataasaaniitti hidhameedha. Kanaaf, bakka dhugaa sana ga’uuf, ol adeemuun kan hin danda’amneefi yaadni inni biroon inni of keessatti qabatu dhugaa dhumatti og-barruun yeroo baay’ee sirna jiru irratti dhiibbaa cimaa godha kan jedhuudha”. Kana jechuun Og-barruun, sirna jiru baasee nutti agarsiisuufi dhugaa hawaasa keessa dhokate akka hubannuuf nu gargaara. Og-barruun hojii kalaqaa kan barreessaan bareechee barreessuufi kan hawaasni afaaniin sammuutti yaadaan qabachuun fuula duratti aggaamuun yaada barreessaaniifi dubbataniidha. Yaada kana kan deeggaru, Asafaan (2009, f. 21) yoo ibsu, “Og-barruun ogummaa kalaqa waa uumuu ta’ee, muuxannoo jiruufi jireenya haqaa irratti faayyinee ittiin ibsinuudha. Og-barruun mala waan hawaasaafi bu’aa qabu tokko waliif dabarsinu, waan amma beekumsa ilmaan namaa waa cobu tokko ittiin waliif galaafnuudha,” jedha.

Yaada hayyuu kanaa irraa wanti hubatamu, Og-barruun hojii uumee kan qabata jiruufi jireenya dhaloota dhufuuf darbu ittiin faarsu ykn qeequ, ibsa muuxannoo jiruuf jireenyaa mala sona aadaafi hawaasummaa ittiin dabarsan ogummaa dhala namaati. Karaa biraa, dhalli namaa hundi afaan, aadaa, seenaa, duudhaafi amantaa kan mataa isaanii qabu. Kanneen kana immoo, Og-barruun ibsatu. Akkasumas, Sirnas fudhannee yoo ilaalle, akkaataa hawaasni tokko itti hojjetu, dubbatu, itti jiraatu, itti walii galu, wal-gargaaru, rakkoo wal irraa qolatu ibsuuf, kana malees, rakkoo hawaasa tokkoo ol kaasee mul’isuudha.

Haaluma kanaan, asoosama keessatti sirni akkamiin akka dhihaatu yoo ilaalle, Asoosamni daawwitii haala jiruufi jireenya hawaasa tokkooti jechuun ni dandaa’ama. Ijaarsi asoosama tokkoos akka dubbistoota isaa ofitti hawwatuufi haala itti fufiinsa qabuun dubbistootni isaa nuffii tokko malee osoo addaan hin kutin, duukaa bu’uun amma xumuraatti akka dubbisan gochuuf haalli ijaarsa firiwwan asoosamicha keessatti dhihaatanii murteessaadha. Ijaarsa firiwwan keessatti haala sirni seenaa asoosamicha keessatti calaqqisiisee beekuun murteessaadha. Kanaafuu, seenaan asoosama tokkoos yoo sirna hawaasaa irratti hundaa’ee ijaarame dubbistoota ofitti hawwachuu bira darbee qalbiisaanii rarraasuun, hanga xumuraatti akka duukaa bu’anii dubbisan isaan taasisa. Kanaaf, sirni firiwwan asoosamaa keessaa dhimma ijoofi murteessaa kan seenaan asoosamichaa ittiin ijaaramu jechuun ni dandaa’ama. Dhaamsa asoosamichi dabarsuu barbaade sana haalaan hubachuuf ammoo, asoosamicha dubbisuufi xiinxaluun murteessaadha.

Xiinxala taasisuuf ammoo, ogummaafi yaaxxinoota adda addaatti gargaaramuun sakatta'uu gaafata. Akkasumas, hojii qorannoo kana keessatti, yaaxxinaalee jiranitti dhimma ba'uun hojiin kalaqaa kun xiinxalameera. Dabalataan, yaaxxinaalee sirnaa fuulleffachuun hojiileen kalaqaa kan xiinxalaman yoo ta'u, yaaxxinni sirnaa karaalee asoosamni ittiin xiinxalaman keessaa isa tokkoodha. Qorannoon kun yaada kana bu'uura godhaachuun asoosama *Hawwiifi Yoomi Laataa?* jedhan irratti xiinxala sirnaa adeemsifameedha. Qoratichis, asoosamoota lamaan armaan olii keessatti dhimmoota sirnaan wal-qabatan kanneen akka siyaasaa, dinagdee, hawaasummaa, amantaa, gara-jabinaa xiinxaluun yaboo isaa bira ga'eera.

1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoowwan garaagaraa asoosamoota Afaan Oromoo irratti adeemsifamaa turan ni jiru. Haa ta'u malee, asoosamoota barreeffamanii uummataaf dhihaataniifi dhihaataa jiran hunda irratti xiinxala gadi fageenyaa dhimmoota sirnaan wal-qabatan adda baasanii yoo dhiheessan hin mul'atan. Asoosamootni Afaan Oromootiin barreeffaman hedduu ta'anillee, qorannoowwan gama sirna isaanii irratti geggeeffaman hinjiran. Ka'umsi qorannoo kanaas, qaawwaa mul'atu kana guutuuf yaadameeti. Qaawwaa kana guutuuf ammoo, qorataan hojiiwwan kalaqaa Isaayyaas Hordofaa lama filateera. Sababni isaan filatamaniifis, jalqaba irratti asoosamootni kunneen, dhiibbaawwan uummata Oromoo irratti gama sirna mootummoota darbaniin raawwatamaa turan maal akka ta'e bu'uura taasifachuun xiinxaluun ibsameera.

Dabalataan, qabiyyeewwan isaanii haala aangoo siyaasaa, olaantummaa dinagdee, hawaasummaa, amantaafi gara-jabinaan kanneen kalaqamaniidha. Sababoota Kanaan asoosamootni kun lamaan akka filataman ta'ee jira. Kana malees, haala jiruufi jireenya uummata Oromoo keessatti dhimmootni baay'ee murteessoo ta'an, kanneen akka aadaa, seenaa duudhaa, amantaa, falaasamaa, siyaas-dinagdeefi k.k.f maalummaan isaanii dhiibbaa siyaasaatiin badaa deemuu danda'u. Haalli kun, sirna mootummoota darban keessatti bal'inaan uummata Oromoo irratti qaqqabaa tureera. Kanuma irraa kan ka'e, hojiilee kalaqaafi falaasamootni uummata Oromoo hedduminaan babal'ataafi qoratamaa hinturre. Haa ta'u malee, yeroo ammaa kana hojiilee kalaqaa kana xiinxaluufi qorataa adeemuun barbaachisaa ta'ee argameera.

Kanaafuu, hojiilee kalaqaa filataman kana lamaan keessatti barreessaan kun sirna gargaaramuun siyaasa, dinagdee, hawaasummaa, amantaafi gara-jabina calaqqisiisuuf yaalii godhan xiinxaluun

xiyyeeffannoo qorannoo kanaa ta'ee jira. Hojii kalaqaa keessattis dhimmi sirnaa hojii sanaa murteessaa ta'uu isaa irraa kan ka'e, akka irratti xiyyeeffatamu ta'ee jira. Kana malees, ijaarsi asoosama tokkoo kan dubbistoota ofitti hawwatu yoo sirnaan guutameedha. Kanaaf, dhimma sirnaa ilaalchisee asoosamoota filataman kana irratti qorannoon yoo adeemsifame bu'aa guddaa buusuu danda'a jedhamee waan yaadameef, asoosamootni kun lamaan filatamanii xiinxalaman.

Karaa biraatiin qorattoonni baayyeen asoosamaarraatti kan qorannoo gaggeessan yoota'u gama sirnaa asoosama keessatti mul'atan irraatti hojachuuf hanqinni jira. Haaluma kanaan, akka fakkeenyaatti, Kadiraa (2016) Qaaccessa Asoosama 'Aarsaa' Fayyadama Afaanii Irratti Xiyyeeffachuun Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Guuttachuuf kan hojetame yoota'u, qorannoon kun lameen Asoosama qaaccessuun kan walfakkaatan yoo ta'u, argannoon isaas: "Akkaataa barreeffama asoosama kanaatti barreessaan fayyadama afaanii garaagaraa kanneen akka malleen dubbii, jechamoota, mammaaksotaafi jechoota ciccimoo irra caalaatti yaada barreeffamichaa ifa godhanii ibsanitti fayyadamuu." Kan jedhu yommuu ta'u, haala sirnaa asoosama keessaatti mul'atan qaaccessuurraatti hanqina argisiisee jira. Kanaafuu qoataan kun immoo, hanqina qorannoon kun argisiise yookaan immoo bira gahuu hanqate kana qorachuuf kaka'e jechuudha.

1.3 Gaaffilee Qorannichaa

Gaaffiin akka deebii argatuuf barbaadamu tokko yoo jiraate qorannoon tokko adeemsifama. Haaluma kanaan qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa armaan gadii kan deebisu ta'a .

- Sirnootni gurguddoon asoosamoota Hawwiifi Yoomi laataa keessatti calaqqisiifaman maal fa'i?
- Asoosamootni *Hawwiifi Yoomi Laataa?* Yaadotaafi ta'iinsoota bara sanaa kaasuun isaanii sirna ture wajjin wal-simuufi dhiisuu isaanii haala kamiin ibsuu?
- Asoosamoota Hawwiifi Yoomi laataa kana keessatti jireenyi nam-fakkiilee siyaas-dinagdee Oromoo keessatti hala kamiin ibsaman?

1.4 Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoowwan qorannoo kanaa gooroofi gooreetti qooduun ilaaluun ni dandaa'ama.

1.4.1 Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, asoosama *Hawwiifi Yoomi Laataa?* keessatti sirna giddu galeeffachuun xiinxaluudha.

1.4.2 Kaayyoowwan Gooree Qorannichaa

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti.

- Sirnoota gurguddoo asoosamoota Hawwiifi Yoomi laataa keessatti calaqqisiifaman tarreessuu.
- Asoosamootni *Hawwiifi Yoomi Laataa?* Yaadotaafi ta'iinsoota bara sanaa kaasuun isaanii sirna ture wajjin wal-simuufi dhiisuu isaanii adda baasuu.
- Asoosamoota Hawwiifi Yoomi laataa kana keessatti jireenyi nam-fakkiilee siyaas-dinagdee Oromoo keessatti akkaataa itti mul'ate ibsuu.

1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa

Asoosamni daawwitii jiruufi jireenyaa waan ta'eef, dhugaan hawaasa keessa jiru karaa asoosamaan ba'ee mul'ata. Asoosaanis dhugaa hawaasa keessa jiru falaasama mataa isaa itti dabaluu karaa ittiin baasee mul'isuudha. Haaluma kanaan, barbaachisummaan qorannoo kanaa warreen bu'uuraas yoo tarreeffaman isaan armaan gadii ta'u.

- Guddina siyaas-dinagdee Oromoo keessatti gahee asoosamootni kunneen qaban kan dhaloota itti aanu barsiisu ta'a.
- Guddina Og-barruu Oromootiif gumaacha mataa isaa taasisuu dandaa'a.
- Namoota gara fuula duraatti asoosama Oromoo barreessuuf karoofataa osoo jiranii carraa waraqa kana dubbisuu argataniif sirna hawaasa keessa jiru irratti fuulleffatanii hojii kalaqa isaanii akka barreessaniif isaan qajeelchuu dandaa'a.
- Namoota firiiwwan asoosamaa irratti qorannoo geggeessuu barbaadaniif akka yaada ka'umsaatti tajaajiluu dandaa'a.

1.6 . Daangaa Qorannichaa

Xumurri hojii qorannoo tokkoo kan miidhagu, kan kaayyoo isaa galmaan ga’u yoo waan raawwachuu danda’u qofa humnaafi yeroo qabuun madaalee kallattii garaagaraan daangeffateedha. Haaluma kanaan, qorannoon kun gama bal’ina waan irratti hojjetameen, asoosamoota Afaan Oromoo keessaa ‘Asoosamoota Isaayyaas Hordofaa Lamaan’ irratti kan daanga’e yommuu ta’u, gabaabumatti qorannoon kun ‘Xiinxala Sirna (Ideology) Asoosamoota Isaayyaas Hordofaa lama Keessatti’ kan jedhu irratti xiyyeeffatee kan daangeffameedha.

1.7. Haqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggefamu hanqinni adda addaa muudachuu ni danda’a. Haaluma kanaan hanqinaaleen qorannoo kanaas, akka armaan gadiitti dhiyaatee jira. Isaanis: Inni jalqabaa, baayyina Asoosamoota filatamanii ilaalchisuun qorataan osoo Asoosamoota sirnoota darbanii amma keessa jirru qeeqan mara fudhachuun osoo xiinxalee baayyee gaarii ture. Haata’u malee qoranniicchi bal’aafi yeroo dheeraa kangaafatu ta’a. Isa kana immoo qorataan akka hanqina qorannoo kanaatti fudhatee jira. Inni lammataa immoo, Qorataan Asoosamoota Hawwiifi Yoomi laataa yommuu filateetti sirnoota achi keessa jiran qofa xiinxaluurraatti xiyyeeffatee jira. sirboota Achirrattis itti fayyadaama Afaanii Malleen dubbii fi kan biro Asoosamoota kanneenii xiinxaluu irraatti hanqina agarsiisee jira. Inni sadaffaan, hanqinoota qorataa mudatan yommuu ta’u, rakkoo nageenyaafi haala biyyattiin yeroo ammaa keessa jirtuun walqabatee fayyadama Interneetii irraatti hanqinni qorataa mudaate hanqina qorannoo kana agama sakattaa’a barruulee garaa garaa irraatti mudatee jira.

Hanqinoota kanas qorataan akka hanqinaatti lafa kaa’ee callise osoo hintaane, mala adda addaa lafa kaa’ee jira. Isaanis: Rakkoo jalqabaa gama Asoosamoota hedduu filachuun itti fayyadaama Afaanii isaanii, malleen dubbii fi kanbiroorraatti hojichuu dhabuu ilaalchisee, gara fuula duraatti namoonni mata duree kana fakkaaturraatti hojichuu fedhan kan qorataan bira gahuu dhabe kana qorachuu ni dandaa’u. Gama rakkoo Interneetii ilaalchisuun, qorataan geejiba kanfaluun bakka rakkoon nageenyaa hinmul’anne imaluun rakkoo kana furuuf yaalii taasisee jira.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUUWWAN WALFAKKII

Boqonnaan kun, barruuwwan qorannoo kanaan wal-qabataniifi aantee ta’an kanaan dura hojjetaman of keessatti hammata. Hojiileen aantee kun yaada hayyota garagaraan kan gabbataniidha. Haaluma kanaan, boqonnicha jalatti, yaad-rimee Sirnaa, hariiroo Og-barruufi sirnaa, Sakatta’a qorannoo wal-fakkaatanii, hiikniifi yaaxxinni qorannoo, barbaachisu boqonnaa kana jalatti dhihaateera.

2.1. Ogbarruu

Ogbarruun sammuu dhala namaatiin kan uumamu, jechoota filatamaan kan ibsamu miidhagina kan qabu, hanqinaafi jireenyi kan ittiin ibsamu, miiratti kan dhaga'amu seenaa lubbuu yaadannooti. (Asoosama dhangala'aa Oromoo ORLA 223 hidhaa^{ffaa} misansa barnootaan kan qophaa'e.) Jechi ogbarruu jedhu jechoota lama irraa ijaaraame. Innis ogummaafi barreeffama irraa kan hundaa'e yoota'u, 'og' jechuun ogummaa, 'barru' immoo barreeffama jechuudha. Ogbarruun qooqa ilma namaa waliin walitti dhufeenya qaba.

Ogbarruun aadaa hawaasaa dhalootaa dhalootatti daddabarsaa kan dhufe hambaa hawaasaa unka adda addaan argamuu kan danda'u ta'uu Melakneh,(2003:1) irratti "literature is the culture heritage of people. It is record of man in adversity of form at various levels of scholarship" jedha. Kana malees, hogbarruun hojii kalaqa muuxannoo ilma namaa dhugaa kan hammatuufi kara walqunnamtii hawaasaa isa barbaachisaa ta'u, yommuu ibsu "Literature is creative work of art, which express the truth of experience in terms of beauty to be comprehended, and it is means of communicating ideas of intellectual and social significance " Isuma (1985:1).

Gama biraan ogbarruun baayyee bala'aafi qo'atamuu hiika kennuun hindanda'amne ta'uu yoo ibsu "literature is impossible to define" jedhee hiika akka salphaatti kennuun akka hindanda'amne dabalee ibsa. walumaa galatti, hog barruu ilaalchisee Melakneh (2003) hogbarruun hojii kalaqaaffi yaada karaa dhalli namaa fedhii , hawwii, amantii akkasumas dandeettii isaa afaaniinis ta'e barreeffaman ittiin dabarfatu ykn walqunnamtii taasisu jechuun lafa kaa'a. Afoolli sammuu keessatti yaadamee afaaniin himama. Kan barreeffamaa garuu waan yaadametu waraqaarra kaa'amuun dubbistootaaf dhiyaata.

Ogbarruun seenaa dhala namaa keessatti bara dheeraaf kan ture waan ta'eef, yaadawwan hedduun kan itti kenname, falmiwwaniifi qorannooleen hedduun kan irratti gaggeeffamedha.

Ogbarruu ilaalchisee wanta hedduutu jedhame. Maalummaasaa, faayidaasaa, amalasaa, wanta inni ofjalatti haammatu, jijjiirama beekumsaa, falaasamaa, jireenyaarratti dhiibbaa inni qabu ilaalchisee wanti hedduun jedhamanii jiru. Ogeessota ogbarruun alas, ogeessonni biroo kallattii ogummaa isaaniitiin ilaaluun hiika itti kennuu yaalaniiru. Kunis ogbarruun dhimma baay’ee fi damee hedduu kan ofjalatti qabuufi akaakuwwan beekumsaa baay’ee wajjin kan walitti dhufu ta’uusaa nu hubachiisa. Dhimma kana Asafaa (2009,f.16-17) akkas jedhee ibsa: “Ogbarruun ogummaa umurii dheeraa waan qabuuf qorannoon garaa garaa bal’inaan irratti gaggeeffameera. Yaadniifi mormiiwwan adda addaas irratti dhihaataniiru. Haala bal’ina ogbarruu, faayidaafi maalummaa isaarratti waan hedduun jedhameera”.

Kunis, hiikniifi yaadrimeen ogbarruuf kennamu bal’aa ta’uusaa kan nu hubachiisu yemmuu ta’uu, jiruufi jireenya dhala namaa kan mul’isuufi bifaafi amala hawaasa tokkoo kan calaqisiisu akka ta’e agarsiisa. Kana jechuunis, ogbarruun bifa hawaasummaa, dinagdeefi siyaasa hawaasa tokkoo agarsiisuurra darbee aadaa, duudhaafi barsiifata hawaasichaa kan ibsu; akkasumaas, amala, ta’iinsa, xinsammuufi ilaalcha nama hawaasicha keessa jiraatuu calaqisiisa jechuudha. Kanas, Asafaa (2009,f.16-17) yeroo ibsu akkas jedha. Ogbarruun waa’ee uummataa uummataaf deebisee kan dhiheessu, daawwitii jiruufi jireenya dhala namaa kan ibsudha. ... waan ta’ee fi hayyuulee ogbarruu biratti hayyuuleen seenaa, kan falasamaa, kan siyaasaa, kan seeraafi kanneen biroollee gama ogummaa isaaniitiin ilaaluudhaan hiikawwan adda adda kennanii jiru. Gabaabumatti, yaadrimeen ogbarruu bal’aa umuriidhaanis dheeraafi xiyyeeffati isaas jiruufi jireenya/finna uummataa ta’uun isaa, ogbarruun hiika adda adda akka qabaatu taasiseera.

Akkasumas, ogbarruun hojii kalaqaa ta’ee dhugaafi muuxannoo jireenya dhala namaa miidhagsee haala miiraafi qalbii namaa hawwatuun kan dhiheessu ta’uusaa, Dansi, M.(Ed).(2004). yeroo ibsan, “Ogbarruun sammuu dhala namaatiin kan uumamu, jechoota filatamoon kan ibsamu, miidhagina kan qabu, haqniifi jireenyi kan ittiin ibsamu, miiratti kan dhaga’amu” jedhu.

Walumagalatti, ogbarruun beekumsa waa’ee dhala namaafi waa’ee jireenyaa qabnu bal’isuurra darbee naannoo keenyaafi hawaasa keenya akka hubachuu dandeenyutti kan nu qopheessu, haqa jireenyaa dhihaaturraa ka’uunis namas ta’e hawaasicha madaaluu kan nu dandeessisu

dammaqina sammuu nuuf kenna. Kanaanis, gochaafi amala namarratti arginu akka qeeqnu, sochii hawaasicha keessatti taasifamu akka xiinxallu nu taasisa.

Gama biraan ammoo, akkuma armaan olitti tuqame ogbarruun jireenya dhala namaa calaqisiisa. Jireenyi ammoo hawaasummaan kan mul'atu waan ta'eef, ogbarruufi hawaasummaa gidduu hariiroocimaan akka jiru agarsiisa. Kun ammoo hawaasni kamiyyuu ogbarruu mataasaa akka qabu kan mul'isu yemmuu ta'uu, jijjiiramaafi guddina hawaasni tokko agarsiisaa deemu faana bifti, qabiyyeefi yaadrimeen ogbarruus jijjiiramaafi gabbachaa akka deemu nu hubachiisa. Afoola Oromoo Tuulamaa Jiildii-II (1999).

Seenaafi dagaagini ogbarruu hammayyaa seenaa dhala namaatiin kan walqabatedha. Falaasamni hawaasaa, ilaalchiifi hubannoon hayyoota ogbarruu, haalli siyaasaa, qaroominniifi fedhiin uummataafi beektotaa akkuma jijjiiramaa deemeen, biftiifi qabiyyeen ogbarruus jijjiiramaa deema. Jijjiirama ogbarruu yeroo adda addaa mudate keessattis asoosamni akka gosa ogbarruu tokkootti uumamee yeroodhaa yeroottimmoo innis jijjiiramaa hanga ammaatti tajaajilaa jira. Kunis, bifoote ogbarruu keessaa tokko kan ta'ee asoosamni jijjiiramaafi guddina ogbarruun qaroomina hawaasaa wajjin agarsiisaa dhuferraa kan madde ta'uusaafi yeroo yeroottis jijjiiramaafi fooyya'aa akka jiru agarsiisa.

Akkasumas, asoosamni muuxannoofi muudannoo jireenyaa bal'inaan dhiheessuuf ga'umsa waan qabuuf seenaa guddina ogbarruu keessatti akka bu'aa guddaatti fudhatama. Yaada kana, Tashoomaafi kaawwan (2002,f.7) yeroo ibsan, "Asoosamni jireenya hawaasummaa haala gammachiisaa ta'een bal'inaan ibsuuf humna qaba. Mudannoolee adda addaa dhala namaa mudatan dhiheessuu ni danda'a."jedhu.

Kanaafuu, asoosamni yeroo ammaa bifoote ogbarruu hawaasaa hedduu keessatti tajaajila bal'aa kenna jiran keessaa isa tokko ta'uu danda'ee jira. Hawaasni Oromoos tajaajilamtoota yookiin fayyadamtoota bu'aa kanaa keessaa isa tokkodha. Garuu, asoosamni Oromoo haala barbaadamuun guddateefi babal'atee waan hinjirreef bu'aan isaa quubsa miti.

Hawaasni Oromoo akkuma hawaasa kamiyyuu ogbarruu mataasaa kan qabu haata'uyyuu malee, dhiibbaa siyaasaa bara dheeraaf irra tureen guddinni ogbarruu isaa kan boodatti harkifatedha.

Dhimma kana, Asafaa (2009,f. 44) yeroo ibsu, “Dhiibbaa jaarraa tokkoon ol Oromoorra tureen Afaan Oromoo barachuufi barreessuun, qorannoo deemsisuun waan yaadamu hinturre.” jedha.

Akkasumas, Tashoomaafi Kaawwan (2002,f. 36) yaaduma kana yeroo ibsan, “Afaan dhalootaa hedduufi seenaa bara dheeraa qabu ta’ullee hanga kufatii Dargiitti afaan barreeffamaa hinturre. Afaan hojiiifi afaan barnootaas hinturre. Akka ittiin hinbarreeffamne, hinbaratamneefi hindubbatamne kan mootummaadhaan seerri itti tumame Afaan Oromoo qofa ture.” jedhu.

Afaan Oromoo, afaanota Afriikaa keessatti bal’inaan dubbatamaniifi dubbattoota hedduu qaban keessaa isa tokko ta’ee osoo jiruu, sababaa dhiibbaa siyaasaatiin guddinnisaa quucaree afaan ogbarruu, afaan barreeffamaa, afaan barnootaa, afaan hojiiifi afaan qorannoon ittiin adeemsifamu osoo hinta’iin umurii dheeraa lakkoofsisuu danda’eera. Yaada kanas, Asafaan (2009,f.55) Bulcha (1994) wabeeffachuun, yeroo ibsu akkas jedha: Afaan Oromoo Hawusaa (Nigeria)-tti aanee sahaaraa gaditti afaan bal’inaan dubbatamu. [Keeniyaa]fi [Somaaliyaa] keessattillee indubbatama. ...Gaanfa Afriikaa keessatti uummata miliyoona soddoma oliin yaa dubbatamu malee akka bal’ina isaa hinqoratamne. Afaan Oromoo afaan Qorannoo, afaan ogbarruu / barreeffamaa tahee guddachuu hin dandeenye.

Kanaafuu, ogbarruun Oromoo bara dheeraaf hacuucamaafi cunqurfamaa waan tureef haala barbaadameen guddateefi babal’ateef hawaasa isaaf bu’aa buusuu hindandeenye. Sababa kanarraa kan ka’e, ogbarruun Oromoo mul’achuu kan eegalellee yeroo dhihootii as akka ta’e qorannoowwan gara garaa ni ibsu .

2.2. Gooroowwan Og barruu

Barreesitoonni adda addaa ulaagaa garaagaraa irratti hundaa’uun ogbarruu bakka adda addaatti qoodu. Bu’uurama kanaan Jecha 'literature' jedhuuf ogum jedhu Asafaa Tafarraa kitaaba isaa Eela keessatti ibseera; ogummaan waan barreeffame bakka bu'a. Waantonni barreeffaman, asoosamni, walaloon, diraamaan, al- asoosamni, barreeffamoonni saayinsii, seenaa, gabaasa, xala yaalee, galmee yaadannoo dhuunfaa, seenaa dhuunfaa ogummaa jalatti ramadamu. Ogbarruun hojii kalaqaa barreeffamanii argaman kanneen akka asoosamaa, ogwalaloo, diraamaafi fiilmii ka ofkeessaatti haammatuudha . Dastaa (2011).

Yaada armaan olii irraa kan hubataamu Og-barruun bakka lamaatti kan qoodamu yommuu ta’u, Og-barruu barreeffamaafi Og-barruu Afoolaati.

2.2.1. Ogbarruu Barreeffamaa

Og-barruun barreeffamaa, kalaqa sammuu ilma namaa barreeffamaan jiru hunda hammata. Askeessatti wanti hubatamuu qabu, ogbarruun waan barreeffamee jiru hunda osoo hin taane, waan kalaqa sammuu dabalatu qofa. Innis, ulaagaa ittiin kaanirraa adda ta’u qaba. Jalqabumarratti, bifa midhagina qabuun sammuu namaa hawwachuu akka danda’utti mijeeffamee kalaqama. Haa ta’u malee, barreeffamoonni miidhagina qaban hundi ogbarruu ta’u jechuu miti. Barruuleen dhugaa himan kanneen akka gaazeexaa, kitaabilee barnootaa, barruuleefi birooshariin adda addaa hammam miidhaganillee ogbarruu miti. Sababni isaas, dhugaa jiru kallatiin gabaasu. ogbarruun garuu, dhugaa addunyaa irraa maddullee, kalaqa sammuu dabalachuu qaba. Garuu, dhugaa himuuf hin dirqamu.

Dhugaa sana dabsee himuu danda’a. Barreessitoonni adda addaa haala adda addaatiin ogbarruu barreeffamaa ni qoodu isaan keessaas, Birhanun (2009, f.12) akka armaan gaditti ka’a.

“Literature may be classified in to four categories. These are prose fiction, poetry, drama, and non-fiction. The first three are classified under imaginative literature. Non-fiction on the other hand, includes news-reports, feature articles, historical and biographical works and the like, all of which describe or interpret facts and present judgments and options”

Yaada armaan olii irraa akkuma hubatamutti ogbarruun garee afuritti qoodamuu nidanda’a. Isaanis: asoosama dhangala’aa, walaloo, diraamaafi alasoosama. Kanneen jalqabaa sadan ogbarruu arga yaadaan kalaqaman jalatti ramadamu. Alasoosamni immoo barreeffamoota dhugaa himaniifi murtoo ibsan of jalatti hammatu. Isaanis, kanneen akka galaalchawwan, barruulee, barreeffamoota seenaa, seenaa namootaafi afseenaawwanada addaa ta’uu danda’u.

Barreeffamni tokko Og-barruu barreeffamaati yommuu jennu barreeffamni sun yaada qabatamaa ta’e tokko akkuma jirutti kan gabaasu osoo hin taane barreessaan addunyaa haaraa uume haala ajaa’ibuun Og-barruu jalatti kan dhiyaatudha. Haaluma kanaan barreeffamoonni Og-barruu jalatti qoodaman: asoosama dheeraa; asoosama gabaabaa, Ogwalaloo, doyyiifi Kan kana fakkaatani dha. Tafarii (2008)

Ogbarruun jechoota miidhagina gonfataniin dhiyaachuun kan jiruufi jireenya hawaasa tokkoo afaaniifi barreeffamaan kan calaqqisiisu ta'usaa Warquun (2002,f.5) Chaad Wiiksi (1940) wabeeffachuun ibserraa nihubatama. Kana jechuun, kan jechoota miidhagina gonfataniin afaaniin daddarban afoola yoo ta'u, kan barreeffamaan dhiyaatan immmoo, ogbarruu barreeffamaa ta'uu ibsa. Sirbi sanyii ogbarruu barreeffamaa ta'usaa armaan olitti ilaallee jirra. Kanaafuu, Afoolaas ta'e asoosamni sanyii obgarruut jechuun nidanda'ama. Sirbi umurii dheeraa qabaatee jiruufi jireenya hawaasaa afaaniin ibsaa tureera. Hat'u malee, ogbarruun barreeffamaa erga ilmi namaa sirna barreeffamaa uumee itti fayyadamuu eegalee waan jalqabeef akka afoolaa jiruufi jireenya hawaasaa ibsus umuriinsaa dhiyoo ta'uunsaa ni hubatama. Kanaafuu, sirbi ogbarruu barreeffa maatiif bu'uura jechuun ni danda'ama.

Hariiroo ogbarruu barreeffamaafi afoolaa ilaalchisee Warquun (2001, f.5) yoo ibsu, Uummama ogbarruuf bu'uurri afaani (language) malee barreeffama miti, walitti dhufeenyi ogbarruufi barreeffamaa waan akka tasaatti ta'edha malee ummamaan mitijedha. Akkasumas, ogbarruun barreeffamaa (written literature) kan dhufe boodarra ta'uusaafi osoo barreeffamni hinjiraatiin afoolli jiraachuusaa dubbata. Yaadni kun umuriin afoolaa umurii afaaniin kanwalqabatu ta'usaa waan ibsuuf ilmi namaa erga afaanii waliigaluu eegalee ogummaa ittiin wal ceepha'ee walisirreessuufi dubbatee ittiin waliigalu akka ummate nama agarsiisa.

Sirni barreeffamaas yeroo dhufu, wanta ogbarruu afaaniin dubbatee ittiin jiruufi jireenyasaa ibsataa ture kana barreeffamaan akka dhalootaaf darbu waan tassisaa tureef hariiroon isaanii itti yaadamee akka hintaane agarsiisa. Yaaduma kanaarraa ka'uun barreessitoonni afoolota kanneen barreeffama keessatti fayyadamuun barreessu. Kana kan dhugoomsu seenaa Ogbarruu Barreeffama Afaan Oromoo yeroo ilaallu, Afaan Oromoo yeroo jalqabaaf barreeffamaan yeroo mul'atu biyyoota akka Jarmaaniifi Faransaay keessatti ijoollee Oromoo sababa Dandaala Garbaan gurguramanirraa raga funaanuun hayyoonni kan barreessanii har'a seenaa Ogbarruu barreefa Oromoo keessatti iddoo guddaa qabu afoolota ta'uunsaa Wasanee (2008) ibsee jira.

2.2.1.1 Faayidaa Ogbarruu Barreeffamaa

Akkuma armaan dura kaasuuf yaalametti barreessitoonni ogbarruu afoolota qabiyyeen isaanii kan hawaasa ta'an kanneenitti fayyadamuu yeroo barreessan mul'atu. Sababoota barreessitoonni afoolatti fayyadaman adda baasanii kaa'uun ulfaataa ta'uufi lamaanuu ykn ogbarruun baay'ee kan walitti siqan ta'uusaa, Dundes (1965,f.37) yeroo ibsu, *Here we see no fewer than three problems arising from three different kinds of relationship. (1) folklore is, in many cultures, indistinguishable from literature; (2) literature contains elements borrowed from folklore; and (3) writers have imitated folklore* jechuundubbata. Yaanni Alen Dandus kun hariiroo ogbarruun kan ittiin adda baasnuu waan sadiin ala ta'uu akka hindandeenye ibsuun, aadaa hawaasa kamiyyuu biratti fooklooriin ogbarruurraa adda bahee ilaalamuu dhabuusaa, ogbarruun firiiwwan fookiloorii ergifachuusaafi barreessitoonni fookiloorii fakkeessuuf (imitate) waan yaalaniif akka ta'e ibsa.

Garuun, hariiroo ogbarruun barreeffamaafi afoola gidduu jiru kun akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalame asoosamni bifa miidhagina qabuun addunyaa uumamaa kana keessatti bu'aa bahii jiruufi jireenya hawaasaa muuxannoo hawaasichaatti fayyadamuun bifa fudhatama argachuu dandahuun sadaan bocee barreeffamaan waan dhiyeessuuf; afoolli ammoo, dhugaa hawaasaa kana qabatamaan waan ibsuuf barreessitoonni asoosamaa afoolatti akka fayyadaman nama hubachiisa.

Kun ammo, barreessitoonni asoosama afoola fakkeessuuf fayyadamuu isaanii agarsiisa. Sababiin isaas, afoolliifi ogbarruu barreeffamaa amaaloota walfakkaataa waliin qooddatan qabaachuusaan irraa waan madduuf.

Yaada kana kan deeggaru odeeffanoon toora <https://www.fererence.com/art-literature/oral-literature> argame yeroo addeessu, *...Oral literature and written literature share similar characteristics, including the need to use heightened language and literary techniques such as alliteration, flashbacks, foreshadowing, narrative hooks and plot twists* jechuun ibsa. Yaadni kunis amaloonni isaan waliin qooddatan kunniin filannoo jechoota afaaniifi maloota ogbarruu kanneen akka irra deddeebi, miluu, ibsa ykn raga fulduraa, seenaffamootaafi yaa'a adda adda fayyadamuurratti. Kun ammoo akka barreessitoonni walkeessa isaan fayyadaman tassisuu

dandaha. Akkuma Dundes ogbarruunfiriiwwan fookiloorii ergifachuun fayyadama kan jedhes kanuma mirkaneessa.

2.2.1. 2. Gooroowwan Ogbarruu Barreeffamaa

Og-barruun barreeffamaa gooroowwan garaa garaa qabaachuun isaa beekamaadha. Isaanis: asoosama, diraamaa, weeshoo, og-walaloofi kanneen kana fakkaataniidha. Kanneen keessaa qorannoo kana waliin waliitti dhufeenya kan qabu og-walaloodha.

2.2.1. 2. 1. Asoosama

Asoosamni dameewwan ogbarruu keessaa tokko ta'ee tooftaa barreessuu namoonnidhugaa irratti hundaa'uun kalaqa sammuu isaanii baasanii ittiin mul'isaniidha. Asoosamni kalaqa sammuu dhala namaa ta'ee, addunyaa dhugaa bakka bu'a jedhamee, haala miira namaa (dubbisaa) harkisuu danda'uun kan barreessaan uumame dha.

Asoosamni daawitii jiruuf jireenyaa kan namootni hundi keessatti of ilaalani dha. Kunis asoosamni suuraa jireenyaa ta'ee, suuraa jireenyaa inni mul'isu qabatamaa ta'uu qaba. Amalli asoosamaa inni bu'uura suuraan jireenyaa inni mul'isu qabatamaa ta'uu dha. Dabalataanis asoosamni fakkii lubbu-qabeessa yaadni sammuu barreessaa keessaa madde ykn gochaalee dhuguma raawwataman barreessaadhaan uumamanii mudannoofigochaalee adda addaa seenessuuf kan gargaaru dha. Amalaafi gochaalee dhala namaa bu'uura waan godhatuuf haqa fakkaata. Waa'eeasoosamaatiin walqabatee, Fedhasaa (2013:67) yoo hiiku, "Asoosamni ergaayaada barreessaan kalaqamee suuraa jireenyaa keessatti kaasee kan mul'isuudha." Akkayaada kanaatti, muudannoofi mufannoo namni tokko haala jiruufi jireenya isaa keessatti mul'isuuf sammuu barreessaa keessatti kalaqamee bifa itti dhihaatuudha.

Karaa biraatiin ammoo, asoosamni dhugaa hawaasaa keessatti bu'uureffachuun kalaqaa sammuu barreessaa kan dabalatuudha. Dabalataanis, Asafaa (2009:125) yoo ibsu, "Barreessaan asoosamaa tokko, dhugaa jiru irratti hundaa'ee amala sansakkaa (personality) hubannoofi kan kana fakkaatan namoonni hawaasa keessatti qaban sana qooddattootatti uffisee ergaaisaa kan dubbistootaaf ittiin dabarsuudha." Jedha. Yaadni kun kan nu hubachiisu asoosamni dhugaa bu'uura godhachuun seeneffamuu akka qabu dha.

2.2.1. 2.2. Caacculee Asoosamaa

Caacculeen ykn ruqootni asoosamaa wantoota asoosama tokkoof murteessoo ta'an ykn wantoota asoosamni tokko irraa ijaaramu dha. Yaada kana Fedhasaa (2013:68) yoo ibsu, ruquulee kanneen hubachuun asoosama barreessuufis ta'e, xiinxaluuf hedduu barbaachisadha, jedha.

A. Caasaa seenaa

Caasaan seenaa tooftaa barreessaatiin qindaa'ee, diddaa qooddattoota walmorman gidduu jiru, falmiifi gadoon kan fidu, fiixaa gochaa, adeemsaafi bu'aa isa dhumaa agarsiisa. Yaadni dhiyaatu hundinuu sababa qaba. sababni ammoo akkaataa yaanni sun itti dhumatuu qabu kakaasa. Seenaan asoosama tokkoo ammoo gammachiisaa, gaddisiisaa ykn walmakaa ta'uu danda'a. Seenaan ta'iinsotaa tartiibaan dhiyeessa. Ta'iinsota walduraa duubaan dhufan tokko lamaan kaasee buusa. Dubbisaan asoosama tokkoo ta'iinsa gara fuula duraa jiru baruuf gaaffii, "sanaa booda hoo?" jedhu ofgaafachuu qaba. Caacculee asoosamaa keessaa Zarihuun (2004:154) maalummaa seenaa yoo ibsu, seenaan asoosama tokkoof isa jalqabaafi isa bu'uuraati jechuun kaa'a.

B. Jaargocha

Ijaargochi akkuma maqaan isaa ibsu ijaarsa gochootaa jechuu dha. Gochaatu duraa duubaan ijaarama. Waldiddaatu sababa tokko irraa ka'ee walxaxaa deema. Sanatu onnee namaa rarraasa. Jaargochi utubaa seeneffama tokkooti. Walitti bu'iinsa raawwilee sababa quubsaa irratti hundaa'anii ykn ijaarsa gochaa kanneen sababaafi bu'aa qabaniiti. Seenessakeessatti ta'iinsonniifi gochoonni akkasumaan walitti hin dabalamani. Isa duubaafi isa duraa akkaataa walitti hidhuun danda'amutti dhufa. Kana jechuun inni tokko isa biroof sababa ta'ee, seenaan dabalamaa deema jechuudha.

C. Namfakkii

Namfakkiin namoota asoosama keessatti maqaan moggaafamee, akkuma namoota addunyaa dhugaa irra jiranii, amala namoota adda addaa gonfatanii, addunyaa asoosamaa keessa kan jiraataniidha. Yaada kana Harry Shaw (1905:7) yoo jabeessu, "*In literature character has several other specific meanings. Notably that of a person represented in a story, novel play and etc.*" jedha. Yaada kanarraas wanti hubatamu hojii ogbarruu keessatti bakka bu'ummaa namoota addunyaa dhugaa kanarraa fudhachuun fakkaatanii gochuufi seenaa asoosamaa, diraamaafi taphoota keessatti ga'ee olaanaa qabaachuu isaanii hubanna. Itti dabaluu Kirszerfi Mandell

(1994:189) maalummaa namfakkii yoo kaasan “*a character is a functional representation of a person usually psychologically realistic depiction of a person,*” jedha. Akka yaada kanaattis, fakkaattotni namoota jiranitti fakkeeffamuun kan uumaman malee dhugaan namoota addunyaa kanarra jiran akka hintaaneedha. Namfakkiin asoosama tokkoo akkuma namoota addunyaa dhugaa irra jiranii kan wallolan, kan waljaallatan, kan michooman, kan walfuudhan, kan walgowwoomsan, kan walgidirsaniidha. Gochaa namfakkiiwwaan asoosama tokkoo hawaasa keessa hedduu isaanii barbaadani arguun nidanda’ama. Haa ta’u malee, foonii fi lubbuu namfakkiiwwanii addunyaa dhugaa (hawaasa) keessaa barbaadani arguun hin danda’amu. Namfakkiiwwan hirmaannaa asoosama keessatti qabaniin bakka lamatti qoodamu. Isaanis: Namfakkoota gurguddoofi namfakkoota xixiqqoo jedhamu. Namfakkiiwwan gurguddoon asoosama keessatti hirmaannaa olaannaa kan qaban yoo ta’an, namfakkiiwwan xixiqqoon immoo namfakkoota gurguddoo tumsuuf yeroo barbaadamanitti kan dhufani dha.

D. Diddaa

Caacculee asoosamaa keessaa tokko waldiddaadha. Hayyootni garagaraa diddaaf hiika adda addaa laatu. Akka Shaw (1976:91) ibsutti diddaan gocha diraamaa ykn asoosama keessa jiru irratti hundaa’ee waldiddaa namoota ykn humnoota biroo faana ta’uudha jechuun ibsa. Oxford dictionary of English (2005:362) ammoo yoo o ibsu, sadarkaa yaadaatti walitti bu’iinsa namootni fedhaafi miira isaanii waliin walhabaniidha jechuun kaa.a. Wal diddaan asoosama tokko keessatti bifa garaa garaan uumama. Wal diddaan kan uumamuu danda’u namaa fi nama gidduutti, namaa fi uumaa gidduutti, namaa fi naannoo gidduutti, namaa fi ofii isaa gidduutti ta’uu danda’a. Wal diddaan rarra’insa uummuun ijaargocha tumsa. Wal diddaan kalaqa cimaadhaan yoo qindeeffame nama dubbisu seenaa asoosamichaa keessatti akka liqimfamu human taasisu qaba. Asoosama tokko mi’eessuu ykn dhangaggeessuu kan danda’u diddaa dha.

E. Yoomeessa (setting)

Yoomeessi jechoota lama irraa kan walitti dhufe yoo ta’u, yeroofi bakka taateen asoosama tokkooitti raawwate kanibsuudha. Yaada kana toorri interneetii <https://www.google.com/search?client=firefox-b-d&q=setting+in+a+fictional+work> jedhamu cuunfee yeroo kaa’u, “The setting is both the time and geographic location within a narrative, either nonfiction or fiction. A literary element, the setting helps initiate the main backdrop and

mood for a story. ... Elements of setting may include culture, historical period, geography, and hour” jedha. Akka yaada kanaan ifetti yoomessi yeroofi iddo raawwii ta’eewwan hojiilee asoosamaafi alasoosamaa ta’uu isaati. Kana malees, aadaa, seenaafi ta’eewwan yeroo keessatti irra caalmaan yaadataman of keessatti haammata.

F. Ramaddii (Ija dubbii)

Iji dubbii caaccuu asoosamaa keessaa isa tokkoodha. Iji dubbii asoosama gosa garagaraa qaba. Gosti ija dubbii inni jalqabaa, ija dubbii waan hunda beekaa jedhama. Iji waan hunda argu kun sammuu namfakkootaa keessa seenuun, waan namni tokko yaaduufi itti dhaga’amu baasee seenessa. Wanti isa jalaa dhokatu hinjiru. Iji dubbii asoosamaa kan biroo, ija akdiraamaa jedhama. Iji akka diraamaa osoo iji waa hundaa argu seenee hingabaabsin namfakkootuma gidduutti waliin dubbii godhuun raawwatama. **Maalummaa ija dubbii ilaalchisee toorri interneetii** <https://www.google.com/search?client=firefox-b-d&q=point yoo ibsu>:

Point of view is essentially the eyes through which a story is told. It is the narrative voice through which readers follow the story's plot, meet its characters, discover its setting, and enter into its relationships, emotions, and conflicts. Point of view allows readers to experience the story as it unfolds Yaada kanarraa wanti hubachuu dandeenyu iiji dubbii asoosamaa kan dubbataan (namfakkiin) ittiin of waamu ta’uu isaati.

G. Qalbi-rarraasoo(suspense)

Qalbi-rarraasoon caaccuu asoosamaa keessaa tokko ta’ee, asoosama tokko keessatti osoo kun kanata’ee jedhanii yaaduu (hawwu) dha. Yaaduma kana toorri interneetii <https://www.google.com/search?client=firefox-b-d&q=Suspense jedhu yoo ibsu>, “In a dramatic work, suspense is the anticipation of the outcome of a plot or of the solution to an uncertainty, puzzle, or mystery, particularly as it affects a character for whom one has sympathy. However, suspense is not exclusive to fiction,” jedha. Yaada kana irraa kan hubatnus, qalbi rarraasoon tilmaama fuulduree erga hojii ogbarruu tokko dhaggeeffannee ykn dubbisnee booda gara yaada keenyaatti dhufuudha.

H. Mil’uu(flash back)

Mil’uu(yaadachiisni) caaccuu asoosamaa keessaa tokko ta’ee asoosama tokko keessatti waan hojjetame yaadaan keessa deebi’anii ilaaluu dha. Maalummaa mil’uu toorri interneetii

<https://www.google.com/search?client=firefox> **b-d\$Q=** Flash+backs jedhu yoo ibsu, Flash backsin fiction are simply scenes from the past. If a story begins at Point A and finishes some time later at Point Z, a flashback is a scene that happened before Point A, usually many years before. ... In exposition, you tell the readers something about a fictional character's past. Akkaataa yaada kanaan yaada kanaan taa'etti ammoo mil'uun duuba deebi'anii waan darbe ilaaluun ta'ee hojii ogbarruu tokko keessatti mul'ate waliin walcina qabuun walqabata.

I. Walqabsiisuu (allusion)

Walqabsiisuun ruuqota asoosamaa keessaa tokko ta'ee ta'ii beekamaa irraa ykn hojii afuuraarraa gocha yeroo ammaa waliin walqabsiisanii ibsuudha. Toorri interneetii <https://www.google.com/search?client=firefox-b-d&q=allusion+in+a+fiction> jedhamu yaada kana yoo kaasu, "Sometimes it's easier for a writer to explain an idea by making a reference to a famous story, person, event, or object. This reference is called an allusion, and in this lesson, you will learn what an allusion is and read several examples from literature," jedha. Itti dabaluu akka kitaabni Afaan Oromoo qajeelcha barsiisaa kutaa 12^{ffaa} (2005:97) ibsutti, "*walqabsiistuun: seenaa, ogbarruu, afoola,hojii afuuraa(amantii)fi kkf. irraa walqabsiisuun yaada amma dabarsuuf barbaadame tokko dabarsuu jechuudha,*" jechuun kaa.a.

J. Dubfakkii

Dubfakkiin(duubbiinsookaa) gocha Oromootni jechoota duubaan icciitii qabanitti dhimma bahuun ergaa dabarfataniiidha. Dubfakkiin firiiwwan afoolaa keessa isa tokkoodha jechuun (Wiirtuu 1993:7) ibsee jira. Amala asoosama keessa inni tokko ammo asoosamni, dubfakkii ykn dubbii qolaan kan guutame ta'uu isaati. Dameen afoolaa kun kan uummatni Oromoo jaarraa hedduuf dhimma itti bahaa tureedha. Uummatni Oromoo yeroo sirna barreeffamaa hin qabnetti tooftaa kanatti fayyadamuun dhaloota qaraa turuu isaa ragaaleen adda addaa ni eera. Ittuma dabaluu birkiilee afoolaa kanneen dubfakkiin miidhagan keessaa waa sadiin isa tokko. Wiirtuu 1993:15)

2.3 Yaad-rimee Sirnaa

Seenaa as dhuftee sirnaa yemmuu ilaallu, yaad-rimeewwan ijoon beektonni hedduun keessa dhidhimanii argaman ni jiru. Sirni garaagaraa kun gadi fageenyaafi xiyyeeffannoo sadarkaa adda addaa qabu. Akka fakkeenyaatti namni Collin (2004, f. 94) jedhamu sirna yoo ibsu, "Ideology as

a set of basic ideas about life and society, such as: religious or political opinions. In addition the power of ideology in shaping individual's life and organizing society's mental set up to a certain point of convergence is well stated." Yaada kana irraa kan hubannu, sirni tuuta yaadota ijoo waa'ee jireenyaafi hawaasaa kanneen akka, amantaafi siyaasaati. Dabalataan ga'een sirni jireenya dhuunfaa bocuufi haala sammuu hawaasa tokkoo qabxii tokko irratti akka xiyyeeffatamaniif gargaaruu akkasumas, hanga gareewwan caasaa qaban kan akka dhaabbilee amantaafi siyaasaa qajeelchuutti kan deemuudha.

Gama biraan, Sirni ilaalcha nuti addunyaa keessa jiraannuuf qabnu kanneen akka sirna siyaasaa, dinagdee, hawaasummaa, akkasumas dhaabbilee hawaasaa garaagaraa keessatti qabnuun ibsamuu danda'a. Yaada armaan olii kana North (1981, f. 49) yoo ibsu,

Ideology is an economizing device by which individuals come to terms with their environment and are provided with all a world view so that the decision making process is simplified. Ideology is in inexplicably inter woven with moral and ethical judgements about the fairness of the world, the individuals perceives.

Akka yaada kana irraa hubachuun dandaa'amutti, Sirni safartuu dalaga namni tokko jiraachuuf naannoo kessatti godhamuufi akkaataa namni ilaalcha addunyaaf murtii godhu itti kennu kan godhuudha. Kana malees, akkaataa namni mirgaafi dirqamasaa beekke walabummaan murtii addunyaa keessa jiru ittiin hubatuudha.

Kana malees, Eagleton (1991, f.10) waa'ee sirnaa yoo ibsu, "It is common for sociological discussions of ideology to begin by acknowledging , if not bemoaning, the plurality of different ways of using the term ideology." Yaada kana irraa kan hubannu, Sirni yaada tokoof beekamtii kan kennu yoo ta'uu baate, gubiidhaaf saaxilamuudha jedhee ibsa. Kanaaf, sirna jechuun namni tokko yaada siyaasa biyyi tokko qabdu irratti dhuunfaan kan inni itti kennuudha. Kana jechuun immoo, sirni ka'umsa yaadaati jechuudha. Sirnatti fayyadamanii yaada hubannoon isaa cimaa ta'e addunyaa qabatamaa hin taane (abstract world) jireenya qabatamaa hawaasaa yoo ibsan, akkuma kana asoosamni addunyaa dhugaa qabatamaa hin taaneen jireenya qabatamaa addunyaa dhugaa kana yookiin taatee qabatamaa hin taaneen jireenya qabatamaa ibsu. Kanarraa wanti hubatamu, sirni yaada hawaasaa kan aguuguudha. Dabalataanis, xiinxaltootni siyaasaa sirni akkaataa itti teessoo itti argataniidha jedhu. Kanaafuu, namni dhimma adda addaa irratti walmormuu dandaa'a. Haa ta'u malee, kallattiin nama sanaan mormuu osoo hin taane, kan mormamuu qabu yaada inni qabatee jiru sana jechuudha.

2.4. Gosoota Sirnaa

Sirni galteewwan adda addaa keessaatti hiika mataa ofii kan qabaatu yoota'u, haala jiruufi jireenya ilmaan namootaa keessaatti sirni garaa garaa akkuma jiru hojiin kalaqoota dhala namaas sirnoota adda addaa haala jiruufi jireenya dhala namaa keessaatti waljijjiirani irraatti akka xiyyeeffataani beekamaadha. Asoosamnis, hojii kalaqa ilmaan namootaa yommuu ta'u, sirnoota adda addaa haala jiruufi jireenyaa ilmaan namootaa keessaatti wal gegedaraniin kan dabaalamaniidha. Kanarraa ka'uudhaan gosoota sirnaa Asoosamoota keessaatti mul'achuu malan qorataan akka armaan gadiitti sakatta'eera.

2.4.1. Sirna Bulchiinsaa

Gurmuu hawaasummaa keessatti wantoota namaaf barbaachisan keessaa tokko bulchiinsa. Sirni bulchiinsaa ilma namatiif baay'ee barbaachisaadha. Bakka seerri bulchiinsaa qajeelaan uummatni ittiin ofbulchu hinjirreetti bilissummaan, nagaafi tokkummaan akkasumas misoomni jiraachuu hindanda'u. Saboota yeroo dheeraadhaa kaasani seera ofii tumatani ittiin bulaa turan keessaa tokko saba Oromooti. Sabni Oromoo dhimmoota Bulchiinsaafi Siyaasaa Jaarraawwaan darbanii hanga ammaatti Yoo ilaallee Seenaa Jaarraa dheeraa mataa isaa akka qabu beekamaadha. Yaada kan Dirribii (2016:189) akka ibsutti, Sabni Oromoo bara durii jaalqabee sirna ittiin of bulchuu qabaachuu isaa raga seenaa hedduutu jira. Dabalataanis ragaan toora interneetiirraa argame tokko VOA Aafaan Oromoo-com/a/267646.htm/akka ibsutti uummanni Oromoo durii kaasee sirna Gadaatiin of ijaaree birmadummaan jiraachaa ture. Alaabaan halluun isaa gurraacha, diimaafi adiin jifaarame seenaa, eenyummaafi maalummaa mootummaa Gadaa Oromoo mallatteessa.

Uummanni Oromoo inni bara dhibba shan duraa eegalee duulli hangana hinjedhamne karaa aadaa, amantii, qorqalbii, Siyaasaafi Dinagdee irratti godhamaa tureefi bara dhibba tokkoofi walakkaas immoo diinaanis, cabee, roorroo alagaatiin harkaa miilla hidhamee, afaan canaalamee akka wallaalaa doofaafi dadhabaatti ilaalamaa jiru, kun uummata bara kuma hedduuf ofdanda'ee Sirna bulchiinsaa, amantaafi dhaha (calendar) mataa ofii kalaqee ittiin jiraataa tureefi qabeenya aadaa guddaa qabuudha jedha. Yaadni kun kun kan nu hubachiisu sabni Oromoo duudhaa ofii isaa akka qabuudha. Duudhaan kun sirna ittiin ofbulchu ammoo Sirna Gadaa jedhama. Sirni Gadaa Sirna bulchiinsa biyyattii keessaa isa fooyya'aafi madda Sirna diimokiraasii ta'ee ibsama. Dabalataanis, Dirribii (2016:189-190) yoo ibsu, osoo Oromiyaan miila alagaatiin hindhiitamin

dura, sabni Keenya karaa hundaan walqunnantiifi wajjin jireenya isaa seeraan qajeelchaa ture. Abbaafi ilma, angafaafi quxisuu,abbaa manaafi haadha manaa gidduu walitti dhufeenyi jiru safuufi sera qaba ture sadarkaa xiqqaa kanaa hanga sadarkaa biyyaatti walitti dhufeenyi jiru seeraafi heera adda addaatiin gaggeeffamaa ture. Bulchiinsi, filmaanni, lolli, araarii, amantiin, safuufi aadaan walumaagalatti wantootni kana fakkaatan heeraa fi seera ittiin ilaalaman qabu ture jedha. Yaadni kun kan nu hubachiiu ka'umsi bulchiinsaafi siyaasa oromoo ittiin bulmaatni isaa jalaa ol ykn xiqqaa gara guddaa jchuunis maatii irraa gara biyyoolesaatni deema jechuudha. Haata'u malee dhiibbaa uummaticha irra ga'een sirni bulchiinsaafi tokkummaan isaa diigamee Oromoon akka gosa garagaraa qabaatu taasiseera.

kitaaba seenaafi sirna gadaa oromoo maccaa hanga jalaqaba jaarraa 20ffaatti(2015:13) akka ibsutti,oromoon dame saboota kuush keessaa isa bal'aafi uummata lafa bal'aarra dagaage jiraatuudha. Haaluma bal'inaafi guddina ummataatiin Oromoon gosoota damee hedduu qaba.Isaanis Maccaa fi Tuulama, siikkoofi Mandoo(Arsii) Gujii, Sabboofi Goona (Boorana) Ittuufi Humbanna, Raayyaafi Azeboodha jedha.Yaadni kun kan nu hubachiisu Oromoon damee(gosa) hedduu qaba malee, qacceen (hundeen) isaa tokkichuma ta'uu isaati.Karaa biroo ammoo muutumootni aangoo isaanii tursiisuuf olaantummaa saba tokkoo faarsuun mufannaa gidduu uummataatti uumeera.Yaada kana Abbaa Duulaa(iv) yoo ibsu, Seenaan keenya cinaacha gaarii qofa osoo hinta'in walitti dhufeenya uummataarratti mallattoo fokkisaa dhiisee darbeera. Kunsii gama tokkoon giti bittoota uummata tokko keessaa bahan uummattoota kaan irratti cunqursaa humnaan fe'uuf sochii bal'aa godhii fi cunqursaan kan uumame yammuu ta'u karaa biraa ammo sababa immaamata gita bittootaaf uummata walitti naquufi gargar qooduun bituuf qaban irraa adda addummaa fi shakkii uumameedha.

Karaa biroo ammo baraa baratti aangoon saba tokko qofa harka akka turuuf aangoon waaqa irraa nuuf kenname jechuun ummatni akka abdi kutee taa'ee waa'ee aangoo akka hin kaatneef kallattii garaa garaan ummatattii himu.Yaada kana abbaan duulaa (1996:V)Yoo ibsu barreessitoonni seenaa sirnafi duudhaa duraanii,uummata bal'aa gara booatti dhiisuun umurii gita bittootaa dheeressuuf,aangoon giti bittaa waaqaan akka isaaf kenname fakkeessuuf waan danda'an cufa raawwataniiru.Yaadni kun kan nu hubachiisu mootummootni abbaa irree duraanii,tooftaa (ajandaa) garaa garaa bocuun olaantummaa isaanii lallabaa turaniiru. Tooftaan mootummaa abbaa hirree saba Oromoo ittiin bituuf karoorse keessaa tokko eenyummaa isaa bal'eessuudha.

Yaada kana Dirribii(2016:494) yoo ibsu,dhaloota kiristoos dura,bara impaayera Roomaa irraa eegalaanii,saba shororkeessaan qabame tokko eenyummaa isaa balleessanii liqimsuuf wal fuusisanii eenyummaa isaa balleessuu” jedhu qabu. (Assimilation policy). Namni uumamaan eenyummaa ofii waan jaallatuuf imaammanni assimilation policy jedhu kun akka yaadametti hin milkoofne. Kanaaf wal fuudhuun mirga hiree ofiin murteeffachuu nama hin dhorku. Fakkeenyaaf uummanni Aljeeriyaafi liibiyaa lamaanuu afaan arabaa dubbatu,amantii Islaamaa hordofu,daangaa dheeraa waliin qabu walis fuudhaa jiru. Taatullee lamaanuu mootummaa mata mataatti qabu

Dabalataanis uummatni yukireenii fi Raashiyaa amantii kiriistaanaa hordofu, daangaa dheeraa waliin qabu;lamaanuu faranjiidha waggaa dhibbaa lamaafi shantama caalaa mootummaa Impeereyaa Raashiyaa jalatti waliin turaniiru,wal fuudhaniis wal keessa jiru garuu lamaanuu mootummaa mata mataatti qabu.Kanaaf Oromoofi Habashaan ykn sabootni Itoophiyaa waanuma wal fuudhaniif saba tokko ta’uu qabu jechuun sirrii miti jjechuuudha.

2.4.2 Sirna fayyadama Afaanii

Afaan meeshaa walii galtee ta’uu irra darbee ibsituu aadaafi mallattoo eenyummaa saba tokkooti. Jiruufi jireenyi hawaasa tokkoo afaaniin ibsama. Afaaniifi hawaasnis walitti hidhatiinsa guddaa qabu. Afaan amala namummaa qaba. Afaan akkuma namaa nidhalata niguddataa, nidu’as. Afaan dhiibbaa garaa garaan du’uu nidanda’a. Dhiibbaawwan afaan tokko akka du’u ykn quucaru taasisan karaa lamaan ibsamu. Isaanis karaa uumamaafi karaa namtolcheedha. Dhiibbaan karaa uumamaa dhufu kan akka socho’insa lafaa,hongee,hobonboleettiifi k.k.f dha.Dhiibbaan karaa nam tolchee dhufu ammo kan akka waraanaa, siyaasaa, amantaafi ilaalchaati.

Afaan oromoos bara dheeraadhaaf dhiibbaa nam tolcheen hakuucamee rakkoo keessa kan ture ta’uun isaa beekamaadha. Jijjiiramni afaan tokko irratti mul’atu bakka lamatti qoodama.

- a) jijjiirama karooraafi b) jijjiirama dirqamaa jedhamu.

Jijjiiramoota lachuu kan tokko isaan godhu liqaan jiraachuudha. Jijjiiramni karoora jijjiirama sababa qarooma baraatiin ka’u afaan tokko teknoolojii wajjiin wal simachisuuf jecha beektootni ogummaa falaasama saayinsii afaanii,yeroo ta’e jedhanii ,jecha afaan biraa walii galtee dhaan liqeeffatan ni jijjiirama. Kunis,kan ta’u yeroo moggaasa jecha meeshaafi yaada haraawaa gola afaanichaa keessatti soqaanii dhabanidha Wiirtuu JJildii-3,18:1990). Jijjiiramni afoolaa kan

mudatu sababa dhiibbaa (influence) afaan biraatii liqaan sagalee, jechoota, himootaafi haala dubbii (stylistic) fudhachuuraan ta'a. Kunis ,bifa lama qaba

(a) liqaa (an act of conscious borrowing (wardhough:1986) (b) liqaa dirqamaa jedhamu.

Liqaan inni duraa garee beektotaan murtaa'ee kan fudhatamuudha. Liqaan inni boodaa sababiiwwan adda addaatiin dhufa. Isaanis akka kanaan gadiiti.

-Yaa'a (godaana) uummataa (migration)

-weerara waraanaa (invasion)

-Sochii amantii adda addaa (Religious activity)

-Imaammata sirna barnootaa

-Sochii daldaalaa (commercial activity) tadeuz milewsk/1973:137)

Walumaa galatti dhiibbaa sochii hawaasumaa ,siyaasaafi dinagdee uummata tokko keessatti geggeeffamu irraan ni ka'a. Haaluma kanaan jijjiiramni afaan Oromoo mudachaa ture dhugaa kanarraa kan fagaate miti. Kanaafuu sababiiwwan jijjiirama afaanii armaan olitti tuqaman yeroo uummata afaan sana dubbatu mudatan, akka beekaan peeter Trudgill (1990:7-8) jedhutti, Afaanota gidduutti walitti dhufeenya (Language contact) uumuudhaan dhiibbaa afoolaa (external factor) ni fida. Qabata kanaan, sababii dhiibbaa liqiiifi walitti dhufeenya afaan amaaraatiin (Oromoo Amharic contact) kan

ka'e afaan Oromoos hagam tokko gara boora'inaatiifi badiitti adeemaa akka ture ragaaleen seen barruu Godinaa Shawaa Kaabaa salaalee keessaa guuraman ni ibsu. (wirtuu, Jildii -3, 1990:18-21)

Yaadni armaan olii kun kan nu hubachisuu afaan dhiibbaa garaa garaatiin liqatti kan galu yoo ta'u, sababa kanaan ammoo guddinni afaan tokkoo quucaruu kan danda'u ta'uu isaati.

Yaada kana Abbaa Duulaa (1996:13) yoo ibsu, sirnoonni cunqursaa hunduu hamoowwan uummattoonni eenyummaa isaanii akka hinbeekne gaaffii keessa akka galchaniifi xinneessanii akka ofilaalan sirni godhamuu hundaa olitti baay'ee hamaafi cunqursaa hunda caaluudha.

Qabata kanaan cunqursaan sirna gita bittoota Amaaraa kanarraa ka'uun miirri uummata Oromoo akka madaawu, miirri gadi aantummaa akka itti dhaga'amu, afaansaa seenaasaafi faayidaawwan isaatiin, akkasumas amantaa isaatti akka qaana'uu gumaacha biyyaa kan taasise mara duwwaa gochuun akka ilaalu dhiibbaa yaraadha hin jedhamne gochuun isaanii ifaadha.

Itti dabalees yaada kanarraa kan hubachuu dandeenyu mootummaan habashaa uummata Oromoo bituuf kallattii hundaan qorqalbiifi namooma isaa dadhabsiisuun akka inni of tuffatee isa jalatti bulu yaalii cimaa gochaa tureera.

Gama afaaniitiin, Afaan Oromoo balleessuuf mootummootni abbaa irree dhufaa darbaan shira adda addaa gochaa turaaniiru. Afaan oromoo akka afaan Amaaraa gaditti ilaalamu gochuun mana barumsaa, mana amantaafi mana murtiitti akka hin dubbatamne ta'ee ture.

Haa ta'uu malee, afaan biyyaa tokko keessatti dubbatamu, walitti dhufeenya hawaasaafi haala jireenyaa akkasumas haala naannoo isaa calaqqisiisuu ni danda'a kanaafuu, akka saayinsiin afaanii mirkaneessutti, afaan kamiyyuu aadaafi akkaataa jireenyaa, akkasuma haala naannoo faaraan ibsuu dandeenyaan afaan guutuudha" jedhama. Kana jechuun afaan hanquun nijira jechuuf osoo hintaane afaan tokko afaan kan biroo waliin madaalamee safartuu maaliniyyuu inni tokko isa tokkorra caalaadha, miidhagaadha, jaallatamaadha, fudhatamaadha, ykn jibbamaadha, jechuun hindanda'amu jechaaf qofa (wirtuu, Jildii-3 1990:1)

Itti dabaluun yaadni kun kitaaba (wiirtuu jildii -3 1990:31) irratti akka ibsametti, kaayyoofi feedhii bu'aa siyaasa gara tokkorratti hundaa'e yoo ta'e malee, falaasama (theory) saayinsii afaaniitiin yeroo madaalamu, afaan kamiyyuu ittiin barachuu, barsiisuufis ta'e ittiin hojjechuuf yeroo barbaadamu, afaan kaanirraa salphaa ykn ulfaataa jedhanii madaaluun nidhiba. Taanan garuu dogoggora guddaa ni ta'a jedha.

Yaadni armaan olii kun kan nu hubachiisuu, afaan meeshaa waliigaltee ta'uun naannoo ibsuu dandeenyaan wal-qixa jechuun akka danda'amuufi yaada garee muraasaan ammoo afaan tokko kan biroo caala jedhanii ergama ofii dabarfachuun dogoggora ta'uu isaa nu hubachiisa.

Ergamni afaan saba tokkoo balleessuuf godhamu miidhaan isaa waan salphaa miti. Sababni isaa afaan wantoota hedduu of keessatti hammata

Afaan waa hunda ,kan itti jiraatan; jireenya jiraachuuf ammoo afuura baafachuufi yaaduun dirqama jireenyaati . Afuura baafannaan lubbu qabeeyyii birootiin kan wal fakkeessuu yoo ta'u, yaaduun garuu bakka addaatti afaan ittiin yaadaniin hojjechuun ammoo, walitti dhufeenya yaadaa, aadaafi hawaasaa cimsa (Addunyaa 2010:1). Kanaafuu afaan saba tokkoo balleessuu jechuun sabichuma balleessuu jechuudha.

Yaada armaan olii kana Dirribii (2016:476) yoo ibsu, Afaan ofitiin fayyadamuun mirga namoomaa keessaa isa duraati. Uummatni tokko akka inni afaan isaatti hinfayyadamne dhorkuun seenaa isaa aadaa isaa, eenyummaafi kabaja isaa balleessuudha. Liqimsuudhaan (Assimilation) afaan saba tokkoo balleessuun, sabni sun afaan ofitiin yaadee, waan yaada ofii hinibsamneef, beekumsa sammuu isaa irratti miidhaa guddaa fida.

2.4.3. Sirna Fayyadama Dinagdee

Dinagdeen jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti dhimma murteessaafi isa duraati. Dinagdeen hawaasa tokkoo immoo bu'uurri isaa madda galiiti. Akkuma beekamu maddi galii yookiin diinagdee uummata oromoo kan bu'uureffate qonna irratti. Qonni lafee dugdaa biyya keenyaati jedhamee dhaadheffama. Haata'u malee uummata oromoo bu'aa inni buuse quubsaa miti. Uummata rakkoo garaa garaaf saaxileera. Qe'ee isaanii irraa buqqisuun moggaatti dhiibeera. Humna isaanii qisaasessaera, qor-qalbii isaanii hubeera. WaldeYohaannisiifi kan biroo (2009:223) yoo ibsan, uummatni Oromoo biyyaa itti dhalatan keessatti, mana keessatti dhalatanii guddatan keessatti lafa dhaala abbaa isaanii irratti eenyummaan isaanii hundumtuu akka sarbamu taasifamuudhaan qaama eenyummaasaa hinbeekneefi baruus hindandeenyetti kufan jedha.

Yaada armaan olii irraa hubachuun akka danda'amu, sirni fayyadama diinagdee Oromoo eenyummaa isaa waliin kan walqabate akka ta'eefi Uummaanni Oromoo rakkoo sirnoonni gita bittaa Habashaa qabeenya isaa saamuufi eenyummaa isaa balleessuuf sirna fayyaadama diinagdee mataa ofii baafatee ittiin uummatiicha gidirsaa ture kan agarsiisu ta'uu ibsa.

2.5. Sakatta'a Qorannoo Wal-fakkataanii

Kutaa kana jalatti, qorannoowwan mata-duree kanan walitti hidhatiinsa qaban kan keessatti dhihaataniidha. Hojii kallattiin mata-duree qorannoo kana wajjin wal-fakkaatan hamma qorataan sakatta'etti hin jiran. Kallattiin wal-fakkaachuu yoo baatanis, hanga tokko walitti dhihaatu kanneen jedhaman keessaa qorannoo Qananii Baayisaa (2008) mata-duree “Xiinxala Asoosamoota Burreen Bifa Tokko Mitiifi Dibaa: Ija Yaaxxina Bifiyyeetiin” digirii 2ffaa Afaan Oromoofi Og-barruun guuttachuuf qorannoo taasifameedha. Xiinxalli taasifame yaaxxina bifiyyee bu'uureffachuun asoosamoota eeraman gadi fageenyaan dubbisuun ragaa funaaname,

qabxiilee xiyyeeffannoo yaaxxinichaa wajjin wal-simsiisuun, wal-qabsiisuun xiinxalameera. Qorannoon kun xiinxala asoosamootaan kan wal-fakkaatan yoo ta'an illee, yaadotni sirnaan wal-qabatan xiinxalamuu dhabuun isaanii garaagarummaa isaanii ibsa.

Gama biraan immoo, Taarikuu Bantii (2016) "Xiinxala Afoola Asoosamoota Afaan Oromoo Filataman keessatti" jedhu irratti kan hojjete yoo ta'u, bu'aan qorannoo isaas gosoota afoola asoosamoota Yaadani, Suura Abdii, Imimmaan Haadhaafi Jala bultii keessatti argaman yaada hayyoota adda addaa bu'uura godhachuun xiinxaluun dhiheesseera. Haa ta'u malee yaadotni sirnaan wal-qabatan hin xiinxalamne.

Kana malees, Dassaaleeny Haayiluu (2008) "Xiinxala Asoosama Yoomi Laataa? fi Kabir Waadoo Gadaa Sabboonaa Oromoo: Ija Yaaxxina Dhugummaatiin" jedhu irratti qorannoo qorannoo taasifameedha. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa asoosama lamaan keessatti dhugummaan gama hawaasummaan, duudhaafi amantaan gama aadaafi amantaan, gama aadaafi falaasama haala jiruufi jireenya uummata Oromoo asoosamoota lamaan keessatti haala kamiin akka mul'atan ibsuudha. Haa ta'u malee, sirni haala kamiin ilaalame kan jedhu irratti qorataan kun, waan xiinxale hin qabu. Qorataanis qaawwa uumame kana duuchuuf asoosama *Hawwiifi Yoomi Laataa?* Keessatti sirni haala kamiin akka ilaalaman xiinxaluun dhiheesseera.

2.4 . Yaaxxina Qorannichaa

Hojii Og-barruu tokko qeequuf yaaxxinoota adda addaatu jiru. Qorannoo tokko adeemsisuuf yaaxxina qorannoo sana deeggaru bu'uureeffachuun murteessaadha. Haaluma Kanaan, qorannoon kun qeeqa og-barruu Maarkisizimiitti dabalatee sirna asoosamoota haala gaariin xiinxaluuf mijataa kan ta'e yaaxxina falaasama siyaasaatti gargaramee jira. Yaaxxinni kun dhimmoota bu'uura siyaasaa, diinagdee, hawaasummaa ga'ee adda addaa humna diinagdeen marfamaniifi yaada falaasama bal'aafi gadi fagoo kaa'eera. Og-barruun dameewwan beekumsa biroo wajjin walitti hidhata cimaa qaba. Yaada kana Moorefi Bruder (2005, f. 165) akka ibsanitti,

Still, themes and ideas that might loosely be described as philosophical are en counted through out the world's great literature. Literature, after all personifies human perspectives, thoughts, aspirations, values and concerns. Often it is an immediate response to the current human situation and human needs.

Yaada kana irraa kan hubatamu, taatee, ergaafi yaadotni saphaatti akka falaasamaatti ibsaman og-barruu addunyaa guddicha keessatti hammatamu. Og-barruun, ilaalcha, yaada, hawwii,

sonaafi dhiphina dhala namaa itti uwwisuun ibsa. Fedhiifi haala namaa ammayyaaf deebii atattamaa kan ta'uudha. Kana malees, Og-barruun waan hundumaa caalaa sirna dhala namaa, yaadota, fedhiwwan safuufi yaaddoo qabu kan ittiin ibsatuudha. Yeroo baay'ee Og-barruun deebii battalaa haala jireenyaafi fedhii dhala namaa kennuuf fayyada. Fakkeenyaaf, gaddaafi gammachuu itti dhagaa'amu ibsachuuf. Asoosamootni filataman haala garaagarummaa qabuun kan barreeffaman yoo ta'e illee, kaayyoon walii gala isaanii sirna ofii isaaniitti gargaaramanii haala jireenya dhala namaa ibsu. Kun, kallattii gama aangoo siyaasaa, olaantummaa dinagdee, hawaasummaa, amantaa, gara-jabinaafi kanneen sirna hawaasaa keessatti calaqqisisaniin kan ibsamuudha. Haaluma kanaan Tyson (2006, f. 139) Maarkisizimiin sirna ija kamiin akka ilaalu yoo ibsu,

For Marxism, an ideology is a belief system, and all belief systems are products of cultural conditioning. For example, capitalism, communism, Marxism, patriotism, religion, ethical systems, humanism, astrology and karate are all ideologies, Though all belief systems are considered as ideologies, they are quite different in significance to human beings. Though almost any experience or field of study we can think of has an ideological component, not all ideologies are equally productive or desirable. Undesirable ideologies promote repressive political agenda.

Akka ibsa kanaatti, sirni Maarkisizimotaaf sirna namni tokko itti amanuudha. Wantootni namni tokko itti amanu ammoo, bu'aa barsiifata aadaati. Fakkeenyaaf, kaappitaalizimiin, koomuunizimiin, maarkisizimiin, jaalalli biyyaa, gootummaan, amantaan, sirna amala gaarii, namummaafi k. k. f. hundi falaasama sirnaati. Sirni amantaa hundi akka falaasama sirnaatti haa ilaalalamu malee, barbaachisummaa dhala namaatiif qabaniin garaagarummaa ni qabaatu. Muuxannoon ykn dirreen qorannoo qaama falaasama yaadaa qabaatu illee, falaasamni yaadaa hundi wal-qixa bu'a-qabeessaa ykn kan filataman miti. Walumaa galatti, qorannoon kun yaaxxinoota falaasama siyaasaa sadan armaan gadii gargaaramuun xiinxalameera.

2.4.1. Yaaxina Fayyadamummaa

Yaaxinni fayyadamummaa kun kan bu'uureffame hayyuu biyya Jarmanii Wittingstein (1953) hiika waan tokkoo beekuuf ergaa ykn fayyadama waan sanaa beekuun barbaachisaa akka ta'e ibsee jira. Fayyadamni kun ammoo, dhugaa hawaasa keessatti mul'atu waan ta'eef, dhugaa jiruufi jireenya namaa keessa jiru miidhagsee akka jirutti kan dhiyeessuudha. Kunis, kallattii gama siyaasaan, dinagdeen, jireenya hawaasummaafi kanneen dhugummaan hawaasaa keessatti calaqqisuun kan ibsamuudha.

Haaluma kanaan, qorannoon kunis Sirnoota Asoosama Hawwiifi Yoomi laataa keessaatti mul'atan kan xiinxaleedha. Sirnoonni Asoosamoota lameen kanneen keessaatti mul'atan immoo, dhugaa yeroo sana hawwaasa keessa turan tokko otuu hinhanbisiin kan lafa kaahan waan ta'eef, yaaxinni kuniifi qorannoon kun waliitti dhufeenya ni qabaatu.

2.4.2. Yaaxxina Mirga Uumaa

Yaaxxinni mirga uumaa, garee uumaafi fedhii namni namummaa isaa isa hin xuroofneef qabutti achi nu deebisa. Sadarkaa hawaasummaa addunyaan yeroo sanaa keessa jirtuun jeeqamuu irraan kan ka'e, namoonni siyaasaa haala jireenya gurmaa'insa duraa qomoo isaanii durii qorachuuf dirqamaniidha. Akka Robertson (2003, f. 458) jedhutti,

The state of nature is an imaginative reconstruction of how human life and international relations might have been before the creation of organized political society. If one views this from its theoretical aspect, it definitely seems very ideal, but the point is that the reflection of that sort of life vaguely happens to visit the contemporary world regardless of what political nature they seem to have.

Yaada kana irra wanti hubatamu, haalli mirga uumaa hawaasni kun utuu akkasitti siyaasaan hin qindaa'in jireenyi namaafi hariiroon addunyaawaa maal akka fakkaatu bifa fakkiin (imagination) kan kaa'uudha. Kanas, haala himamsaan kan ilaallu yoo ta'e baay'ee waan qabatamaa fakkaata. Garuu qabxiin hubatamuu qabu, calaqqisni haala jireenya akkanaa namoota gita isaanii biroo irrattis haala siyaasa isaanii irratti utuu hin hundaa'in mul'ataa ture. Mirga uumaa keessatti namni kamiyyuu gaariis ta'e hamaa akka barbaadetti yaaduufi raawwachuuf bilisa; dhaloota sana miidhus fayyadus.

2.4.3. Yaaxxina walii galtee Hawaasaa

Falaasamoonni siyaasaa haala jireenya dhala namaa haala uumamaan bakka buusanis, uummata siyaasaan qindaa'e kan waan tokko isaaf jettee dhabduufi isa irraa argattu wajjin jiraachuu hafuu dandaa'a jedhanii amanu. Falaasamoonni baay'een kan amanan namni tokko jaallatus jibbus hawaasa keessatti dhalate keessatti siyaasa argeera. Akka Bird (2006, f. 15) irratti ibsetti,

Human are not as Aristotile noted, political animals in the way that ants and bees are, simply programmed by natural instincts to organize themselves in certain iteriating structures like nets and hives. Rather, our political communities and institutional practices take many in compartible forms, and people have differed sharply on their relatives merits.

Akka yaada armaan oliitti, namni akka Aristotile jedhe bineelda siyaasa kan akka goondaafi kanniisaa kan haaluma salphaan caasaa jireenyaa kan akka mandheefi gaaguraa qindeeffachuuf taatee uumamaan ajajaman miti. Bakka kanaa haalli siyaasa keenya bifa hin hubatamne hedduu kan qabuufi namootni immoo bu'aa isa irraa argataniin kan wal-caalaniidha. Biyyootni dimookiraasii ammayyaa kan warreen aangoo qaban aangoorra tursu fedha walii galtee uummatichaati jedhu. Karaa biraatiin, dhaabbattootnifi namoonni dhuunfaan tokko tokko kan ceephaa'an warreen aangoo qaban kun qaama bilisadha; Keessoon isaanii olaantummaa leellisa. Kana malees, akka Hoffman (2007, f. 170) yaad-rimee walii galtee hawaasaa ibsutti,

The concept social contract points to the formation of the state as a result of contract between individuals. However the individuals in state of nature and in a social contract are quite different the former lives in a situation where there is a perfect freedom and equality in which power and jurisdiction are exercised in reciprocity, whereas the later lives in a situation of moral law which are constructed by society on the basis of natural law.

Akka yaada kanaatti, yaad-rimeen yaaxxina walii galtee hawaasaa, kan xiyyeeffatu mirga uumaa kutaa biyyaa sababa walitti dhufeenya nama dhuunfaa ta'uuti. Haa ta'u malee namni dhuunfaan mirga uumaafi walii galtee hawaasaa keessa jiru adda adda. Warri jalqabaa haalaafi bakka bilisummaan dhugaafi wal-qixxummaa jiruu, aangoofi murteen asiin ol ta'e keessa turan. Warri lammaffaa immoo haala seera safuu kan seera uumaa bu'uura godhachuun ba'e keessa turan. Kanaafuu walii galtee hawaasaa keessatti aangoon asiin olii hin jiru. Bakka isaa kan sababa irratti hundaa'eefi asii gadi diriira ture.

2.4.4 Yaaxxina Bulchiinsa Uumamaa

Yaaxxinni Bulchiinsa Uumamaa kan namoonni qaama hundaan ol ta'e tokkoon filamanii siyaasa hawaasa tokkoo fiixaan ba'iinsaafi bifa gaaffii hin qabneen geggeessu akka qaban kan dhugoomsuudha. Yaada kana Robertson (2003, f. 152) yoo ibsu,

The right divine right of kings to rule their realms was a vital political and theological doctrine in the medieval Europe and political conception is derived from the combination of these three major laws identified by Thomas Aquinas: external law-God's rules on the world for divine reasons; divine law-rules gifted to man by God for super natural goals; and natural law- application of external law by earthly on earth.

Akka yaada kanarraa hubachuun dandaa'amutti, giddu-galeessa Awurooppaa keessatti bulchiinsi uumamaa mootonni naannoo bulchan irratti qaban dhimma ijoo siyaasaafi seera

waa'ee waaqayyoo(theology)baranii akkasumas, hubannoon siyaasaa kan inni irraa maddu walitti dhufeenya seerota ijoo sadan Toomaas Akuwiiniin adda ba'an kanneen akka seera bara baraa bulchiinsa waaqayyo lafa irratti sababa humna humna gararraa kanaan qabu, seera humna waaqummaa- qajeelfama waaqayyo biraa ergama waaqayyoo akka ittiin raawwataniif namootaaf kennameefi seera uumamaa- hojiira oolmaa seera bara baraa namoota lafarra jiraniin ta'u. muuxannoon biyyoota garaagaraa keessa jiru wal-fakkaachuu haa dhiisu malee mootiin yeroo baay'ee itti gaafatamni isaa waaqayyoo qofa malee uummataaf miti. Kanaafuu, namni kamiyyuu karaa nagaan aangoo isaa fudhachuuf hin karoorsu, yookan dhala isaanitti dabarsu; yookiin ammoo fudhatanii du'u.

Rakkoon kan biraan immoo, uummata sirna siyaasa akkasii keessatti quunnamu inni kan biraan, mootiin aangoo irra jiru sun akka seeraatti hojjechuu dhiisuudha. Yeroo uummanni balleessu mootiin ni adaba. Yeroo mootii irratti balleessaan argamu, kan ni adaba jedhamee eegamu waaqayyoodha. Garuu namoonni adabbiin waaqayyoon biraa akka hin dhufne gaafa hubatan, seerichi waaqayyoon biraa miti nama waaqaa biraati jedhanii amanu. Yaaxxinni kalaqaa waa'ee siyaasaa kun yoo xiqqaate mirga uumaa irraa gara walii galtee hawaasaatti akka riqicha ce'umsaatti gargaareera.

BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHA

3.1 Saxaxaafi Gosa Qorannichaa

Gosti qorannoo qorataan itti gargaaramu mala qorannoo akkamtaadha. Sababni isaas, kitaabota asoosamaa qorannoof filataman kanneen gadi fageenyaan dubbisee xiinxala sirna asoosamicha keessatti mul'atu waan adeemsiuufiidha. Qorannoon mala akkamtaan geggeeffamu amalaafi muuxannoo dhala namaa gadi fagoo xiinxaluun qaaccessuu giddu-galeessa godhata. Kana irraa kan ka'e odeeffannoon funaanamu ibsa wantootaaf kennamuufi wanta isaan ta'an irraa ta'a. Kanaafuu, qorataan odeeffannoo asoosamicha keessaa walitti qabatu xiinxaluun ibsa itti kenna waan ta'eef, gosa qorannoo akkamtaa jalatti ilaalama. Qorannoon kun asoosamoota, *Hawwiifi Yoomi Laataa?* jedhaman sirna isaa xiinxaluun kan ibsamu waan ta'eef, mala qorannoo xiinxala barruu jalatti kan ramadamu ta'a.

3.2 Madda Ragaalee

Qorannoo kanaaf madda ragaa kan ta'an asoosamoota, *Hawwiifi Yoomi Laataa?* jedhamaniidha. Qorataanis, ragaalee barbaadu asoosamoota lamaan keessaa funaanuun madda ragaa jalqabaa taasifachuun itti gargaarameera.

3.3 Iddattoofi Mala Iddatteessuu Qorannichaa

Iraawwatatamtootni qorannoo kanaa, asoosamoota *Hawwiifi Yoomi Laataa?* Yoo ta'an, qorataanis, asoosamoota kanneen tooftaa iddatteessuu kaayyeffataa irratti hundaa'uun filate. Sababni isaas sirnaan wal-qabsiisee xiinxala geggeessuuf odeeffannoo ga'aafi mijataa asoosamoota filataman kanneen keessaa waan argateefiidha. Kanaaf, qorataan mala iddatteessuu mit-carraa akkayyooitti gargaaramuun asoosamoota lamaan haa filatu iyyuu malee, kaayyoo qorannoo isaan wal-qabsiisuun dhimma itti ba'uu danda'eera. Mala iddatteessuu akkayyoo kana Addunyaan (2011, f. 67) yoo ibsu "Qorataan tokko beekumsa dhimmicha irratti qabu irraa ka'e kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessuu ilaallata." jedha. Yaadni isaas, qorataan iddattoon kun, odeeffannoo qorannoo tokkoof oolu naaf kennuu danda'u jedhee itti amane kaayyoo isaa irratti hundaa'uun filachuu akka danda'u agarsiisa. Haaluma Kanaan, qoratichis mala iddatteessuu kaayyeffataan asoosamoota lamaan filatee odeeffannoo irraa funaannateera.

3.4 Mala Funaansa Ragaalee

Qorannoo tokko qorannoo kan taasisu odeeffannoofi ragaa adda addaa haala garaagaraan walitti qabameedha. Ragaa barbaadamu haalaan argachuuf ammoo, meeshaalee ragaa funaanuuf gargaaran mata-dureefi kaayyoo qorannoo irratti hundaa'uun xiyyeeffannaan filachuun barbaachisaadha. Qorataan, odeeffannoo barbaadu kitaabichuma gadi fageenyaan dubbisuun mata-duree qorannoo isaa duukaa qabxiilee deeman galmeeffata. Qorannoon kun xiinxala asoosamaa waan ta'eef, tooftaan funaansa ragaa qorannichaa asoosamoota eeraman lamaan sakatta'uun, asoosamoota kanneen irra deddeebi'uun dubbisuun odeeffannoo mata-duree qorannichaa wajjin deemu dandaa'an akka fakkeenyaatti keessaa fudhachuun xiinxaluudha. Sana booda yaadolee asoosamicha keessatti waa'ee sirnaan wal-qabatani kaa'an xiinxaluun bakka galuu qabutti ramadata. Haaluma kana irratti hundaa'uun qorataan, gosoota Og-barruu keessaa asoosamoota '*Hawwiifi Yoomi Laataa?*' gadi fageenyaan dubbisuun ragaa fudhachuu qabu fudhatee qorannoo isaa adeemsisee jira. Kun ammoo adeemsa ragaan ittiin funaanamu keessaa galmee xiinxaluu jalatti ramadama.

3.5 Tooftaa Qaaccessa Ragaalee

Qorannoo kana geggeessuuf qoratichi mala akkamtaatti dhimma ba'eera. Sababni isaas, ragaaleen funaanaman sirna asoosamoota kanneen keessaa jechaan ibsa kennuun kan xiinxalamaniidha. Odeeffannoowwan asoosama *Hawwiifi Yoomi Laataa?* keessaa funaanaman, yaada bal'aa guutummaa asoosamoota kanneen keessaa xiinxala sirna asoosamaan wal-qabsiisee mul'achuu dandaa'an hunda kan hammatuudha. Keessattuu, sirni akka aangoo siyaasaa, olaantummaa diinagdee, hawaasummaa, amantaafi gara-jabina jedhaman asoosamoota *Hawwiifi Yoomi Laataa?* keessatti haala kamiin akka dhihaatantu ragaa fuula irraa deeggaramuun yaaxxina qorannichaa bu'uura taasifatee xiinxalamuun dhihaate.

BOQONNAA AFUR: RAGAALEE XIINXALUUFU HIIKUU

4.1 Seensa

Boqonnaa kana keessatti odeeffannoowwan garaagaraa mala sakatta'a barruu taasifameen asoosamoota lamaan filataman keessaa funaanamantu ragaan deeggaramee xiinxalamuun dhihaate. Ragaaleen asoosamoota lamaan keessaa walitti qabaman kun ammoo, mala akkamtaatti gargaaramuun xiinxalamuun ibsamaniiru. Haaluma kanaan, boqonnicha jalatti, Xiinxala sirnaa asoosama *Hawwiifi yoomi laataa?* gama sirna aangoo siyaasaan, olaantummaa diinagdeen, gara-jabinaatiin, gama sirna hawaasummaaniifi Cuunfaa jaargocha asoosama lameeniitu dhiyaatee jira. Akkasumas, Tokkummaafi garaagarummaa asosama *Hawwiifi Yoomi Laataa?* kanneen jedhaman boqonnaa kana jalatti dhihaateera.

4.2 Xiinxala Sirnaa Asoosama Hawwiifi Yoomi Laataa?

Asoosamni *Hawwiifi Yoomi Laataan* Isaayyaas Hordofaatiin kan barreeffamaani yommuu ta'u, asoosamni Hawwii yeroo duraatiif bara 1995tti sirna Iyaadig yookaan immoo bal'inaan sirna Wayyaanee keessa kan maxxanfameedha. Barri kun Mootummaan Dargii erga Aangoo gadi dhiisee waggaa kudha lamaa booda kan barreeffameedha. Maxxansi amma irratti hojjetame yeroo sadaffaaf bara 2003 irra deebiin kan maxxanfameedha. Qabiyyeen isaa immoo, cunqursaa Sirnoonni (Ayidooloojooonni) Mootota Nafxanyootaa uummaata Oromoorraatti taasisaa turani kan calaqqisiisedha. Asoosamni kun haala jiruufi jireenya uummata Oromoofi sirnoota adda addaa Uummatiicha gabrummaa yeroo dheeraa jalaatti kufee akka jiraatu taasisaa turuun irraatti waljijjiiraa turan hedduu kanneen akka sirna (Ayidooloojooonni) olaantummaa aangoo, siyaasaa, olaantummaa dinagdee, hawaasummaa, amantaa, Aadaa, Duudhaa, itti fayyadaama afaaniifi sirna barnootaa bu'uureffachuun kan kalaqameedha. Gochaaleen isaas godinaalee Oromiyaa keessaa: Naqamtee, Gimbii, Dambi Doolloo, Amboofi handhuura biyyattii kan taate magaalaa Finfinnee keessaa kutaaleen magaalaa kanneen akka:Markaato, Arat kiiloo, Kaasaaanchiis, Nifaas Sillkii, Addabaabayii Masqalaa, Piyaasaa, Boolee keessatti qooda fudhataniiru. Keessumaa immoo, gochaaleen isaa magaalaa Naqamteefi magaalaa Finfinnee irratti bal'inaan kan xiyyeeffatameedha. Magaalaa naannoo Oromiyaan alattis, naannooleen asoosama kana keessatti maqaan isaanii dhaahaman: Magaalaa Gondor, Goojjamiifi Asoosaa yoo ta'an, biyyoota

alaa irraa immoo, Siwidiinii, Awurooppaa, Sudaan kanneen jedhaman asoosamicha keessatti qooda fudhataniiru.

Asoosamni Yoomi Laataan immoo, Waxabajjii bara 2002tti Isaayyaas Hordofaa Mijjanaatiin barreeffamee uummataaf dhihaate. Xiinxalli hojii kanaa, maxxansuma jalqabaa kana irratti kan hundaa'eedha. Asoosamni *Yoomi Laataa?*, kunis akkuma Asoosama Hawwii haala jiruufi jireenya uummata oromoofi Leellistoonni sirna gita bittaa Habashaa dararra isaan ilmaan Oromoo irraatt gaggeessaa turan irraatti bu'uureffachuun kan dhiyaate yommuu ta'u, sirnoonni isaan ittiin Uummata Oromoo miidhaa turan asoosamiicha keessaatti calaqqisanis: sirna (Ayidooloojii) Hawwaasummaa, aangoo, siyaasaa, olaantummaa diinagdee, hawaasummaa, amantaa, Aadaa, Duudhaa, itti fayyadaama Afaaniifi sirna gara-jabina bu'uureffachuun kan kalaqameedha. Gochaaleen isaas, godinaalee Oromiyaa keessaa: Godina Harargee, wallaggaa Bahaa, Baalee, Arsii, Shawaa Lixaa, Boorana, Wallaggaa Lixaa, Jimmaa, Karrayyuu, Jiillee, Iluu Abbaa Booraafi handhuura biyyattii kan taate magaalaa Finfinneefi magaalaa Dirree Dhawaa keessatti qooda fudhataniiru. Keessumaa immoo, gochaaleen isaa Harargee Bahaa, Shawaa Lixaa, Wallaggaa Bahaafi Wallagga Lixaa akkasumas magaalaa Finfinnee irratti bal'inaan kan xiyyeeffatameedha.

Naannoo Oromiyaan alattis, naannooleen asoosama kana keessatti maqaan isaanii dhaa'aman: magaalaa Asoosaa, gammoojjii Ertiriyaa, Magaalaa Asmaraa, Tigiraayi Dhihaa, Buufata Leenjii Loltummaa Bilaattee, Gaamoo Goofaa, Gondor, Goojjami, Kaaba Itoophiyaa Raayyaa, Yejuufi Awaaziin (Manzee) yoo ta'an, biyyoota alaa irraa ammoo, Soomaaliyaa, Keeniyaa Kaabaa, Jibuutii, Awurooppaa, Gaanfa Afrikaa, Jarman Lixaa, Sudaan, magaalaa Kaartum, Moombaasaa, biyyoota Israa'eel, Ameerikaa, Ameerikaa Kaabaa, Yemen, Yuuniversity Kaartum, ganda Ondurummaa laga Abbayyaa qarqara, Zimbaabuwee magaalaa Hararee, Faraansaay, Xaaliyaaniifi Ingilizii warreen jedhaman asoosamicha keessatti qooda fudhataniiru.

4.2.1 Cuunfaa Jaargocha Asoosama *Hawwiifi Yoomi Laataa?*

Asoosamni Hawwiifi Yoomi laataa? akkuma barreeffama Og-barruu kanneen biroo ulaagaa hunda guutaniin kan dhihaataniifi nam-fakkii gurguddoo “Hawwii” jedhamtuufi “Siintolinnaa” walduraa duubaan qabatani kandhiyaataniidha. Nam-fakkoonni kunis ergama isaaniitti laatame haalaan kan bahani yommuu ta'u inni kun kan cimiinni barreessaa keessaatti olka'ee mul'atedha.

Hawwiin, abbaa ishee obbo Bulchaafi harmee ishee aadde Dinsirii irraa Godina Wallaggaa Bahaa magaalaa Naqamteetti dhalatte. Dulluma keessa durba baay'ee bareedduu waan argataniif, kan hawwan dhabanii jireenyi isaanii inni gaddaan golgamee ture gammachuun bakka bu'e. Kanumaan maqaa ishee Hawwii jedhanii moggaasan. Latii Jireenyaas, akkuma Hawwii maatii harka-qalleessa keessaa kan dhalateefi Hawwii wajjin hiriyaadha. Nama hubatee isaaan ilaaleef dhala abbaafi haadha tokko irraa dhalatan fakkaatu.

Hawwiin Latiidhaan “Ati dhirsa kooti mitii?” jetteen. “Eeyyee” jedhe. “ kottu as ciisnaa! Latii! Kottu egaa ciisi” jetteen. Innis tole jedhee akka tasaa ciqilee isaaatiin rukutnaan boo'aa ol kaatee dhagaa lafaa fudhattee rukutuuf itti aggaamte. Kana gidduutti haati Hawwii “hin dhiistuu? Mee!” jechaa harcummee lafaa fudhattee itti qajeelte. Kana booda miilla miilla ishee jala ittiin guggubde. Latiin gaafa kana argu kotte na baasi jedhee gara mana borootti fiige. Haati Hawwii garuu Hawwii harka tokkoon qabatee harka tokkoon harcummeechaan miilla miilla ishee jala waadaa, “Eenyuutu sitti agarsiise? Eenyuma abbaasaatu sitti agarsiisee?” jechaa hamma lafa irra gangalatee iyyitee maraattutti waxaltee gadi dhiiste. (Isaayyaas 2003, f. 15-17).

Hawwiifi Latiin barumsa isaanii irratti jaboo waan ta'aniif barsiisotaafi barattoota biratti maqaa guddaa qabu. Haati Hawwii intalli isaanii guddatte geessee sooressatti heerumtee hiyyummaa keessaa ba'uu yaadu. Kanaaf, haalli isaan intala kana itti to'atan baay'ee cimaadha. Gaaf tokko Latiin Hawwii waamaa yeroo mana isaanii ol seenu, “Latii koo! Si'ii? Seeni ol asan jiraa” jetteen. Latiin yeroo ol itti seenu Hawwiin uffata guyyaa baastee, qullaa ishee mutaantaa qofaan siree ishee irra teessee uffata hojiif uffattu saanduqa irraa fudhachuuf utuu hiixachaa jirtuu arge. Battalaan lapheen isaa Giwu! Giwu! jechuutti ka'e. Taa'aa ishee siree irraa, mudhii qal'atee dheerate, guntuta akka gaanfa dibichaa dhaabbate, gudeeda ishee lamaan bilchaatee burtukaana diimatee bilchaate fakkaatan argee, fuulli isaa inni diimaan barbadaa abiddaa fakkaate. Latiin dhaqni isaa ni rom'e, waa dubbachuu hin dandeenye. Hawwiin guyyaa gaafa jaalalleen ishee duraa deeme irraa jalqabdee yaaddoo isaatiin dhukkubsattuu taate.

Guyyaa biraa gara baankii sanaa deemanii yoo gaafatanis, argachuu hin dandeenye. Hawwiinis rakkinoota hedduu ishee irra ga'e dandamattee utuu jiraattu guyyaa ayyaanaa tokko naannoo Adda baaba'ii Masqalaatti Dalasaa wajjin wal argite. Latiinis, Dalasaa wajjin wal arguu ishee dhaga'ee baay'ee gammadee xalayaa wal jijjiiraa yaaddoo malee wajjin jiraachuu jalqaban. Gaaf tokko hiriyaan Latii kan maqaan isaa Amaaree jedhamu Hawwii doorsisuu eegale. Hawwiin

yaada isaatti galuu yoo diddu, mala dha'uun xalayaa Latii irraa isheef dhufu dhoksee kan offii yaade akkaataa Latiifi Hawwiin itti wal dhabuu dandaa'an qopheesse jaalala isaanii gidduu galee booressuuf mala adda addaa qindeesse.

Hawwiin, Latiin jaalallee isaa ishee Faranjii waliin dhufa sababii ta'eef, taa'ee eeguu koo irraa ofin ajjesa jettee summii dhugdee isa eegde. Balbala isheen keessa ciistu rukutan isheen banuu hin dandeenye. Yeroo balbala cabsanii seenan Hawwiin lafa irra diriirtee jirti. Hoomachi karaa afaan ishee yaa'eera. Latiin gadi jedhee harka isaa harma ishee lamaan gidduu galchee dhaggeeffate. Qaamni ishee Latiif dhaamsa dabarse. Onneen ishee suuta rukuta. Latiin gonkumaa amanuu hin dandeenye. Dalasaa! Dalasaa! Hospitaala jedhe. Dalasaanis konkolaataa fidee Xiqur Anbassaatti geessani. Akkuma achiin ishee ga'aniin ogeessoti fayyaa olii gadi fiiganiin summiin akka ba'uuf garaa ishee dhiqanii wal-dhaansa fayyaa jalqabaa gara biraas godhaniifii ciibsan. Hawwiin turtii muraasa booda miilla ishee diriirfattee yeroo dheeraaf utuu hin sochoosin turte suuta ol sassaabbatte. Iji ishee cufamanii turan banamanii, hidhiin ishees suuta saaqamanii wal gadi dhiisani, "Latii koo! Ani hin duune! Latiikoo kana booda woo hin du'u" ittiin jette. Dalasaanis, dhiifama erga gaafatee booda "Galata Waaqayyoo kunoo hawwiin keessan hawwii taatee hin hafne; Gammadaa! Hawwii na oofkalchi!" Jedhe. Hawwiinis suuta 'oofkali!' jette.

Asoosamni *Yoomi Laataa?* Keessaatti nam-fakkii guddiicha gonfattee kan dhiyyaatte Siintolinnaan maqaa ishee kana kan isheef moggaase abbaa ishee yoo ta'u, bara mootummaa Aste Teediroos, Aste Yoohanisiifi Aste Minilik keessa laftiifi qabeenyaan isaanii hundi waan irraa fudhatameef gara fuula duraatti dhufu keessa siin nuuf tolaa laata?, laftiifi qabeenyaan nurraa fudhatamee ture bara ati dhalatte kana keessa nuuf deebi'innaa laata? jechuun maqaa ishee kana moggaaseera. Siintolinnaan durba magaala baay'ee bareedduudha. Rabbi bifa fuula ishee kana bareechee akkasumas, dhaabbata qaama ishee lookoo godhee babbareechee ishee uume.

Bakki dhaloota ishee Harargee ganda qalaadii Harawwee jedhamu keessatti dhalattee guddatte. Dhalattee umurii waggaa 16ffaa isheetti ilma obbo Jaarraa Walabummaa kan maqaan isaa Yaadannoo jedhamutti heerumte. Heerumtees, waggaa isaatti mucaa kan argatte yoo ta'u, maqaa mucaa ishees Sandaabaa jettee moggaaste. (Isaayyaas 2002, f. 11-12). Bakka isheen itti dhalattee, guddatteefi heerumte kanatti aangoo dhaalaa abbaa isaa irraa kan argate abbaan lafaa qalaadii sanaa Qanyaazimaachi Gizaachoo jedhama. Qanyaazimaachi Gizaachoos intala bareedduu kana

qalaadii isaa irratti argachuu isaa akka carraa guddaatti fudhaate. Bareedina ishee kana irraa kan ka'e haadha manaa Yaadannoo "Siintolinnaa" wajjin qunnamtii saalaa raawwate. Haa ta'u malee, Siintolinnaan gocha kana Qanyaazimaachi wajjin kan raawwattu jallattee osoo hin taane yoo didde miidhaa isheefi abbaa manaa ishee irra ga'uu danda'u suukanneessaa ta'uu isaa hubateetti. (Isaayyaas 2002, f. 12)

Obbo Yaadannoon akkuma ajajameen midhaan harrootatti fe'atee gara Magaalaa osoo deemaa jiruu erga karaa walakkaan ga'ee qarshii midhaan ittiin daaksisu manatti irraanfatee ba'e sana fudhachuuf gara manaatti deebi'e. Yeroo kanatti Qanyaazimaachi akkuma amala isaatii Siintolinnaa wajjin wal-irra jiru. Akkuma kana argeen obbo Yaadannoon baay'ee aaruu irraan kan ka'e, Qanyaazimaachiin mancaa baatuun morma isaa irraa kutee achitti bishaan godhe. Haala Kanaan, Siintoliinaan bakka sana jiraachuu waan sodaatteef mucaa ishee Sandaabaa fudhattee, Raas Geetawu wajjin magaalaa Finfinneetti galte. Raas Geetawuufi Giiftiin Liidiyaafaas dhala waan hin qabneef, mucaa Siintolinnaa argachuu isaanitti baay'ee gammadaniiru. Haalliifi miidhaginni Siintolinnaan qabdu kun qalbii Raas hatuu jalqabeera.

Mootummaan Dargii akkuma aangoo qabateen, namootni mootummaa H/Sillaasee keessa aangoo olaanaa irra turan qabeenyaafi meeshaalee waraanaa isaan harka ture akka fidanii galmeessisaniif waamicha taasisee ture. Haa ta'u malee, yeroo kanatti Raas Geetaawu waamicha isaaniif taasifame fudhachuu diduun lola waraanaa keessa seenanii wal-jijjiirraa dhukaasa isaan gidduutti ta'een rukutamani du'aniiru. Haala kanaan, Fiqiriifi Siintolinnaa guyyaa hedduu mana hidhaatti geessanii reebaniiru. Yakkaafi daba adda addaas irratti raawwataniiru. Lola wal irratti banamee irratti mucaan Fiqir Alkumaan rasaasan dha'amee baay'ee miidhame. Fiqir Kolleejjii Qonnaa Haramayaa keessatti barumsa ishee yeroo xumurto, qabxii olaanaa waan galmeessiteef, barsiistuu mooraa sana keessaa taatee achumatti qacaramte. Walumaa galatti, seenaan asoosama kana keessa jiru bifa kanaan kan dhihaate yoo ta'u, sirni asoosamicha keessa jiru qabxiilee armaan gadii kana keessatti xiinxalameera.

4.2.2. Sirnoota (Aayidooloojota) Asoosama Hawwiifi Yoomi laataa? Keessaatti Calaaqqisan

Asoosamoota Barreessaa Isaayyaas Hordofaa kan ta'an asoosamoonni Hawwiifi Yoomi Laataan qabiyyeen barreeffama isaanii sirnoota (Ayidooloojota) adda addaa biyyi keenya baroota dheeraaf hordofaa turte sirnoota Fiwudaalizimii, Sooshaalizimiifi Kapitaalizimii of keessaatti

qabachuun kan dhiyaatan ta'uun isaanii beekamaadha. Sirnoonni kunis Kallattii adda addaan uummata biyyattiirraan keessumattuu sabaaf sablammoota biyyattiirraan dhiibbaa gurguddoo geessisaa akka turan kitaabilee kunniin lameenirraa hubachuun danda'ameera.

Akka kitaabileen kunniin ibsaniitti sirnoonni armaan oliitti eeraman kunniin maqaa adda addaa gegeedarachuun mootota gita bittaa Habashootaan uummanni Oromoo dararamaa turuufi qe'eefi lafa isaarraa ariyatamuu, Aadaafi Afaan isaatti seeraan akka hinfayyadaamne daangeffamuufi dhorkamuu, eenyummaafi seenaa isaa itti dhabaa turuu kitaabilee asoosamaa kunniin irraa hubachuun danda'ameera. Uumamuun sirnoota kanaa immoo, Uummaatni Oromoo sodaatee ta'ee bitamuu qofa osoo hintaane, goototaafi qabsaayota danuu waa'ee sabasaaniifi eenyummaafi mirga isaaniitiif falmataa turuun dirree qabsoorraatti wareegama guddaa kaffalaa turuun warra har'aaf illee fakkeenyaafi bu'uura guddaa ta'an akka uumaman godheera.

Akka kitaabilee kunniin irraa hubachuun danda'ameetti sirnoonni kunniin uummatni Oromoo Aadaa mataa ofii aadaa saba biroorraa gadi aansee akka ilaalu, Afaan mataa ofii fayyadamuura afaan Amaaraaf akka eddo kennu, eenyummaa isaa dhoksee eenyummaa saba nafxanyootaa akka himatu, eenyummaa isaa akka gadi aanaatti akka of ilaalu taasisaa turuu isaa ni hubanna. Kana maleeskan jijjiirame eenyummaa isaa qofaa osoo hintaane lafti isaa, seenaan isaa, aadaafi duudhaan isaallee dhaalamaa kan ture ta'uu kitaabilee kanneen irraa hubachuun danda'ameera. Karaa birootiin immoo, lola birmadummaa biyyaa irraatti illee gootota Oromoo adda durummaan hirmaachuun diinoota biyyattii kolonii jala galchuuf turan daaraa taasisuun injifannoo boonsaa galmeessisuun wareegaman illee dhoksuun akka warri Habashootaa raawwataniitti seenaa jijjiirani barreessuuniifi kaan immoo, eenyummaa isaanii jijjiiruun kan isaaniitti maxxansaa turuu isaanii hubachuun danda'ameera.

Kanarraa hubachuun kan danda'amu sirnoonni (Aayidooloojoonni) kunneen hagam uummatichaaf ba'aa guddaa akka turaniifi sabni Oromoo hanga barri darbee boquusaa ol qabatuutti sammuun gabroomee jiraachaa akka ture kan agarsiisuudha. Kana malees xiinsammuun uummatichaa yeroo sana miidhame hanga har'aallee kan hinfayyine ta'uu kan agarsiisedha. Kun immoo, Uummaatni Oromoo hawwaasummaan, diinagdeen, haamleen akka miidhamu gochuurra darbee rakkoolee hanga ammaa uummatiicha keessaa bahuu didee mataa dhokfattee tokkummaa hawwaasichaa bakka argeetti diigaa jiruuf illee sababa guddaa ta'ee jiraachuun isaa dhugaa lafa jirudha.

Walumaa Galaatti Sirnoonni gurguddoon Kitaabilee Asoosamaa Hawwiifi Yoomi laataa? Keessaatti calaqqisan:

A. **Sirna (Aayidooloojii) Minilik-** Sirni (Aayidooloojiin) sirna gita bittaa Habashootaa keessaa isa tokko ta'ee, kan biyya tokko, Aadaa tokko, Amantaan tokko kan jedhu yommuu ta'u, namni ilaalcha barbaade, amantaa barbaade qabaachuu kan hindandeenyee fi aadaa mataa ofii calaqisiisuu kan hindandeenyee dha. Sirni kun akkuuma sirnoota Nafxanyaa duraan turanii sanyii isaanii sanyii qulqulluu sanyii solomoon jedhanii waan yaadaniif kan biyya kana bulchuu dandaa'u isaan qofa akka ta'eetti yaadu. Afaanis, Aadaaniis, Amantaaniis kan isaanii qofti filatamaa akka ta'eetti yaadu. Yaadaafi ilaalcha isaanii kana immoo, jaallattes jibbites fudhachuu qabda. Kanarraa kan ka'e sabaafi sablamoota biro akka garbootaatti qabanii gurguru. Kana malees maqaa amantaatiin uummata Oromoo lafaafi qe'ee isaarraa buqqisaa turaniiru.

B. **Sirna (Aayidooloojii) Haayile Sillaasee-** Sirni (Ayidooloojiin) kun sirnoota Nafxanuyaa keessaa isa tokko ta'ee, sirna Fiwudaalizimii kan gaggeessuudha. Sirni kun immoo, Ayidooloojii fiiwudaalotaa yookaan immoo abbaa lafummaa kan tarkaanfachiisu yommuu ta'u, ilaalcha lafti kan “ Naggaashotaa, Qaddaashotaafi Angaachotaa” jedhu of keessaa qaba. Kana sababeeffachuun lafa saba Oromoo irraa fuudhuun warren armaan oliitti eeramaniif kennuun Uummaatni Oromoo qe'eesaafi lafasaa irraatti gabbaarii ta'ee nafxanyootaaf hojjechaa tureera.

C. **Sirna (Aayidooloojii) Dargii -** Sirni (Ayidooloojiin) kun sirnoota Nafxanuyaa keessaa isa tokko ta'ee, sirna kaappitaalizimiifi sooshaalizimii kan gaggeessaa turedha. Sirni kunis sirna Abbaa lafummaa fooyyessee labsii lafti kan isa qotuu haata'u, jedhus maqaa oomishtoota (Amirach) jechuun hawwaasa gareen ijaaruun omishiisuun saamaa tureera. Akka jalqaba aangoo qabateenis miira uummataa harkisuuf jecha sirna dimokiraasaan hordoofa , walqixxummaa sabaafi sablammootaa nan eega jechuun labsii yoo dabarsu sabaafi sablammoonni biyyatti iddoo jiraniitti sirbanii ililchuun dargii faarsan. Boodarra garuu dhalli namaa sababii eenyummaafi mirga dimokiraasii gaafateef eenyummaa isaatiin adda baafamee rashanamaa tureera. Keesumatti Uummaatni Oromoo sababii gaaffii eenyummaa, Aadaa, Amantaafi Afaan Ofiin barachuu gaafataniif miidhaa gurguddoon hanga wareegama lubbuutti irra gahaa tureera. Kaan dirreerraatti rashanamaniiru. Kaan immoo achi buuteen isaanii yoo dhabamu, kaan immoo qe'eefi qabeenyaan isaanii saamamuun buqa'aniiru.

Walumaa galaatti Sirnoonni gita bittaa Habashootaa kunniin tooftaa bittaa walirraa fudhachuun sabaafi sablammoota biyyattii hiraarsaafi gidirsaa turuun isaanii kitaabilee Asoosamaa lameen kana keessaatti bal'inaan ibsamaniiru. Keesumattuu gidiraan isaan uummaata Oromoo irraan gahaa turan godaannisni isaa yoomillee nama keessaa bahuu akka hindandeenye kitaabilee kanneen irraa hubachuun danda'ameera. Haaluma kanaan sirnoota kanneen ilaalchisuun qorataan odeeffannoo kitaabilee lameen armaan olii keessaa odeeffannoo waliitti qabate mata duree garaa garaatti qoqqooduun xiinxalee jira.

4.2.3 Xiinxala Asoosama *Hawwiifi Yoomi laataa?* Gama Sirna (Ayidooloojii) Aangoofi Siyaasaatiin

Asoosamoonni Hawwiifi Yoomi Laataa kan isaan barreeffamani bara mootummaa Iyaadiig keessa haata'uyyuu malee kan isaan calaqqisiisaani Ayidooloojii Mootummoota Habashaa duraanii Miniliik, Haayile Sillaaseefi Darguu akka ta'e qabiyyee kitaabilee dhiyaatanirraa hubachuun danda'ameera.

Sirna bulchiinsa biyya tokkoo keessaatti qoqqooddiin Aangoon gararraatti kaasee hanga gajallaatti yookis immoo, Muummicha Ministeeraa/Pirezedaantiirraa kaasee hanga isa gandaa gadiitti bulchuutti caasaan isaa diriiree jiraachuunn isaa beekamaadha. Haata'u malee, haalli itti fayyadaama aangoon kanaa namootaa namootaatti addaa gara ta'uun isaa immoo, hawwaasa aangoo kana dabarsee kenneefii irraatti faayidaas miidhaas qabaachuun isaa beekamaadha. Kana jechuun namoonni tokko tokko uumamumaan waadaa isaanii eeganii haqummaadhaan kan hawaasa isaanii tajaajilaani yommuu ta'an, kaan immoo, waadaa guyyaa aangoo kana fudhatan hawwaasa duraatti seenan dagatanii qarriffaa sagal qaratanii hawaasa aangoo kenneefii kallattii garaa garaan yommuu dararaani kan beekamuudha.

Keessumattuu sirna gita bittaa mootummaa abbaa irree habashootaa jalaatti haalli itti fayyadaama aangoo yeroo sana turee gararraatii hanga gajallaatti haala walfakkaatuun kan olaantummaa saba tokkoo olkaasee sabaafi sablammoota biyyattii dararaa ture ta'uu madden ni eeru. Keessumattuu kan uummata Oromoo baayyee dararaa turedha. Kunis, uummatiichi Afaaniif Aadaa isaa akka hinguddifanneefi uummanni Oromoo eenyummaa isaa gatii kan Habashoota akka uffaatu; Afaaniifi Aadaa ofii dhiisee kan isaanii akka leellisu taasisaa tureera.

Yaada kana BATO (2015:278) akka ibsuutti “Ergi bulchiinsi mootummaa sanyii ‘Solomoonawwaa’ ofiin jedhu jarraa 13ffaa keessa bara 1270 hundeeffamee mootummaan Abisiiniyaa daangaa babal’ifachuufi mootummaa saboota olla to’achuuf amantaa kiristaanaa babal’isuu imaammata godhatee ture. Yeroo sanaa eegalee gara daangaafi amantaa Uummata Oromoo irraatti duulli walirraa hincinne gaggeeffamaa ture “ jedha.

Egaan kanarraa wanti hubataamu bara 1270 kana irraa eegalee Mootonni gita bittaa Habashootaa dhiibbaa uummata Oromoorraan gahaa turaniin uummatiichi Aadaasaafi Amantaasaa akka dhabu ta’uufi haalli itti fayyadama aangoo isaaniis walqixxummaa otuu hintaane olaantummaa saba tokkoo kan calaqqisiisu akka ture salphaatti hubachuun ni dandaa’ama. Kanarraa kan ka’e immoo, hawwaasni Oromoo aadaa isaa dhoksee kan Habashootaa leellisaa, afaan isaa dhiisee kan Habashootaa guddisaa, sirna ittiin Bulmaataa sirna Gadaa dimokiraasii sirrii Addunyaaf fakkeenya guddaa ta’e sana Sirna Gadaa dhabee sirna bittaa Habashootaa jalatti kufee tureera.

Kana malees, Uummatni Oromoo waan addunyaan keessa jiru kana qooddachaa turuun isaa beekamaadha. Haa ta’u malee, jaarraa tokkoon asi mootummootni biyya keenya bulchaa turan sirna inni ittiin wal geggeessaa ture kana diiguun uummaticha gita bittaa garbummaa jala galchuun bitaa turaniiru. Kana malees, ilmaan Oromoo mirgaafi bilisummaa saba isaaniif qabsa’aa turan irratti tarkaanfiin gara-jabeenyaa fudhatamaa tureera.

Barreessaan Asoosamoota Hawwiifi Yoomi laataa? Isaayyas Hordofaas kana bu’uura godhachuun kitaabilee isaa keessatti sirna itti fayyadama aangoo kanaa akka armaan gadiitti ibsee jira.

“Inni tokko ijoollee kulkullee jedhe. Kaan ammoo, ijoolleen kun Oromoo hin fakkaataniii” jedhee itti fufuudhaan, Amaaraa Tigiree fafakkaatu jedhe. Kaanis dabalee Oromoodhumattuu hin baane. Margaan jecha isaaniitti raajamee, “Oromoodhamoo? Tigireedha moo? Amaaratu irra fuula qajeelee bareeda?” Jedhee dubbii isaa gaaffiidhaan jalqabee itti fufuudhaan...sababiin kanaas sirni nafxanyaa hacuuce isaan bitu kun saba Amaaraa qofaa ol kaasee sabaafi sab-lammoota isaan kaan gadi xiqqeessee sammun kan garboomsee ta’uusaa hubatee gadde.(Isaayyaas 2003, f. 24-25).

Yaada kanarraa wanti hubatamu, micciiramuu itti fayyadaama Aangoo irraa kan ka’e Uummaatni Oromoo eenyummaa isaa irraanfatee, eenyummaa saba biro akka gonfatu ta’uu isaa agarsiisa. Sabaabni isaa immoo, yeroo sanaatti sirni gita bittaa Habashootaa Saba isaa qulqulluu godhee, saba biro immoo, xuraawaa, saba isaa, guddaa godhee saba biro immoo xinnaa, saba ofii

olkaasee kan immoo, gadi qabee sammun gabroomsee bitaa waan tureef hawwaasni kana fudhachuun akka gad deebi'ootti akka of ilaalani taasisee jira. Yaadi barreessaa kunis isa kana ibsee hawwaasni keenya miira akkanaa keessaa bahee ofitti amanamummaa akka horatu godhee jira. Isa kaleessaa sanaatti gabbee har'a akka irraa baratu karaa saaqee jira.

Karaa biraatiin, hakuuccaa sirni gita bittaa kanaan dura uummata Oromoo irraan ga'aa tureen, Oromoon waan hundaan sabaafi sab-lammoota biyyatti keessa jiruun gadi akka ta'etti dhiibbaan taasifamaa ture ammam dhiibbaa akkamii akka qabu kan agarsiisuudha. Kunis, bifaan illee miidhagina kan qabu saba Amaaraa ykn Tigiree qofa akka ta'etti dubbachuun, gad-aantummaa uummata Oromoof qaban mul'isaa akka turan kan calaqqisiiseedha

Sirna mootummaa olaantummaa saba Amaaraa qofaaf dhaabbate keessatti ilmaan Oromoo baratan Oromiffi bu'aa kan hinqabne ibsu. Amaariffatu kan caalu itti fakkaata...“Abaluu nama beekaadha! Amaariffa akka Amaaraatti dubbata” jedhama. Kana malees, Amaariffa yoo wallaalan itti kolfama. Ijoollee qofa utuu hintaane, namootni Oromoo hojii mootummaa gurguddaa irra jiran barumsa sadarkaa guddaa yoo qabaatan illee, Amaariffa akka Amaaraatti dubbachuu baatan illee itti kolfama. (Isaayyaas 2003, f. 28)

Yaada kana keessatti sirni dhihaate, itti fayyadamni Aangooi yeroo sanaa olaantummaa afaan saba tokkoo qofti biyyattii keessaatti olka'ee akka mul'atuufi afaan hojii, afaan barnootaafi miidiyaa akka ta'u godhee jira. Afaan saba biro garuu ittiin waliigaluufuu dhorkamaa waan tureefi afaan Habashootaa akka leellifamu waan taasisaa tureef, sabni hundumtuu Afaan Habashootaa akka leellisu waan taasifameef hundumtuu afaan isaa gatee afaan ormaa shaakalaa oolee waan buluuf afaan ofii akka gadaanaa ta'eettiifi afaan Habashoota Afaan biroorra ni caala kan jedhu summuu ofiitti fudhachuu saba keenyaa kan agarsiisuudha.

Karaa biraatiin ilmaan Oromoo hanga mana barumsaa dhaqaniitti afaan haadhaafi abbaa isaanii qe'ee warra isaaniifi ganda isaanii keessatti sodaa tokko malee dubbataa kan turan yoo ta'u, Amaariffaa gaditti akka tuffatamee ilaalamus hinbeekani. Haa ta'u malee, ilmaan Oromoo kan gatii hinqabne kan bu'aa hinqabne, afaan gaariin kan gatii qabu, yoo baratan kan hojii itti argachuu dandaa'an, Amaariffa ta'uu isaa Aangoo isaaniitti fayyadamuun dirqiin akka hubatan taasisa turaniiru. Kana irraa ka'uun afaan saba isaanii akka gatii hin qabnetti, kan gatii qabu Amaariffaa akka ta'etti sammuu isaanii keessa keewwatanii guddatu. Kana malees, Yuunivarsitii baratee raawwatee digiriin nama eebbifame garuu, Amaariffa qulqulleessee hanga

ammaatti dubbachuu hin danda’u jechuudhaan hamilee cabsu; itti kolfu. Yaadni kunis taatee hawaasa keessatti qabatamaan sirna raawwatamaa ture calaqqisiiseera jechuu nama dandeessisa.

Obbo Ayyaanaan...“maal beekna maqaan Oromoo itti fookkise jedhaniitika!” Jedhan. Eenyu isaan kan maqaa jijjiiraniif jettee gaafatte Hawwiin. Isaanis “gita bittaa saba Amaaraa kan uummattoota Itiyooophiyaa olaantummaan bitaa jiruudhaka!” Jedhan. Itti fufuudhaanis, Afaan Oromoo afaan boodatti hafaa, yoo ittiin dubbataniifi ittiin maqaa moggaasan akka Amaariffaa hin bareedne, jedhanii sababa tuffataniif Oromoo illee Oromoo jedhanii hin waamanii, ‘Gaallaa’ jechuudhaan maqaa hin taane kan nuti itti of hin waamnee nuu kennanii namummaa keenya dhiitaa jiru.(Isaayyaas 2003, f. 97)

Yaadni armaan olii kun kan agarsiisu, uummatni Oromoo sirna gita bittaa Habashootaa aangoo yeroo sana ofirraa qabuutti fayyadamee uummaanni Oromoo daa’imman isaa seenaa, mudannoo, duudhaafi haala jiruufi jireenya isaarraatti hundaa’ee maqaa moggaafachuun seenaa ofii, aadaa ofiifi afaan ofii akka hinguddifanneef sammun gabroomsee kan ofiitii qulqulluu ; kan isaanii akka waan gatii hinqabneetti hubachiisee bitaa turuu kan agarsiisudha. Kun immoo, warri duraan maqaa Oromoo moggaafatanii ittiin waamamaa turan illee akka itti qaana’an gochuun maqaa jijjiiree aangoo harkaa qabuutti fayyadamee eenyummaan sabichaa akka awwaalamu gochaa turuusaa kan hubachiisuudha.

Kana malees, sirni gita bittaa Habashootaa, uummanni Oromoo eenyummaan isaa sarbamee maqaa ofiisaatii moggaafate akka jijjiirratuuf dhiibbaawwan adda addaa irratti godhamaa tureera. Akkasumas, jibbiinsa saba kanaaf qaban ibsuuf jecha inni ittiin of hin waamne maqaa ‘Gaallaa’ jedhu kennuufiin ilaalcha jibbiinsa sabichaaf qaban mul’isaniiru. Yaadni asoosama kana keessaa fudhatame kunis, dhugaa qabatamaan sirna aangoo siyaasaa yeroo sana ture kan calaqqisiise jechuun ni dandaa’ama. Kun kan inni ta’eef immoo, dhaloonni haaraan ammaa seenaa fi duudhaa Oromoo qoratee kan sirni gita bittaa kun akka hinguddanneefi hinbeekamne gochaa ture kana gadi baasee hubachiisuun eenyummaafi seenaan sabichaa akka ifa bahuufi dhalootaa dhalootaatti akka darbu gahee mataa ofii bahuu kan agarsiiseedha.

Obbo Ayyaanaan, akka jarri oftultotaa jedhanitti beekumsi namaa kan madaalamu, Digirii yookiin dippiloomaadhaan utuu hin ta’in “Afaan Mootii” kan ta’e Amaariffa sirriitti dubbachuu dadhabuu isaatiiniidha. Namni sanyii saba isaatiin madaalama malee Ekoonoomiksii ykn saayintistii yoo ta’aa oole jarri oftultoti namatti hinlakkaa’an. Namni keenyas maal haa godhu ni rakkate malee namni saba isaa jibbu hin jiru. (Isaayyaas 2003, f. 105)

Yaada armaan olii irraa kan hubatamu, sirni gita bittaa habashootaa itti fayyadama aangoo isaanii yeroo sanaa keessaatti sirna Afaan tokko, aadaa tokko, Amantaa tokkoofi Biyya tokko jedhu diriirsuun haala itti Aadaa, Amantaafi Afaan ofii saboota birootti dirqamaan fe’uun kan isaanii akka awwaalamu gochuun kan ofii akka dagaagu gochuu isaanii kan mul’isuudha. Kana malees aangoo qabaniitti fayyadamuun afaan Amaaraa afaan miidiyaa, afaan hojiifi barnootaa gochuun daa’imman afaan dhalootaa isaaniitiin akka hinbaranneefi aadaafi amantaa isaanii akka hindagaagfanne gochuun ciminaan irraatti hojichaa turaniiru.

Kun immoo, dhaloonni sammuu gabroomee Afaan, Aadaafi Amantaa ofii akka gadaantummaatti ilaalee afaaniifi aadaa jaraa akka waan qulqulluu mudaa hinqabneefi waan hundumtuu kan isaanii qofti akka caaluutti akka ilaalani taasiseera. Kanarraa kan ka’e, namni kamiyyuu hamma barbaade baratee dippiloomas ta’e, digirii yoo qabaate afaan Amaariffaa sirriitti dubbisuu, barreessuufi dubbachuu hinbeeku taanaan akka nama barateetti osoo hintaane akka doofaafi jaamaa tokkootti ilaalama. Biyyattii keessaattis carraa hojii kamiyyuu hinargatu. Kanarraa kanka’e uummaatni keenya Afaan Amaaraa akka waaqaatti akka ilaalaniifi Afaan Oromoo afaan abaabilee isaa akka waan gatii hinqabneetti akka ilaalan taasisuu isaanii ifaatti kan ibseedha.

...Garuu, Amaariffa wallaaluun koo qaama namummaa koo keessaa hir’uu akkan qabutti na lakkaa’uun keessan oftuummaa waaqa hin sodaanneedha. Afaan Amaariffaa kan biyya keessanii dubbachuu dadhabuun koo anaaf qaani miti. Afaan alagaati hin komatamu, kan na aarsu garuu doofummaa keessan miti. Finfinnee biyya abbaa koo keessa teessanii anaan nama biyya Ormaa gootanii afaan itti haxaa’achuu keessaniidha. Isintu biyya keenya dhufe malee nuti biyya keessan hin dhufne. Maal godha nu Oromootatu tokkummaa dhabuu keenyatu akkas nu godhe. Minilik miti Goobanaafi gantoota mootota Oromoo bara sanaa tokko tokkotu harka keessan jalatti nu galche.(Isaayyaas 2003, f. 130)

Yaada olii kana irraa kan hubatamu, sirni nafxanyaa kan oftultota jedhamuun beekamu, beekumsi namaa kan madaalamu beekumsa namni tokko barnoota baratee irratti qabu utuu hin taane, beekumsa inni afaan Amaaraa irratti qabu jedhanii amaanaa turan. Kana malees, Afaan Amaaraa dubbachuu daadhabuun akka qaani ta’etti yeroo sirni of tuultotaa dubbataniifi magaalaa handhuura Oromiyaa kan taate Finfinnee keessatti olaantummaa isaanii yoo mul’isan kan agarsiisuudha. Maddi fudhatame kun, sirnuma qabatamaan biyyattii kana keessatti raawwatamaa ture kan ifatti calaqqisiiseedha jechuun ni dandaa’ama.

Yaada kana kan cimsu sirni gita bittaa Habashootaa Aangoo isaaniitti fayyadamuun Afaan Oromoo hunderraa balleessuuf kutannoon hojehaa turuu isaanii kitaabni Dirribii Damusee Bokkuu bara (2015:98) Seenaa eenyummaa Oromoo jedhu akka addeesseetti Mootiin Haayile sillaasee xaaliyaanii baqatee bara 1836- 1841 biyya Ingilizsiitti baqatee yommuu turetyti raadiyoon Jimmarraa Afaan Oromootiin darbaa ture. Haata’u malee, Mootichi akkuma gara biyyaatti deebi’eetti radiyoo sana cufsiisuun barruulee afaan Oromootiin barreeffamaa turan gubsiisaa ture jedha. Egaan kun Sirnoonni gita bittaa Habashootaa Aangoo isaaniitti fayyadamuun Afaan Oromoo balleessuurraatti hagam akka ciminaan hojehaa turani kan addeessudha. Barreessaan Asoosama kanaas, jarri kun Afaan Oromoof jibba isaan qabaniifi namoota Afaan Amaaraa dubbachuufi barreessuu hindandeenye hagam akka diinaatti ilaaluun ariyachaa akka turani kan argisiisudha.

Amaareen “Eci! Eci!” jedhe. Hundi isaanii gidduutti kutanii gara isaa ilaalan. “Maalii?” jedhe Dalasaan dursee, “Titiisatu farsoo isaa keessa seente” jette. Jaalalleen isaa Iyeerusaalem. Dalasaanis, “Dhangalaasi! harkaa fuudhii” jedhe Hawwii ijaan ilaalaa, Hawwiinis birciqqoo dhiqxee yoggaa deebitu “hagam ga’aa! Baayyee guddaadha! Jedhe Amaareen. Iyeerusaaleemis itti aansitee “Lakkii kun guddaadha; ‘Ye Gaallaa zinb’ nawu (Titiisa Gaallaati) jette. Yoona kana Dalasaan, dhiignisaa danfee “Qabi afaan kee! Nuuf eenyuutu titiisa guddaa kenne? Oromootu titiisa horsiisa siin jedhanii? Moo Oromootu titiisaa wajjin firooma qaba siin jedhani? Iyeerusaaleem “Nutu maal goonee yoggaa dubbatan dhageenye, isuma irra deebinee dubbanna malee” jette. (Isaayyaas 2003, f. 175-176)

Yaada armaan nolii irraa kan hubatamu, Sirnoonni gita bittaa nafxanyootaa Oromoo lafarraa balleessuufi sammuun gabroomsanii xinsammuun miidhanii akka lafarraa olhinkaane waan isaan hingodhiin hinjiru. Waan gaggaarii ta’e ofiitti maxxansuun olaantummaa ofii yoo ibsatan waan gadhee immoo uummata Oromoo waliin walqabsiisuun akka xiinsammuun isaa miidhamu gochuun gadi qabani bitaa turaniiru. Ummaanni Oromoo erga sirna gita bittaa Nafxanyootaa jalatti kufee waan baayyee dhabeera. Maqaa baayyees argateera. Makmaaksi baayyeenis itti mammaakameera. Kanarraa kankaa’e, eenyummaa, Aadaa, Amantaafi Duudhaa isaattillee akka hinfayyadaamne gochuun dirqiidhaan akka inni kan isaanii leellisu gochuun kan Oromootaa akka awwaalamu gochaa turaniiru.

Akkuma barreeffama armaan olii irraa arginu, jecha baayyee nama miidhu Iyyerusaalem dubbatteetti Dalasaan aaree yoo banbanu argina. Akkuma kana Gootootni Oromoo baayyeen

dhimma Oromoo irraatti takkaa callisanii hin teenye. Qabsoo hadhooftuu taasisuun baayyeen isaanii itti wareegamaniiru. Jiruufi jireenya isaanii dhabaniiru.

Yaada kana Mohamed Sayid (2009/2017:110) irraatti yoo ibsu “Sirni nafxanyaa kan walduraa duubaan biyyattii kana keessaatti mooye hundi , Oromoo akka diinaafi alagaatti qixa gabrummaatiifi cunqursaa hamaan akka bitaa turan seenaan raga baha. Kanarraa kan kaa’e cunqursaan Oromoorraatti hammaattee walqixxummaan sabaafi sablammootaa dhabamtee , Afaan ofiitti fayyadamuun orgamee, Seenaan saba Oromoo dhokatee, Aadaan isaa awwaalamee, lafaafi qabeenyi isaa saamamee, jireenya afaan wallaalanii rakkoofti cinqaan guyyaa guyyaan ida’amaa deemnaan akkuma Oromoota jaarraa kudha arfeessoo sanaatti bara 1950 qabsoon bilisummaafi birmadummaa eegalante.”

Yaaduma kana Mohaamed (2009/2017:214) yoo ibsu “Kaayyoo abbaa biyyummaatiif jecha Oromoota kumaatamaatti lakkaa’amantu lubbuu itti dhabe. Bilisummaafi birmadummaaf jecha ilmaan Oromoo hedduutu qaamaan naaffate.Oromoota baayyeetu jireenya isaaniifi qe’ee ofii itti dhabe. Kanarraa kanka’e, bara kudha sagal jahatamoota keessa Mootummaan Nafxanyaa Oromummaafi Oromoota tooftaa adda addaatiin fayyadamee lafarraa balleessuuf kan durii irra caalaa haala hamaan waan itti fufeef barattooni tokko tokko waa’ee mirga Oromootiif yaaduufi cinqamuu eegalani.

Egaan yaada armaan olii irraa kan hubataamu Sirni gita bittaa Habashoota walduraa duubaan aangoorra turan hundinuu Uummata Oromoo sammuu gabroomsanii bituufi eenyummaa isaa awwaalanii eenyummaa ofii isaanii bocaniifii kennuufii, Afaan isaa ukkaamsanii afaan isaanii akka itti fe’aa turaniifi Aadaafi duudhaa isaa dhoksaanii dirqamaan aadaa isaanii akka leellisu gochuun aangoofi siyyaasa isaanii akka isaaniif toluutti bocanii Uummata Oromoo cunqursaafi gidirsaa akka turani kan ibsuudha. Kana baachuun kan itti ulfaate Oromoonni hedduun immoo, sabaaba gaaffii mirgaa gaafataniifi birmadummaa saba isaaniif qabsaayaniif rakkooleen jajjabduun sirna nafxanyoota kanaan akka isaan irra gahaa ture kan addeessuudha.

Barreessaan kitaaba Asoosama Hawwii Isaayyaasiis barreeffama armaan olii keessaatti rakkoo gurguddoo uummata Oromoo irra gahaa tureefi Eenyummaa isaa awwaalanii eenyummaa fokkisaa jarri kennaniifii ittiin cunqursaa turaniifi qabsoo ilmaan Oromoo yeroo sana ture ibsuu yaaleera.

Sirni yaada olii kana irraa hubatamu, ilaalcha oftuummaa sabni Amaaraa saba Oromoof qabu, akka waan uumamni namummaa isaanii gadi ta'ee of kan dhiitessan. Aangoon isaan harka waan jiruuf waan badaan kan Oromooti. Maqaan sabichi ittiin of waamu Oromoo ta'ee osoo jiruu maqaa inni ittiin of hin waamne 'Gaallaa' jechuun maqaa sabichi ittiin of hin waamne moggaasanii waamaa turan. Kun kan agarsiisu hamilee dhabanii sammun garboomsanii akka Oromummaa isaanii gatani isaan ta'an, akka isaanitti amanan yaalan. Hojii kalaqa xiinxalame kana keessatti sirni aangoo siyaasaa uummata Oromoo irratti godhamaa ture kun sirna qabatamaan mul'ataa tureen kan wal-simatee dhihaate ta'uun isaa xiinxala taasifame irraa hubachuun dandaa'ameera.

Haala jiruufi jireenya dhala namaa keessatti siyaasni addunyaa kanaa akka lafee dugdaa ta'eetti ilaalama. Asoosama akka madda ragaatti filatame kana keessatti haalli aangoo siyaasaa uummata Oromoo baroota darbanii fi kan ammaa keessatti ibsameera. Kana malees, shira diinotni Oromoo ittiin gadi qabaa turan kallattiifi al-kallattiin ibsamee jira. Kanaaf, Asoosamni filatame kun, haala itti fayyadama aangoo fi siyaasaa biyyattii keessatti uummatni Oromoo maal akka fakkaataa ture seenaa qabatamaa bu'uura godhachuun haala armaan gadii kanaan akkuma Asoosama hawwii keessaatti ilaaluun danda'ame Asoosama yoomi laataa? Kana keessaattis itti fayyadama Aangoo fi siyaasaa ilaalchisuun qorataan odeeffannoo achi keessaa sassaabbate akka armaan gadiin xiinxaluun dhiyeesseera.

Mootummootni Ameerikaa kaabaa fedhii isaaniitiin walii galanii mootummoota Ameerikaa gamtoomanii (U.S.A.) hundeeffatan illee sirna diimokiraasii nurraa baratan jechuun ni dandaa'ama. "...Baay'inaafi baldhina lafa Oromiyaa irraa kan ka'e mootummootni naannoo garaagaraa giddu-gala Gadaa isaanitti dhihaatu jalatti waggaa sadeetitti walitti dhufanii seera tumanii seera tumame sana fudhatanii gara mootummoota naannoo isaanitti deebi'uun wal bulchu." (Isaayyaas 2002, f. 33)

Yaadi armaan olii kitaaba Asoosamaa Yoomi Laataa? Kan Isaayyas Hordofaan barreeffame irraa kan fudatame yoota'u, Uummatni Oromoo sirna bulchiinsa dhugaafi dimokiraasii Addunyaaf fakkeenya guddaa ta'aniin akka walbulchaa ture kan ibsudha. Kunis sirna bulchiinsa Gadaa yommuu ta'u, siyaasni isaas walqixxummaafi hirmaachisaadha. Aangoon isaas dangayaa yommuu ta'u waggaa saddeet saddeetiin kandarbuudha. Yaada kana Dirribii (2015:148) yoo ibsu "Gadaan jaarmiyaa umuriifi dhalootaan ijaarame, sirna ittiin bulmaataa dimokiraatawaa ta'e uummata Oromootiin uumameedha. Dimokiraasiin gadaa dimokiraasii warra Lixaayyuu ni caala." Jechuun ibsa.

Haaluma kanaan, Sirni yaada kana irraa mul'atu, biyyootni yeroo ammaa kana sirna diimokiraasii dhugaa hordofuun karaa nagaa aangoo walitti daddabarsaa dhufaniif bu'uurri isaa Sirna Gadaa uummatni Oromoo ittiin bulaa tureen kan wal-qabatuudha. Uummatni Oromoo osoo baay'inni uummataafi bal'inni lafa isaa isa hin daangessin waggaa saddeet- saddeetiin bakka tokkotti walitti dhufanii haala wal-fakkaatuun seera tumatanii, seera tumatan kana fudhatanii gara naannoo dhufanitti deebi'uun sirna tokko jalatti bulaa turaniiru. Kana malees, uummatichi tokko ta'ee sirna aangoo siyaasaa mataa isaa qabaataa tureera. Yaadni ijoon hojii kalaqaa kana keessaa fudhatame kun, sirna aangoo siyaasaa uummata Oromoo irratti xiyyeffachuun sirna hawaasicha keessa ture calaqqisiiseera.

Barri hidhaan garbummaa nuti itti hidhamne kun nurraa cite lafa bu'u bara ilmaan Oromoo bu'aa dhuunfaa isaaniif fiiguu dhiisanii mirga saba isaaniif akka nama tokkootti qabsaa'uu jalqabaniidha. ...Bara walitti duuluu dhiisnee kan harkaafi miilla nu hidhetti tokkummaan duuluu jalqabneedha. ...gaafa Oromooti hundi utuu humni isaanii hin hiramiin akka nama tokkootti socho'aniidha. Godinaan, koonyaana, aanaadhaan, lagaan wal-qooduu dhiisnee gaafa Oromoon tokko, Oromiyaan biyya tokkoo jechuu dan deenyuudha. Kanas kan wal-taasisu gurmuu cimaa nu barbaachisa. (Isaayyaas 2002, f. 67)

Yaadi armaan olii kan inni fudhatame Kitaaba Asoosamaa Isaayyas Hordofaa Yoomi laataa? Keessaa yommuu ta'u, qabiyyeen isaas sirni Nafxanyootaa Aangoofi siyaasa isaaniitti fayyadamuun saba Oromoo gidduutti garaa garmuu uumuun akka isaan tokko hintaane gochuun qoqqoodanii bitaa turuu isaanii kan ibsuudha. Akkuma eekamu tooftaa sirni Nafxanyaa ittiin uummata Oromoo gadi qabee bitaa ture keessaa inni guddaan hawwaasa gidduutti garaagarummaan akka umamu gochuun akka sabni guddaan kun tokko hintaane gochuun cabe bitaa ture. Akka yaadni armaan olii ibsuutti, Uummaticha keessaa namoota fedha aangoofi maallaqaa qaban keessa keessaa fudhachuun amantaan, lagaan, sabaaniifi aadaan addaan qoqqoodee tokkummaa sabichaa diiguun akka isaaf ta'utti cabsee bitaa turuu kan ibsuudha.

Akkuma beekamu Mootoonni Habashootaa Minilikirraa Hanga Mootummaa yaadigiitti tooftaa bittaa wal irraa fudhachuun Oromoota warra Aangoofi maallaqa jaallatan; warra garaaf malee eenyummaa isaaniif dhimma hinqabne qabachuun akka Oromoon tokko hintaane gochuun lagaaf qomoon akka walqoqqoodan gochuun waliitti duulchisuun akka wal nyaatan gochaa turaniiru. Warreen haalli hundumtuu galeefii Oromoo tokkoomsuurraatti karaa adda addaa hojetan immoo, taappeellaa garaa garaa itti maxxansuun kaan lubbuudhaan yommuu dhabamsiisan kaan immoo,

biyya dhiisanii akka godaanan gochaa turaniiru. Barreessaan kitaabilee kanneenii Isaayyas Hordofaas kutaa armaan olii keessaatti isuma kana ibsanii jiru.

Yaada armaan olii kana ilaalchisuun Muhammad Kadir (2009/2017:264-2654) akka ibseetti “Bara dheeraa Moototiin Nafxanyootaa kan wal duraa duubaan Oromoo sadarkaa gabrummaatiin bitaa turaan hundi, tooftaa walfakkaatuun fayyadamaa turani. Tooftaan isaaniillee sirni isaanii haqaafi walqixxummaa sabaatiif kan dhaabbate of fakkeessuun Oromootti fayyadamuun Uummatichaarra miidhaa adda addaa irra geessuu akka ta’e, ragaaleen seenaa darbee hundi ni mirkaneessa.

Yaada olii kana irraa kan hubatamu, uummatni Oromoo yeroo dheeraaf humnaan hidhamaa, garbummaa jala kan tureedha. Hidhaa garbummaa bara dheeraa kana jalaa ba’uuf, ilmaan Oromoo tokko tokko bu’aa dhuunfaa isaaniitiif fiiguu dhiisanii mirga saba isaaniif yeroo qabsaa’uu jalqabaniidha. Kana gochuuf gaaddisa siyaasaa tokko jalatti gurmaa’uun barbaachisaa akka ta’e ibsameera. Haaluma kanan, sirna aangoo siyaasa biyya tokkoo keessa jiru jijjiiruuf, gamtaan socho’uun murteessa akka ta’uu qabu kan agarsiisuudha. Uummatni Oromoos hidhaa garbummaa jalaa ba’uu kan danda’u, gaaddisa gurmoo tokko jalatti tokko ta’uun barbaachisaa akka ta’e waliif dhaamaa tureera. Yaadni asoosama kana keessaa fudhatame kun taateewwan sirna aangoo siyaasaa uummata Oromoo keessatti uumamaa ture dhiheesseera.

...Garuu haala sirna nafxanyootaa ta’ee bu’aa tokko tokko kennuudhaan Oromoota ergachuun tooftaa Atsee Minilik itti fayyadaman muuxannoo fudhachuudhaan ture. ...Dhaga’i Taaddasa ati Yefidal Saraawitii amma jalqabne kana sababii godhattee uummata hundaan baradhaa jettee dadammaqsaa jirta. ...Nutii ammoo uummata Gaallaa kana wallaalummaa keessatti tursinee waggoota dhibba of duubatti yoo hambisne malee isaan galaanadha. Nu liqimsuu danda’u. (Isaayaas 2002, f. 74)

Akkuma beekamu Sirni (Ideology) gita bittaa Nafxanyootaa sodaa uummata Oromoo irraa qaban irraa kankaa’e uummatichi tokko akka hintaanee fi barnoota akka hinargaanne gochuun bitaa turaniiru. Yaadi barreessaa kanaas kan inni ibsu sirnoonni Nafxanyaa aangoo harkaa qabaniitti fayyadamuun dhiibbaa isaan gama adda addaan uummata Oromoorraan gahan kan agarsiisuudha. Keessumattu siyaana sirna Nafxanyootaa yeroo sana ture “barnoota lammii hundaan gahuu kan jedhuufi yefidel seraawwit” jechuun sabaafi sablammoota afaan dhalootaa isaanii kan hinta’iin Afaan Amaaraa humnaan akka barataa turan kan gochaa turan yommuu ta’u, isumayyuu immoo uummanni Oromoo akka hinbaranne kan jedhu ilaalcha keessoo isaanii guyyaa sana diingata

saaxilamuu agarsiisa. Akka yaada kanaatti Uummaatni Oromoo barachuu hinqabu yoo barate nu hinbitamu yaada jedhu kan of keessaa qabudha.

Akka Muhaammad Kadir (2009/2017) ibsuutti sirnoonni gita bittaa Nafxanyootaa tooftaa bittaa walharkaa fudhachuun uummata Oromoo cunqursaa turaniiru. Keessumattuu dhimma barnootaafi diinagdee irraatti uummatiichi akka ol jechuu hindandeenyeetti miidhaa turaniiru. Kun immoo, akka Muhaamed Jeneraaltiichi Nafxanyootaa Habtewald jedhamu affeerraa irbaataa tokko irraatti Jeneraal Taaddasaa Birruutiin Habashaadha se'ee icitii kana akka gadi baase ibsee jira. Kanarraa kanka'e Jeneraal Taaddasaaniis qabsaahota Oromoo yeroo sanii duraan qabsoo Oromoof affeeramee turee dideetti makachuun qabsoo Oromoo itti fufuu ibsameera.

Sirni aangoo siyaasaa as keessatti ibsamee jiru Sirna (ayidooloojii) Minilik yommuu ta'u, Minilik gaafa Oromiyaa garboonfatee of jala galchu ciminaafi meeshaalee waraanaa argateen qofa osoo hin taane, ilmaan Oromoo tokko tokkootti faayidaa dhuunfaa kennuun uummata isaanii irratti duulchisaa tureera. Namootni faayidaa dhuunfaan qabaman kun, Minilikiifi aanga'oota isaatti karaa agarsiisuun biyya Oromiyaa akka garboomtu gochaa turaniiru. Erga Minilik aangoo gadhiisees, mootummootni biyya keenya bulchaa turan tooftaa Minilik kanatti gargaaramaa turaniiru. Uummatni Oromoos tooftaa isaan itti dhimma ba'aa turan kanatti dammaqee ilmaan isaa karaa irraa goran kana karaatti deebisuun barbaachisaa ta'uu isaa ibsaa turaniiru.

Kana malees, aanga'ootni mootummoota darbanii miidhaafi dabni uummata Oromoo irratti raawwataa turan waan xiqqoo akka hin taane namatti agarsiisa. Bal'ina dacheefi baay'ina uummata Oromiyaan qabdu kana sodaachuun, uummatni Oromoo akka hin baranneef dhoksaan shira irratti xaxaa turaniiru. Kana kan mirkaneessu jecha ministeerri Akililuu Habte Waldi J/Taaddasaa Birruutti dubbatan kanaaf ragaadha. Yaada ministeerichaa irraa kan hubatamu uummatichi baratee jennaan bituun akka hin dandaa'amne waan hubataniif, wallaalummaa keessa tursanii umurii isaanii guutuu bituuf karoora qabaachuu isaanii namatti agarsiisa. Yaadni hojii kalaqaa kana keessaa fudhatame kun, sirna qabatamaa tooftaa bulchitootni biyya keenyaa ittiin bulchaa turan kan calaqqisiiseedha.

Kana malees, barnoonni hammayyaa erga gara biyya keenyaa galee kaasee Hayyoonni garaa garaa uummata Oromoo barsiisuuf yaaliifi carraaqii adda addaa taasisaa turuun isaanii

beekamaadha. Keessumattuu bara mootummaa Jaanooyi keessa Abbaa Gammachiisfaa Lixa Oromiyaa irraatti barnoota kennuu jalqabanus hinaaffaafi soda mootoota Habashootaarraa kankaa'e sababoota adda addaa itti funaanuun hawaasa itti duulchisuun barnootichi akka addaan citu taasisaa turaniiru. Kanarraa kankaa'e qabsaayoonni Oromoo hedduun laga galanii mirga saba isaanif qabsoorra turaniiru. Yeroo sana J/Taaddasaa Birruu dhimma barnootaarraatti hojichaa waan jiruuf carraa Mootiin Haayile Sillaasee hawaasni akka baratuuf dhaadannoo "Yefidel Serawit" jedhee baaseetti gargaaramuun uummatni Oromoo baroota hedduuf barnoota dhabe ture akka baratuuf sochii gochaa ture dangessuun labsiin bahe saba Oromoof akka hintaane yoo itti hiimamu J/Taaddasaan amanuu dadhabe. Guyyaa sana irraa kaasees waa'ee uummata Oromoof qabsaawota Oromootti makame.

Kanaafii Sirni gita bittaa Habashootaa Uummaatni Oromoo waggoota hedduudhaaf barnoota akka hinbaranne gochuun doomsanii bitaa turuu isaanii kan ibsuudha.

Akka seera mootummaa H/Sillaaseetti namni hojii loltummaa keessa jiru siyaasaa keessa seenuu hin qabu. Garuu J/Taaddasaa Birruu sodaa tokko malee mirga Oromootiif qabsaa'uuf ejjennoo cimaa qabaniin itti fufan. Jibba sirna nafxanyaa irratti qaban ifatti mul'isuurra darbanii sirna nafxanyaa kana barbadeessuuf mala dhahuu jalqaban. J/Taaddasaan...Barachuufi utuu hin baratin hafuun akka wal-caalchisu dagachuu hin qabnu. Namni barate mirga isaa gaafata. Namni hin baranne booddeetti hafuun isaafi namaa gadi ta'uun isaa itti dhagaa'ama. Gatii bilisummaa beekke mirgi koo kana jechuun kan danda'u nama barate qofadha. (Isaayyaas 2002, f. 75)

Sirni yaada armaan olii keessaatti argamu sirna(Ayidooloojii) Haayile Sillaasee akka ta'e beekamaadha. Ayidooloojiin kun babal'ina barnootaa ilaalchisuun aadannoo "Yefidel seraawit" jedhuun barnoota lammii hunda barsiisuuf kan bahe yommuu ta'u, garuu immoo Uummaanni Oromoo akka hinbaranne kan jedhu dhoksaadhaan kan murtaawe ture. Akkuma beekamu sirni Nafxanyootaa walduraa duubaan Ummata Oromoo gabroomsanii bitaa turani qabsoo Oromotaa dabalatee Uummatiicha kallattii maraan akka olhinkaane itti duulaa turuun isaanii ni yaadatama. Yaadni kitaaba Asoosama Yoomilaataa? Keessaa fudhatame armaan olii kunis kanuma addeessa. Akka yaada kitaaba kanaatti Sirnoonni gita bittaa kun Uummaatni Oromootaa kallattii kamiinuu barnoota waliin akka wal hinagaarre cimsanii irraatti hojichaa turaniiru. Sabaabni isaa immoo, uummatni kun yoo barnoota argaate olaantummaa isaanii akka isaan irraa fudhaatu dursanii tilmaamaniiru. Akka Muhammad Kadir (2009/2017:130-131) ibsuutti ergamaa Mootii Haayile Sillaasee kan ture Akiliiluu Habte Waldi kan jedhamu Affeerraa

irbaataa tureerraatti Birgaadeer Jeneraal Taaddasaa Birruutiin Waamee Uummatni Oromoo akka hinbaranne akeekkachiise. Sabaabni inni dhiyeesse immoo, uummata kana yoo barsiisne isaan Garba waan ta'aniif nu dhuunfatu kan jedhu ture. Akiliiluun yaada kana B/J/Taaddasaa Birruutti kan inni dhiyeesse Jeneraalichi yeroo loltuu Ingilizootaarraa gara looltuu Itiyoophiyaatti makame Unka qacarrii guute irraatti sabummaa isaa Manzee jedhee waan guuteef Akiliiluun Jeneral Taaddasaatiin Amaara se'ee yaada kana dhiyeesseefii.

Guyyaa sanirraa kaasee Jeneraal Taaddasaa Birruu Seera biyyattii yeroo sanaa Loltoonni siyaasa biyyaa keessa seenuu hinqabani jedhu cabsuun Waldaa maccaafi Tuulamaatti makachuun Uummata Oromoof qabsoo eegale. Aadannoon isaa yeroo sanaas “Lammiin barate gaaffii mirgaa gaafata sabni Oromoo barachuu qaba” kan jedhu ture.

Yaada armaan olii irraa kan hubataamu, Sirnoonni gita bittaa Habashootaa tooftaa bittaa walduraa duubaan walirraa fudhachuun sirna (Idiology) olaantummaa saba tokkoo leellisee saba biro immoo gadi qabee gabrummaan ofjalaatti bituun olaantummaa saba tokkichaa itti fufsiisuuf carraaqu hundeessuu ture. Kana gochuudhaafis Sirni (Idiology) kun qabsaayota Orooo ajjeesuuniifi lafarraa balleessuun faashistummaa(Genocide) gaggeessuun qabsoo Oromotaa kan boodatti deebisu waan itti fakkaateef ture. Haata'u malee gochi kun hinumaayyuu qabsaayota hedduu kanneen akka jajjabeewwan akka Jeneral Taaddasaa Birruufaa horachuun sirnichaatti mataa dhukkubbii ta'ee ture.

Walumaa galaatti Yaadi armaan olii namni sabaafi biyya isaaf yaadu aangoon mootummaa hanga fedhe yoo itti kenname miidhaafi hacuuccaa saba isaa irra ga'u callisee hin ilaalu. Haa ta'u iyyuu malee, gantuufi sobduun lammii ishee dabarsitee diinatti kennitu hin dhabamti jechuu miti. Namni dhuguma saba isaa jaallatu garuu mootummaan hanga fedhe aangessuufi seera adda addaa itti baasuun akka saba isaaf hin qabsoofne daangaa itti godhus miidhaafi dararama saba isaa irra ga'uuf qabsaa'uun kan hin oolledha. Kanaaf, fakkeenya gaarii kan ta'u tarkaanfii J/Taaddasaa Birruu qabsoo mootummaa H/Sillaasee irratti taasisaa turan hubachuun ni dandaa'ama. Qabsoo saba isaaniif taasisan kana keessatti bu'aa barumsi qabu murteesaafi barbaachisaa akka ta'e bakka deeman hundatti uummata isaaniitiif dhaamsa dabarsaa turaniiru.

Kana malees, dhaamsa isaanii kana keessatti namni barate mirgaafi dirqama isaa beekke, mirgaa isaaf dubbachuu kan danda'u ta'uu isaa irra deddeebi'anii dubbataaniiru.Barachuu dhabuun

garuu, namaa gadi kan nama taasisuufi gufuu guddaa bilisummaa ilmaan namaa akka ta'e ibsee jira. Kun ammoo, sirna yeroo ammaa kana adduunyaa kana irratti mul'atuudha. Sirna adduunyaa irra jiru kana hubachuun gootichi ilma Oromoo J/Taaddasaa Birruu bu'uurri mirgaafi bilisummaa ofii gonfachuun barumsa akka ta'eefi uummatni Oromoo bal'aan barachuu akka qabu saba isaaf dhaamaa tureera. Bara mootummaa H/Sillaasee keessatti hoogganaa duula barumsaa (Yefidal Saraawiti) ta'anii wayita hojjetaa turan dhaamsa kana dabarsaa turaniiru. Sirni asoosama kana keessatti ibsame miidhaa sirna aangoo siyaasaa uummata Oromoo irratti raawwatamaa ture calaqqisiiseera jechuun ni dandaa'ama.

J/Taaddasaa...lafa Oromiyaa keessa iddoo adda addaa dhaquudhaan uummata dadammaqsu...wal-ga'ii uummata Mettaa Roobiifi Ada'aa Bargaa irratti dubbii dubbatan irratti; ...Akkuma jedhame yoo fedhii qabaanne waanti dadhabnu hin jiru jechuudhaan qabsoodhaan bilisoomuun akka dandaa'amu uummata Oromoo yeroo barsiisan dhaga'eera. (Isaayyaas 2002, f. 76)

Yaada armaan oliirraa kan hubataamu Ayidooloojii warra Haayile Sillaasee Oromoo barnoota dhowwachuun bituu qabna jedhu yookaan immoo uummaanni Oromoo galaana yoo barnoota argate nu dhaala jedhu cabsuuf qabsoo gitaa qabsaayoonni Oromoo waliin taasisaa turan kan addeessuudha. Sirni yaada dhihaate kana keessa jiru kunis, namni tokko waan yaade sana bira ga'uuf duraan dursee waan itti yaade sanatti amantaafi kutannoo cimaa irratti qabaachuun murteessaa akka ta'e ni hubatama. J/Taaddasaanis, yaaduma kanatti amanuun uummatni Oromoo gamtaan qabsaa'uu akka qabu dachee Oromiyaa bal'oo keessa deemuun uummataa isaaniitiif dhaamsa dabarsaa turaniiru. Dabalataan, uummatni Oromoo hanga mirga guutuu argatutti cimee qabsoo isaa finiinsuu akka qabu dubbataniiru. Biyyi adduunyaa kana irraa osoo qabsoo hin geggeessiin mirgaafi bilisummaa ishee gonfate hin jirtu. Haalli adduunyaan yeroo ammaa kana keessa jirtu, dhugaa dhihaate kana irraa adda miti. Sirni hojii kalaqaa kana keessatti ibsames, haala sirni aangoo siyaasaa uummatni Oromoo keessa ture kan calaqqisiiseedha jechuun ni dandaa'ama.

J/Taaddasaanis Onkoloolessa 23 bara 1959 loltootaafi hoggantoota waranaa tokko tokko wajjin tahuun mootummaa nafxanyaa aangoo irraa buusuuf tarkaaanfii tokko tokko fudhatanii turan. Haa ta'u illee malee sababii gantoota tokko tokkoon karoorri isaanii utuu fiixaan hin ba'in hafe. (Isaayyaas 2002, f. 77)

Ayidooloojii warra Haayile sillaaseefi Nafxanyootaa Oromootarraatti karoorfame cabsuudhaaf qabsoo Gootoonni Oromoo taasisaa turan yaada armaan olii kana keessaatti ka'ee jira. Haata'u

malee sababa gantoota warra sirna Haayile Sillaasee leellisaniin bitamani irraa kankaa'e yaaliin qabsaayoonni Oromoo sirniicha cabsuuf taasisaa turaani otuu galma hingahiin hafuu isaa yaadi armaan olii lafa kaahee jira. Sirna as keessa jiru yoo ilaalle, J/Taaddasaan miidhaafi hacuuccaa mootummaan H/Sillaasee uummata irraan ga'aa jiru kanatti aaruun namoota humna waraanaa hogganan tokko tokko wajjin ta'uun fonqolcha mootummaa geggeessuuf yaalii gochaa kan turan ta'uu agarsiisa. Haa ta'u malee, namootni isaan wajjin mari'atan tokko tokko iccitii isaanii baasuun gurra mootummaa biraan ga'ameen kaayyoon isaanii karaatti hafeera. Kana booda carraan J/ kanaa mana hidhaa ta'eera. Ajajaa olaanaa mootummaa ta'ee osoo jiruu, bilisummaa saba isaaf jecha miidhaa hamaan akka irra ga'aa ture seenaan ragaa ba'a. Akkasumas, J/Taaddasaa qofa utuu hin taane hoggantootni waldaa Maccaafi Tuulamaas basaastota mootummaa H/Sillaaseetiin himatamanii hidhamaafi aarsaa lubbuu kaffalaa turaniiru. Yaadni asoosama kana keessatti dhihaate kun, sirna aangoo siyaasaa qabatamaan qabsaa'ota ilmaan Oromoo Waldaa Maccaafi Tuulamaa geggeessaa turan irratti raawwatamaa ture kan calaqqisiiseedha.

“...akka seera mootummaa Itiyoophiyaatti ykn akka seera adaba yakkaatti ajajaan waraanaa tokko mallattoon aangoo isaa irraa fudhatamee hidhamuu kan danda'u manni murtii ykn mootichi yoo ajajan qofaadha. Ani immoo Oromoo waanan ta'eef lamaanuu utuu hin ajajiin mallattoon jeneraalummaa koo narraa fudhatamee jira. Anaafi kan ana fakkaatuuf seerri akka hin hojjenne waanan hubadheef deebii qopheeffadhee falmachuun faayidaa kan qabu natti hin fakkaanne.” (Isaaayyaas 2002, f. 77-78)

Sirni (Ayidooloojii) warra Haayile Sillaasee Oromoota cabsanii mata gadi qabachiisanii bituufi olaantummaa Nafxanyootaa agarsiisuu akka ta'e madden garaa garaa ni eeru. Yaada armaan olii irraas wanti hubatamu kanuma. Kanarraa kankaa'e, namni sirna kana hinfudhanneefi mormee argame akkaataa seeraafi heera biyyattii maqaaf lafa ta'ee jiruun osoo hintaane akkaataa Aayidooloojii yeroo saniitiin murteen kennamaa turusaa kan agarsiisedha. Sirni yaada kana keessa jiru inni biroon immoo, mootummaan H/Sillaasee ilmaan Oromoo irratti seera biyyattii diiguun seeraan ala qabee yoo barbaade ajjeesaa, hidhaafi reebicha irraan ga'aa tureera. Kun seenaa dhugaa J/ Taaddasaa Birruu ajaja mana murtii ykn mootichaan ala qabaniin mallattoo jeneraalummaa isaa irraa fudhamee mana hidhaatti darbatamuu isaati. Yaadni asoosama kana keessaa fudhatame kun waan qabatamaa sirna aangoo siyaasa mootummaa H/Sillaasee keessatti qabsaa'ota ilmaan Oromoo irratti raawwatamaa ture kan calaqqisiiseedha.

J/Taaddasaan...Nama hidhamuufi du'a sodaatee kaayyoo isaa irraa booda hin jenne ta'uu isaanii irra deddeebi'anii ifa godhaniiru. ...mootumaan nafxanyaa kun J/Taaddasaa ummata isaanii keessaa faggeessuuf Awaziin keessatti akka hidhaman murteesse. ...garuu kutaan biyya Harargee koonyaa Habroo magaalaa Galamsoo keessa to'annaa hidhaa ijaajjii irra akka turaniif achitti geessamaniiru. "...Achittis ummata wajjin wal- qunnamuudhaan Oromoon qabsoo bilisummaa isaaf akka qabsaa'u dadammaqsaa jiru malee abdi kutatanii hin teenye. Fakkeenyaaf, qabsaa'ota kan akka Ahimad Taaqii wajjin,...ijoollee Oromoo isaan bosona Carcar keessatti bilisummaaf qabsoo hidhannoorra jiran kan akka Elemoo Qilxuu wajjin dhoksaadhaan wal-argaa gorsa kennaa akka jiran oduun dhagaa'amee jira. (Isaayyaas 2002, f. 78)

Ayidooloojiin Nafxanyootaa Oromoof faayidaa tokkollee akka hinbuusne kan hubataani qabsaayoonni bara sanii mana hidhaa keessaattiifi dhoksaadhaan eddo garaagaraatti wal arguun akkaataa itti sirmi(Aayidooloojiin Haayile Sillaasee cabee butuutu mariyaachaa turuu isaanii yaada armaan olii irraa hubachuun rakkisaa miti. Sirna yaada kana keessatti dhihaate, gootni sabaafi biyya isaa jaallatu utuu hidhaafi ajjeechaan isa hin sodaachisin bilisummaa saba isaatiif qabsaa'a. J/ Taaddasaa Birruu qabsoo taasisan keessatti qooda olaanaa raawwataa turaniiru. Qabsoo isaan godhan kana boodatti deebisuuf, mootummaan H/Sillaasee uummata Oromoo irraa fageessee hidhaa ijaajjii jala akka turan gochaa tureera. Kana malees, Mootummootni biyya keenya bulchaa turan kun, tooftaa isaan qabsoo kana dadhabsiisuuf yaalan keessaa tokko nama cimaa uummata isaaf qabsaa'uufi uummata biratti dhageettii guddaa qabu uummata irraa fageessee hidhuun kan baratameedha. Mootummaan H/Sillaasee, J/Taaddasaa fi sabboontota Oromoo kanneen biroo irratti haala kana raawwataa tureera. Haa ta'u malee, kaayyoon mootummaan qabatee ka'e kun utuu galma hin ga'in karaatti hafe. Calaaqqeen asoosama kana keessatti dhihaate, seenaa aangoo siyaasa mootummaa H/Sillaasee qabsaa'ota ilmaan Oromoo irratti raawwataa ture ifatti baasee calaaqqisiiseera.

Elaa mootummaan H/Sillaasee Oromoo mirga isaanii kabachsiisuuf qabsaa'an humnoota tokkummaa biyyaa diiguuf socho'an jedhee baay'ee ajjeesaafi mana hidhaatti darbachaa jira. Kana gochuu haa danda'u malee kaayyoo Oromootaa dhabamsiisuu hin dandeenye....H/Sillaaseen bara jalqaba aangoo mootummaa qabatan fakkeenyaaf, bara 1928 (a.l.Awu. 1936) hoggantootni Oromoo dhihaa 33 tahan dura taa'ummaa Dajjaazimaachi Habte Maariyaam Kumsaa Morodaatiin mootummaa konfedereeshinii Oromoo dhihaa hundeesuun akka mootummaatti beekamummaa argachuuf mootummaan Ingilizii deeggarsa akka isaanii godhuuf xalayaa barreessan. Kunis Qonsillii Ingiliziin magaalaa Goreetti argamu mootummoota gamtoomaniitti akka isaanii dhiheessuuf xalayaa itti ergatan. Qonsillii Ingilizii garuu gaaffii isaanii harkaa fuudhuu dide. (Isaayyaas 2002, f. 84-85)

Akkuma beekamu Sirni (Ayidiyooloojiin) Haayile Sillaasee isaan sanyii filatamoo Mootii moototaati, waaqayyoon filataman akka ta'aniifi mootiin Itiyoophiyaas sanyii isaanii keessaa qofa akka filatamu ta'uu kan ibsuudha. Kanarraa kanka'e qomoo isaanii akka qomoo addaattiifi qulqulluutti yeroo yaadaani sabaafi sablammii biro immoo akka qomoo hintaanee yookaan yartuu tokkootti ilaalu turan. Sabaaba kanaatiif jecha Uummata Oromoo dabalatee sabaafi sablammoota biro irraa mormiin garaa garaa mootoota Nafxanyootaa kana akka mudachaa ture seenaan ni ibsa. Akka yaada barreessaa Isaayyas Hordofaa armaan oliittis Mootiin Nafxanyootaa Haayile Sillaaseen mormii isa mudaate kana dabsuun akka yakkaatti fudhachuun hidhaafi ajeesaa turuu ibsa.

Yaada armaan olii kana irraa hubachuun akka dandaa'amutti, bara mootummaa H/Sillaasee keessa Oromootni mirga isaaniif falmaa turaniin humnoota tokkummaa biyyaa diiganiifi dhiphoo ittiin jechuun rakkoo adda addaa irraan ga'aa tureera. Miidhaafi ajjeechaa irratti haa fudhatu iyyuu malee, kaayyoo isaan qabatani socho'aa turan kana balleessuun hin dandaa'amne. Sirni asoosama kana keessatti dhihaate kun, sirna aangoo siyaasaa Uummatni Oromoo mootummaa H/Sillaasee keessa ture kan calaqqisiiseedha.

Dhalachuun Waldaa Maccaafi Tuulamaa akkasumas qabsoon qonnaan buloota Oromoo, Oromoota miliyoonaan lakkaa'aman sochoosuudhaan akka isaan sirna bututaa kana rukutan gochaa jira. ...uummatni Oromoo barri inni cunqursaa sirnoota nafxanyaa tole jedhee fudhatee itti taa'e hin jiru. Fakkeenyaaf, fincilli Oromoo Raaayyaa, bara 1920 kan rukutamuu danda'e H/Sillaaseen gargaarsa mootummaa Ingilizii gaafachuudhaan ture. ... Fiqir haala aariidhaafi xiiqiidhaan mana keessaa gara Sandaabaafaatti gadi baatee; "Sanyiin hiyyeessaa sanyii isaanii keessatti akka hin makamneef ture yaadi isaanii. Jaallataniis, jibbaniis dhalachuun koo sodaa isaanii hin hambisne. kan sodaatan hin oolle. Abbaa koofi sanyiisaa maliif lafarraa haxaa'uu?" jette. (Isaayyaas 2002, f. 86)

Akkuma beekamu uummaatni Oromoo garbummaa sirna (Iyidooloojii) nafxanyootaa kan ta'e kan mootii moototaa sanyii Ayuudotaa ofiin jedhu Haayile Sillaasee ofirraa galagalchuuf guyyaa inni itti rafee bule hinturre. Akka Muhammed Sayid kitaaba isaa Seenaafi qabsoo Oromoo jedhu keessaatti barreesseetti sirni Nafxanyootaa uummata Oromoo kallattii garaagaraan dararaa turuufi uummaanni Oromoos darara kanneen keessaa bahuuf bakka hedduutti qabsoo diddaa garbummaa akka taasisaa tureefi lubbuun Oromoota hedduu akka wareegame ibsee jira. Keessumattuu lola calii callanqoo, lola Oromoota Raayyaa, Yajjuufi Walloo bara 1872-1877 Lubbuun Oromootaa kumaataamaan lakkaawamu akka dhume ibsee jira. Muhammed Sayid (2009/2017:76-79).

Yaada kana irraa hubachuun akka dandaa'amutti, uummatni Oromoo miidhaafi hacuuccaa isa irratti raawwatamaa ture kana tole jedhee barri inni harka isaa maratee itti taa'e hin jiru. Kun, kan agarsiisu, Oromootni kutaa biyyattii adda addaa keessa jiraataa turan tokkummaan mootummaa nafxanyaa ofirraa buqqisuuf qabsoo wal-irraa hin cinnee taasisaa akka ture kan mul'isuudha. Haaluma Kanaan, uummatni Oromoo yeroo kam iyyuu tole jedhee sirna bittaa isa irratti raawwatamaa ture fudhatee taa'ee akka hin turre beekamaadha. Mootummaan H/Sillaasees fincila irratti ka'e kana jala dhaabachuu waan dadhabeef, mootummaa Ingilizii deeggarsa gaafataa tureera. Deeggarsa argate kanaan aangoo irra akka turu taasifameera.

Kana malees, ilmaan Oromoo Oromummaan isaanii itti dhagaa'amuufi miidhaa uummata isaanii irra ga'uuf quuqama qaban irratti dhumiinsi sanyii duguuggaa irratti raawwatamaa akka ture agarsiisa. Duguggaan sanyii kun kan irratti raawwatamaa ture, qabatamaan uummatni Oromoo balleessee utuu hin taane, lafaafi qabeenyaa isaa irraa fudhachuun itti jiraachuuf. Kana jechuun, sababa Oromiyaan dachee bal'oofi qabeenya uumamaan badhaatuu taateef, mootummaan nafxanyaa qabeenyaa ishee kana irraa saamuuf jecha gocha kana raawwataa turaniiru. Haa ta'u malee, uummatni Oromoo ajjeechaafi dararama irratti raawwatamu kana sodaatee bara inni qabsoo isaa dhiisee harka maratee taa'e hin jiru. Kun sirna seenaa uummatni Oromoo keessa darbeedha. Yaadni asoosama kana keessaa fudhatame kun sirna aangoo siyaasaa qabatamaan ture kanaan wal-simata jechuun ni dandaa'ama.

Sandaabaanis, "Fiqir!...ani Oromoo bakka sadiitti hireen ilaala. Tokko, osoo Oromummaa isaa hin beekin orma fakkaatee kan jiraatu. Inni lammaffaa osuma Oromoo tahuu isaa beekuu bu'aa yerootiif jecha Oromoo tahuu isaa ganee orma fakkaatee kan jiraatuudha. Inni sadaffaa Oromummaa jechuun maal jechuu akka ta'e beekke mirga saba isaatiif kan qabsaa'u, bu'aa dhuunfaatiin utuu hin gowwomin walabummaa saba isaatiif kan ququuqamu sabboonaa Oromoodha".uummata Oromoo garbummaa amma keessa jiru kana keessaa kan isa baasu ijoollee dhugaadhaan isaaf qabsaa'an barbaada. (Isaayyaas 2002, f. 86-87)

Yaadota asiin olii kana keessatti, dhalli namaa yaada, fedhiifi ilaalcha adda addaa qaba. Akkuma bifa adda addaa qabu amala adda addaas qaba. Haaluma kanaan, ilmaan Oromoo ilaalcha Oromummaa isaanii irratti qaban adda adda ta'uu dandaa'a. Addaa addummaan isaanii kun, tokko tokko maalummaa isaanii illee utuu hin beekin waanuma argan fakkaatanii kan jiraataniidha. Warri kun kanneen mirgaafi dirqama isaanii addaan baasanii hin beekneefi hidda sanyii dhaloota isaanii kanneen ibsuuf rakkataniidha. Tokko tokko immoo, Oromummaa isaanii

utuma beekanii fedhii dhuunfaa isaanii guuttachuuf jecha Ormatti of fakkeessanii kan jiraataniidha. Kana jechuun, kanneen garaa isaaniif jecha ofii isaaniifi saba isaanii ganuun orma jala galuun jiraataniidha. Kana malees, isaan kun warra saba isaanii dabarsanii kennaniifi qabsoo saba Oromoo warra gufachiisuuf rakkataniidha. Lakkoofsi warra kanaa baroota darban irraa hanga ammaatti jiran baay'eedha.

Kana malees, isaan kun warra icciitii saba isaanii gurguratani jiraataniidha. Ilaalcha ilmaan Oromoo maalummaa isaanii irratti qaban kanneen biroon ammoo, Oromummaa jechuun maal jechuu akka ta'e sirriitti beekanii miidhaafi dararama isaanii irra ga'uuf utuu hin jilbeenfatin akkasumas, faayidaa dhuunfaa isaaniif utuu hin gowwoomfamin mirga saba isaaniif warreen yeroo mara qabsaa'anidha. Warri kun kanneen yeroo baay'ee miidhaafi cunqursaan isaan irraa hin fagaanne jechuun ni dandaa'ama. Haa ta'u malee, isaan warra jiraachuufi beekamuu saba Oromootiif bu'aa buusani darbaniidha. Dabalataan, warreen ijaaramuufi tokkummaa uummata Oromootiif aarsaa guddaa kaffalaa turaniifi galmeen seenaa isaan yaadatuudha jechuun ni dandaa'ama. Yaadni asoosama kana keessatti dhihaate kun, seenaa sirna gama aangoo siyaasaa ilmaan Oromoo Oromummaa isaanii irratti qaban qabatamaan kan calaqqisiiseedha jechuun ni dandaa'ama.

H/Sillaasee irraa aangoo kan fudhate Dargiin uummataaf kan dhaabbate se'anii namooti baay'ee deeggarsa kennaniif...J/Taaddasaa Birruu garuu mootummaa H/Sillaaseetu maqaa jijjiirratee Dargii jedhame malee sirni nafxanyaa sirna uummataatti hin jijjiiramne jechuudhaan magaalaa dhiisani Shawaa keessatti qabsoo hidhannoo jalqaban. (Isaayyaas 2002, f. 88)

Sirni (Ayidooloojiin) armaan ol keessaatti dhiyaate ayidooloojii Dargii yommuu ta'u, innis kan walqixxummaa sabaafi sablammootaaf hojetu fakkaatee akkuma Ayidooloojii Nafxanyoota duraan turanii Oromoo gabroomfachuuf dhoksaatti seera ijaaree as bahuu isaa kan mul'isuudha. Dargiin akkuma aangoo harkaatti galfateen ani akka mootoota darbanii osoo hintaane walqixxummaa sabaafi sablammootaa nan mirkaneessa Ayidooloojii jedhu qabatee uummataatti waan baheef sabaafi sablammoonni bara dheeraaf waanjoo ulfaataa sirni Nafxanyootaa seeraan ala itti fe'ee ture ofirraa buusuusaatti hedduu gamadee dibbii rukkutee sirbe. Akka madden garaa garraa eeraniitti Uummaanni Oromoos baayyee gamade. Dubartoonni bakka jiraniitti akkas jechuun weeddisanii akka turan odeeffannoon qorataan namoota adda addaarraa odeeffate ibsee jira. "Haayile sillaasee Tortoriicha Jaarsaa Otuu amma jiraattee ijakeen si jaamsaa" jechuun

weeddisani. Kana jechuunis Ayidooloojiin Haayile sillaasee Oromoof bu'aa takkittii buuse hinqabu hinumaayyuu Uummaanni Oromoo mataa buusee akka demu taasisaa ture. Har'a garuu mootummaan Dargii Ayidooloojii gaariin nuuf dhufe ergaa jedhu of keessaa qaba ture. Haata'u malee akkuma mammaaksi Oromoo "Ilmoon bofaa bofuma" jedhu Ayidooloojiin Dargiis irrisaa gaarii haata'u malee keessoon isaa kan Oromoo nyaatu akka ta'e yaada barreessaa armaan olii irraa hubachuun ni dandaa'ama.

Sirni yaada armaan olii keessatti dhihaates, mootummaan H/Sillaasee erga aangoo irraa bu'ee booda kan aangoo mootummaa qabate, Dargiin uummata bal'aatiifan dhaabbadhe jedhee uummata irraa deeggarsa argachuuf dhaadannoo addaa addaa dhageessisaa ture. Kana haa jedhu malee, sirni qabatamaan mul'ataa ture faalla isaati. Kana irraa ka'uun J/Taaddasaa Birruu, sirni nafxanyaa sirnuma nafxanyaadha, isuma duraatuu maqaa jijjiirratee deebi'e malee jijjiiramni sirna duraanii hin jijjiiramne jechuun qabsoo isaanii itti fufan. Haaluma kanaan, J/Taaddasaa Birruu magaalaa Finfiinnee bakka jiraataa turan gadi dhiisanii Shawaa keessatti qabsoo hidhannoo jalqabani. Haaluma kanaan J/Taaddasaan saba isaa bilisa baasuuf, mootummoota dhufanii darban keessatti qabsoo isaanii jabeessaa turaniiru. Kaayyoon qabsoo isaanii inni ijoon saba Oromoo bilisa baasuufi wal-qixxuummaa ilmaan namaa biyya Itoophiyaa keessatti akka mirkanaa'u gochuu ture. Haa ta'u malee, kaayyoofi hawwii isaan qabatani kaa'an utuu fiixaan hin ba'in harka diinaa keessa seenuun Dargiin kan ajjeefamaniidha. Yaadni asoosama keessaa fudhatame kun waan qabatamaan sirna aangoo siyaasaa mootummaa Dargii keessa raawwatamaa ture kan calaqqisiiseedha.

...barattootaafi barsiiftota dhaabbiilee barnoota olaanaa guutummaa biyyattii keessatti argaman kutaa kudhanii ol kan baratan gara baadiyyaa Itoophiyaatti kan duulchise ture. Duulli kun "Duula hojii, beekumsaafi guddina gamtaa" jedhama. (Isaayyaas 2002, f. 90)

Ayidooloojiin armaan oliitti ibsame kun Ayidooloojii Dargii yoota'u akka madden tokko tokko eeraniitti dargiin duula hojii gamtaa jechuun uummaanni Oromoo gamtaan akka omiishuufi hojetu gochuun warra sirna(Aayidooloojiisaa) mormii tokko malee fudhatanii hojiirra oolchaniin qabeenyaan isaanii akka samaamu taasisaa tureera. Yaadi armaan oliis isuma kana kan mirkaneesseedha.

Yaada olii kana irraa wanti hubatamu, mootummaan Dargii warraaqsa Gurraandhala 1966 A.L.Htti dhoheef hundee buusuuf gargaara jechuun Muddee 12 bara 1967 A.L.Htti qajeelfama

tokko baasee ture. Qajeelfamni isaa kun, barattootni kutaa 10 olii hanga dhaabbiilee barnoota olaano guutummaa biyyatti keessatti argamaniifi barsiistotni gara baadiyyaa biyyaatti bobba'uun maqaa “Duula hojii, beekumsaafi guddina gamtaa” jedhuun uummata barsiisaafi gurmeessaa turaniiru. Maddi asoosama kana keessaa fudhatame kun sirna aangoo siyaasaa mootummaa Dargii keessatti kan raawwatamaa ture haala qabatamaan jiru kan calaqqisiiseedha jechuu nama dandeessisa.

Dargiinis tarkaanfii tokko tokko fudhachuun uummata irraa deeggarsa argachaa dhufe. ...Muddee 21 bara 1967 Afaan Oromoofi Afaan Tigiraayitiin sagantaa tamsaasa raadiyoonii dabarsuu jalqabuu isaati. ...Gurraandhala 25/1967 labsii lafa baadiyyaa kan uummata bal'aa godhee labsuu....Hagayyaa 18/1966 ibsa kenne irratti....sirna nama nyaataa Fiyudoo burjuwaa keessatti ilaalcha booddeetti harkisaa ta'een sabaafi sab-lammooti Itoophiyaa maqaa isaan ittiin of hin waamneen waamamaa turan hafee har'a irraa jalqabee eenyu illee akka ittiin isaan hin waamne akeekkachiise. (Isaayyaas 2002, f. 90-91)

Kutaa kana irraa kan hubataamu sirni(Aayidooloojiin Dargii kun hawaasa biraatti fudhaatama argachuufi yaada uummataa hatuuf jecha tooftaa inni fayyadaame keessaa muraasni maqaa badaa sabaafi sab-lammoonni ittiin waamamaa turan kaasuufti lafti baadiyyaa kan saba bal'aa ta'uu kan jedhu ture. Akkuma beekamu Sirni nafxanyaa Dargiin yaada uummataa hatuuf labsii kana haa baasu malee sirna gabrummaa hammayyeessee akka itti fayyadamaa ture eenyu jalaarree kan dhokate miti. Iyidooloojiin Dargii lafa baadiyyaa kan saba bal'aa haa taasisuyyuu malii maqaa”Amiraachii” jedhuun uummaanni Omishee mootummaaf akka galchaa ture beekamaadha.

Akka yaada kanaatti, qabxiin ijoon mootummaan Dargii uummata irraa deeggarsa hanga tokko argachuu danda'eef bara 1967 A.L.Htti Afaan Oromoofi Afaan Tigiraayitiin sagantaa tamsaasa raadiyoonii akka darbu taasisuu isaati. Kana malees, labiin lafa baadiyyaa kan uummata bal'aa godhee labsuufi maqaa tuffiin sabaafi sab-lammootni biyyattii ittiin of hin waamneen waamamaa turaniin akka eenyu illee isaan hin waamne jechuun beeksisee ture. Kana irraa kan ka'e hanga ta'e gargaarameera. Kun kan agarsiisu, mootummaan sabaafi sab-lammiin biyyattii wal-qixa ilaaluufi kabaja isaaniif yoo qabaate uummata biratti fudhatama argachuuf jecha dhaadannoo sobaa dhageessisaa tureera. Kana gochuun isaa uummata biratti fudhatama argatee aangoo mootummaa isaa dheeressuuf malee qabatamaan sabaafi sab-lammii biyyatti wal-qixa ilaaluuf

miti. Haala kanaan sabaafi sab-lammiin biyyatti keessa jiru wal-qixa ilaalamaa hin turre. Asoosamni kun sirna qabatamaan ture kana baasee kan mul'iseedha jechuun ni dandaa'ama.

...Kutaalee biyyoota Itoophiyaa iddoowwan baay'ee keessatti abbootiin lafaa kan lafti labsii lafa baadiyyaa kanaan irraa fudhatame duultota irratti balaa guddaa irraan gahan. ...Keessumaa immoo, nafxanyoota abbaa lafaa hidhannoo hiikkachiisuu irratti barattoota baay'eetu wareegame. (Isaayyaas 2002, f. 102).Oromoon biyya kanaaf hin duunee? Dhiiga Minilik akka bishaanii dhangalaasan kan abbaa keessanii miti. Harkaafi harmi Minilik Arsii Aanoolee irratti muran kan abbaafi haadha keessan hin turre. Garuu harkaafi harma Oromootaa ture. Dhiigni Minilik dhangalaasan sun kan keessan utuu hin ta'in dhiiga Oromootaadha. (Isaayyaas 2002, f. 103-104)

Aayidooloojiin Dargii jalqaba yeroo gara aangootti dhufe walqixxummaa sabaafi sablammootaa kan eegsiisu haafakkaatuyyuu malee boodarra maqaa abbaa lafummaatiin Oromoota qe'eefi lafasaarraa buqqisuun afaan qawweetiin doorsisuun gabroomsee dhiitee bulchaa tureera. Akka Muhaammed Sayid kitaaba isaa "Seenaafi Qabsoo Oromoo" jedhu keessaatti ibseetti Sirni Nafxanyaa Dargiin Oromoonni baadiyaafi magaalaa keessa jiran horatanii jireenya fooyya'aa akka hinjiraanne qabeenya horannaa isaani daangessuun irraa saamee hiyyummaafi gadadoo keessaatti kuffisuun dhiitee bulchaa turuu isaa ibseera. Kanarraa kan ka'e namoota bilisummaa isaaniif qabsayan baayyee lubbuun kan abamsiisan yoota'u, kaan immoo qabeenyaa isaanii saamanii biyyarraa ariyaniiru. Kaan immoo ukkaamsanii ajjeesuun hallayyaatti akka naqaa turan Muhaammad kitaaba isaa bara 2009/2017 maxxansa 5ffaa keessaatti haalaan ibseera.

Yaadni olii kun kan agarsiisu, nafxanyootni abbaa lafaa ta'anii baadiyyaa biyyattii keessajiraataa turan barattootaafi barsiisota duula hojii, beekumsaafi guddina gamtaaf ba'an irratti fincila kaasuun balaa guddaa irraan gahaa turaniiru. Abbootiin lafaa kun, sirna mootummaa H/Sillaasee keessatti aangoon olaanaa kennameefii namoota naannoo isaanii bulchaa waan turaniif, hidhannoo guutuu qabu. Namootni duula kana irratti bobbaa'an meeshaalee abbootii lafaa kana hiikkachiisuu keessatti baay'een isaanii wareegamaniiru. Haala kanaan beektootni ilmaan Oromoo barno ota olaanaa keessaa barsiisaniifi baratan miidhamaniiru.

Kana malees, nafxanyootni abbootii lafaa sirna mootummaa H/Sillaasee keessa qotee bulaa Oromoo irraa lafa fudhatanii itti jiraataa turaniiru. Bara mootummaa Dargii keessa ammoo, lafti qotee bulaaf haa deebi'uu jechuun labsiin lafa baadiyyaa waan ba'eef, abbootiin lafaa kun fincila guddaa kaasaa turaniiru. Abbootiin lafaa kun lafti qotee bulaa Oromootiif hin deebi'u, biyyi kun dhiiga abbootii keenyaan as ga'eefi qotee bulaan Oromoo biyya kanaa ijaaramuu keessatti qooda

hin qabu ilaalcha jedhu calaqqisiisaa turaniiru. Haa ta’u malee, dhugaan jiru garuu Minilik gaafa aangoo qabatu uummata Oromoo garboomsee lafa isaa irraa fudhachuuf jecha bakkeewwan adda addaatti dhiiga ilmaan Oromoo miiliyoonaan lakkaa’aman dhangalaaseera. Yaadni asoosama kana keessaa fudhatame kun miidhaa sirna aangoo siyaasa Minilikis ta’e, H/Sillaasee akkasumas, Dargii keessatti uummata Oromoo irra ga’aa ture kan calaqqisiiseedha.

Dargiin...Itoophiyaan haa dursitu dhaadannoo jedhuun biyya kana keessatti sirni diimokiraataawaa kan ta’e sooshaalizimii ijaarra, uummata bal’aaf dhaabbannee jechaa gara kamitti deema akka jiru amma ifa ta’aafii dhufe....uummata gurmeessinee aangoo mootummaa uummatatti dabarsina jedha. Sandaabaan miseensota Dargii maatii isaa irratti miidhaa geessisan Fiqir irraa erga dhaga’ee booda of taasgabbeessee waaree booda waajjira Dargii dhaqe. (Isaayyaas 2002, f. 106)....Dargiin bara 1968 ji’a Eblaa keessa dhimma sabaafi sab-lammootaa ilaalchisee qajeelfama baase. Qajeelfamni kunis,...Warraaqsa diimokiraasummaa biyyoolessaa (National democratic revolution) jedhu baase. Qajeelfama kanaan mirgi sabootaa ni kabajama. Kan jedhu ture. Haa ta’u malee qajeelfama baase kana diimokiraataawaa fakkeessuuf malee kan hojiin hin mul’anne ture. (Isaayyaas 2002, f. 112-113)

Akka Mohamed Kadir bara (2017/2009) ibsuutti mootummaan dargii tooftaa adda addaatti gargaaramuun Ummaata Oromoo cabsaa turuu, qabeenyaa horatellee seera diinagdee biyyaa ooli jechuun qabeenyaa isaa saamaafi saamsisaa turuu, lafa isaa lafti kan abbaa laafaati jechuun weerartoota Nafxanyootaa abba lafaa gochuun Oromoo qe’ee isaa irraa buqqisaa jara abbaa lafaa gochaa turusaa ibsee jira. Yaadi armaan oliitti barreessaa Isaayyaas Hordofaan iyyaates Ayidooloojii Dargii kana ifaatti kan lafa kaahedha.

Sirni yaadota armaan olii kana keessa jiru, Dargiin maqaa Itoophiyaan haa dursitu,uummata bal’aaf dhaabbanne, sirna diimokiraataawaa kan ta’e sirna sooshaalizimii ijaarra, uummata gurmeessinee aangoo uummatatti dabarsinafi k.k. f jechuun dhaadannoofi qajeelfama adda addaa qopheessuun dhageessisaa tureera. Haa ta’u malee, sirni qabatamaan lafa irratti mul’ataa ture garuu, faallaa yaada kanaati. Dhaadannoofi qajeelfama isaa kana sobee uummata biratti fudhatama ittiin argachuuf malee qabatamaan hojii irra oolchuu akka hin dandeenye ni beeka. Haala kanaan, humna aangoo isaa erga cimsatee booda maqaalee dhaaba siyaasaaa adda addaa uummatatti maxxansuun uummata rukutaa tureera. Wayita kanatti namootni miseensota Dargii ta’anii kanneen gaaffii sabootaaf deeggarsa sirnaa kennan rukutamaniiru. Keessumaa iyyuu, ilmaan Oromoo humnoota tokkummaa biyyaa diiguuf qabsaa’an wajjin hidhata qabdu

jedhamuun rakkoon adda addaa kan irraa ga'e xiqqaa miti. Maddi ragaa asoosama kana keessaa fudhatame kun sirna ture kana kan calaqqisiiseedha.

Haala cunqursaa Dargiin uummata Oromoo irraan gahuufi...wal-qixxummaa sabaa, sab-lammootaafi uummattootaaf dhaabbadheera jedhee sobee ittiin dhaadatu shakkuudhaan weedduu weeddisame keessaa kan Ilfinesh Qannoo tokko akkas kan jedhudha; ...Ani dhugaasaan hima maal godhu irra dibaa quufne fakkaataaree beela waggaa dhibbaa? (Isaayyaas 2002, f. 116)

Yaadni kun kan agarsiisu, mootummaan Dargii maqaa uummatafin dhaabadhe jechuun sobee yoo dhaadate illee uummatni soba isaa irratti beekuun kallattii adda addaan mormii isaa dhageessisaa tureera. Keessumaa, weellistootni ilmaan Oromoo ta'an carraa argataniin komiifi shakkii mootummaa irratti qaban weedduu isaaniitti gargaaramuun dhaamsa uummata isaaniif dabarsaa turaniiru. Hacuuccaafi miidhaa uummata Oromoo irratti raawwatamaa turan kana weedduu isaanii keessatti kan dhiheessaa turan keessa tokko weellistuu intala Oromoo kan taate Ilfinesh Qannooti. Ilfineshis soba mootummaan Dargii uummataaf dhaabadheera osoo jedhuu uummata rakkisaa kan jiru ta'uu isaa weedduu ishee keessatti sirna jiru ibsitee jirti jechuun ni dandaa'ama. Dabalataan, miidhaan waggoota dhibbaa uummata Oromoo irratti raawwatamaa ture ammas bifa jijjiirratee kan itti jiru ta'us weedduu ishee kanaan ifa baasteetti. Maddi ragaa fudhatame kun sirna biyyattii kessatti raawwatamaa ture kana haalaan calaqqisiiseera jechuun ni dandaa'ama.

...Dargiin "miseensota humnoota farreen warraaqsa" ittiin jechuudhaan lubbuu namoota kuma baay'ee balleessaa jira. Qabeenya namoota baay'ees saamaa jira. Fiqiris haala akkasii keessatti tasgabbootee nagaan jiraachuu waan hin dandeenyeef ture godaansi ishee ammaa kun. (Isaayyaas 2002, f. 134)

Sirni yaada kana keessa jiru, mootummaan Dargii namoota sirna isaa hin hordofne irraatti maqaa "miseensota humnoota farreen warraaqsa" jedhu itti maxxansuun qabeenyaa isaanii saamaa tureera. Akkasumas, lubbuu isaanillee adamsee galaafataa kan tureedha. Kun sirna qabatamaan mootummaan Dargii uummata Oromoo irraatti raawwataa tureedha. Yaadni asoosama kana keessaa fudhatame kun kanuma kan calaqqisiiseedha jechuun ni dandaa'ama.

Sirna baala abbaataa keessatti namni waa'ee rakkoo, miidhaafi mirga Oromoof falmu ykn dubbatu "farra tokkummaa Itoophiyaa," waan jedhamuuf aangoon mootummaa iddoon tokkollee hin kennamuuf. Atsee Minilik Oromiyaa garboomfachuuf Oromoota isaan gargaaran aangoo olaanaa kennaniiru. H/Sillaaseenis biyya Oromoo Minilik garboomsanii itti dabarsan hacuucanii yeroo bitan Oromoota aangoo mootummaa isaanii

cimsuuf qooda olaanaa raawwataniif aangoo olaanaa kennaa turan. Dargiinis tooftaa kanaan itti fufe. (Isaayyaas 2002, f. 114)kan uummatni Oromoo garboomes jabina meeshaa waraanaa nafxanyootaa qofaan osoo hin taane gantoota Oromoo kan akka Raas Goobanaa fa'iin si'a tahu Mootichi H/Sillaaseenis garbummaan kan nu bite tooftaa Minilik ittiin fayyadamuudhaan akka tahe hin irraanfannu. (Isaayyaas 2002, f. 139)

Akka Mohaamed Kadir kitaaba isaa bara 2017/2009 “Qabsoofi Seenaa Oromoo” jedhu keessaatti ibseetti Mootoonni Nafxanyaa Ayidooloojii walfakkaataa fayyadamuun yookaan immoo tooftaa bittaa walirraa fudhachuun akka Uummaanni Oromoo Afaan aadaa, seenaa, duudhaa isaa hindagaagfanneefi eenyummaa isaa hinqoranne gochaa turaniiru. Mirganamummaa isaanii irraa molquun akka barbaadan gochaa turuu isaanii ibseera. Barreessaan Isaayyaas Hordofaas yaada armaan olii keessaatti yaaduma kana ibsee jira.

Yaadota olii kana irraa kan hubatamu, sirni aangoo siyaasa mootummoota biyya Keenya bulchaa turan keessatti ilmaan Oromoo saba isaanii waraananii fi waraansisaa turaniif aangoon kennamaa tureera. Ilmaan Oromoo kanneen miidhaafi hakuucmaa saba isaanii dubbataniif, aangoon mootummaa kam illee akka hin kennamneef taasifamaa tureera Mootummootni darban, tooftaa kanatti haalaan fayyadamaa turaniiru. Kanaaf, ragaa quubsaa kan ta'u, namicha dhalataa Oromoo Raas Goobanaa Daaccee ajajaa olaanaa humna waraana Minilik ta'ee hojjetaa tureedha. Mootummootni Minilikii as dhufan kun tooftaa Minilik kanatti haalaan gargaaramaa turaniiru. Yaadotni asoosama keessaa fudhataman kun sirna jiru kana kan mul'isaniidha.

...Siintolinnaafi Sandaabaa kiristinnaa kan kaasan gaafa Goorgisii waan ta'eef, maqaa Sandaabaa Haayile Goorgis jedhanii moggaasan. (Isaayyaas 2002, f. 47). Ilfinesh Qannoo...“Akkamittiin baddi seenaan Oromootaa Maqaa biyyaallee ni geeddaruu Adaamaadhaan Naazireeti jedhanii Tolasaafi Badhaasaa kiristinnaa kaasani...” jette. Zarihuun Wadaajoo ... “utuma galaa qabnuu nuugii nuu galaasanii Utuma maqaa qabnuu....nuu moggaasanii ...” jedhee weellise. (Isaayyaas 2002, f. 140)

Sirni yaada asiin olii kanaa, mootummootni baroota darban keessaa biyya keenya bulchaa turan qabeenyaa Oromiyaan qabdu saamuu qofa osoo hin taane maqaa uummatichi ittiin of hin waamnee maqaa tuffiin waamaa turaniiru. Kana malees, maqaalee iddoowwan Oromiyaa adda addaa keessa jiran osoo hin hafin maqaa jijjiiraniiru. Akkasumas, maqaa nama dhuunfaa illee jijjiiraa turaniiru. Kana gochuu isaanii kanatti kan hin gammadne artiistootni Oromoo kallattii adda addaan mormii isaanii ibsataa turaniiru. Keessumaa, artistoota Oromoo kan akka: Zarihuun Wadaajoo, Ilfinesh Qannoo, Tarfaasaa Mitikkuufi kan kana fakkaatan weedduu isaanii keessatti

yaaduma kana ibsataa turaniiru. Yaadoleen asoosamicha keessaa fudhataman kun sirna qabatamaan raawwatamaa ture kan calaqqisiiseedha jechuun ni dandaa'ama.

Bara 1874 lola Imbaaboo booda Atsee Minilik Wallaggi bulchiinsa federeeshiniitiin qamaa Itoophiyaa akka tahu walii galtee Dajjaazmaachi Morodaa Bakaree waliin mallateessanii ittiin bulaa turan illee kan diigan mooticha Hayilee Sillaaseedha jechuudhaan Sandaabaan dubbate. (Isaayyaas 2002, f. 145) .

Yaada kana irraa kan hubatamu, bara lola Imbaaboo booda Wallaggi bulchiinsa federeeshiniitiin qaama Itoophiyaa taatee bulaa kan turte yoo ta'u, mootummaan H/Sillaasee jibba biyyicha irraa qabuun haala isaan duraan itti bulaa turan kana kan diige ta'uu isaatu hubatama. Kana kan godheef ammoo, kutaalee biyya Oromiyaa hunda haala tokkoon bituun akka isaaf mijaatuuf. Yaadni fudhatame kun, sirna mul'ataa ture kana kan calaqqisiiseedha.

Warraqaan kun maqaa namootaa bakka sadiitti hira;...Maqaa Oromootaa fuula dura...Xabbaabi biheertanyaa, Maqaa Tigirootaa fuula dura...Wanbadee Ertiraa Maqaa namoota garaagaraa fuula dura ammo..E.P.R.P., E.Di.U., 'Qanyi mangadanyaa' jedhu barreeffameera. (Isaayyaas 2002, f. 131), ...Sirni nafxanyaa jecha, 'bilisummaa', 'wal-qixxummaa' jedhu akka eeboo sodaata. Garee kaayyoo kanaaf qabsaa'uun farra warraaqsa, farra tokkummaa biyyaa, dhiphoofi k.k.f. ittiin jechuudhaan ni hidha. Hidhuu qofa osoo hin taane ni ajjeesa. (Isaayyaas 2002, f. 151)

Yaadota olii kana irraa kan hubatamu, bara mootummaa Dargii keessa namootni aangoo qaban ajaja Dargii irraa fudhataniin namoota irraan miidhaa cimaa ga'aa turaniiru. Namoota tarkaanfii irratti fudhachuu barbaadan kana maqaa adda addaa itti moggaasuun adamsanii bakka arganitti tarkaanfii ajjeechaafi hidhaa raawwataa turaniiru. Ilmaan sabaafi sab-lammii biyyatti keessa jiran mirga saba isaaniif qabsaa'aa turan kana maqaa isaan itti maxxansaa turan kunis: Ilmaan Oromoo kanneen ta'aniin "xabbaabi biheertanyaa, dhiphoo, miseensa gamtaa diimokiraatawaa Itoophiyaa";ilmaan Tigiraayiin immoo, wanbadee Ertiraa, paartii warraaqaa uummata Itoophiyaafi qaanyii mangadanyaa ittiin jechuun adaamsaa turaniiru. Yaadonni asoosama kana keessaa fudhataman kun sirna qabatamaan raawwatamaa ture kana kan calaqqisiisaniidha jechuun ni dandaa'ma.

Nuti Oromootis waggoota 100 darbaniif nafxanyooti walitti daddarbani nu bitaniiru. ...Dura jalqaba irratti Miniliktu nu garboomse. Itti aansee H/Sillaasee, Itti aansee amma immoo Dargiitti dabarfamneerra. Ammas bifa adda ta'een hacuuccaan sun itti fufeera. (Isaayyaas 2002, f. 152)

Sirni (Aayidooloojiin) as keessaatti mul'ate kun uummatni Oromoo erga Minilik meeshaalee waraanaa biyyoota alaa irraa argatee Oromoota mirga isaaniif qabsaa'an irratti lola banee dhiiga ilmaan Oromoo kumaatamatti lakkaa'aman dhangalaasee aangoo irra akka ture kan agarsiisuudha. Erga Minilik humnaan Oromiyaa qabatee kaasee uummatni Oromoo bara darbee dhufu mootummoota nafxanyaa jalatti humnaan akka bulu dirqisiifamaa tureera. Haluma Kanaan, biyyi keenya Itoophiyaan jalqaba irratti Atsee Teewediroos, itti aansee Atsee Yohaannis, itti aansees Atsee Minilik, itti fufee Atsee H/Sillaasee akkasumas, mootummaa Dargiin bulaa turteetti. Haalawwan kanneen keessatti akkuma aangoo walitti dabarsaa dhufaniin miidhaafi dararamni uummata Oromoo irra ga'aa tureefi ga'aa jiru akka malee itti hammaataa kan dhufeedha. Kun kan agarsiisu, mootummootni nafxanyaa uummata Oromoo akkuma meeshaa walitti daddabarsuun bitaa kan turan ta'uu agarsiisa. Yaadni oliitti dhihaate kun, uummatni Oromoo jaarraa tokkoo asitti sirna bittaa garbummaa jala jiraataa turuu isaa sirna jiru waliin wal-qabsiisee dhiheesseera.

Dargiin aangoo mootummaasaa mijeeffachuuf malee sirna diimokiraasii hundeessuu hin barbaadu. ...Wal-qixxummaa sabaafi sab-lammootaas ijaan arguu hin fedhu. ...Qabsaa'ota dhaabbilee garaagaraa kan I.Ma.Le.Di. keessatti walitti qabaman shanan keessaa afran balleessee kan isaa Abiyootaawii Sadad qofti aangoorra akka turu barbaade....dhaabni siyaasaa kaayyoo Dargii hin fudhanne biyya kana keessa socho'uu hin dandaa'u. (Isaayyaas 2002, f. 168)

Sirn olii kun kan agarsiisu, mootummaan Dargii uummata bal'aa irraa deeggarsa argachuuf jecha sobee maqaa sirna diimokiraasii ijaarra jechuun uummata gowwoomsaa akka ture agarsiisa. Sirna diimokiraasii ijaarra haa jedhu malee sirni qabatamaan mul'ataa ture garuu faallaa isaa akka ta'e yaaduma kana irraa hubachuun ni dandaa'ama. Haala sirna Diimokiraasii biyya tokkoo keessatti paartileen siyaasaa adda addaa jiraachuun dirqama. Kun osoo ta'ee jiruu Dargiin dhaabbiilee siyaasaa biyyatti keessa jiran akka hin warraaqne gochaa tureera. Haala kanaan, dhaabbiileen siyaasaa biyyatti keessa turan badanii, Dargii qofti guutummaa biyyaattii akka bitaa tures hubatameera. Yaadni asoosama kana keessaa fudhatame kun, waan qabatamaan sirna aangoo siyaasaa mootummaa Dargii keessa ture kan calaqqisiiseedha jechuun ni dandaa'ama.

...Uummatni Oromoo bara Minilik biyya Oromoo garboomsanii lafa Oromoo qabatan irraa kaasee hanga har'aatti mirgi isaa sarbamee hacuucamee jireenya garbummaa jiraachaa sababii jiruuf garbummaa kana jalaa isa baasuuf ilmaan Oromoo tokkummaa isaanii cimsatanii qabsaa'uu qabu....Seerri mootummaa Oromoo gadi qabu kun jijjiiramuu qaba. Seerri mootummaa kun sabaafi sab-lammoota hunda wal-qixa hin illaalu.

(Isaayyaas 2002, f. 120-121)Gara waggaa 100 mootummooti nafxanyootaa lama darbanii isa sadaffaa kana jalqabe. Sirna bittaa garbummaa Atsee Minilik irraa jalqabee sirnooti mootummooti nafxanyaa dabaree dabareen walitti daddarbaa aangoo mootummaa wal-harkaa fuudhaa, akka meeshaa walitti nu kennuudhaan, nu ajjeesaa, nu hidhaa, biyya keenya keessaa nu ari'aa biyya ormaatti kooluu nu galchaa yoona ga'aniiru. Yoo jabaannee qabsoofne malee sirni garbummaa kun itti fufuun isaa hin oolu. (Isaayyaas 2002, f. 168-169)

Sirni yaadota olii kana keessatti dhihaate, uummatni Oromoo bara Minilik humnaan garboomsee lafa Oromiyaa qabatee kaasee dhiibbaawwan adda addaa uummaticha irratti ga'aa kan ture ta'uu agarsiisa. Dhiibbaawwan irratti raawwatamaa turan kun:ajjeechaa, hidhaafi biyyaa ari'atamuudha. Garbummaa kana jalaa ba'uuf ammoo ilmaan Oromoo osoo yaadaan, ilaalchaan, amantaan, siyaasaan, bakka teessumaafi k.k.f. osoo wal hin goodiin tokkummaan qabsaa'uun murteessaa ta'uun isaa yaada olii kana keessatti kaa'ameera. Kun sirna qabatamaan addunyaa kana keessatti mul'atuudha. Kana jechuun kaayyoo tokko galmaan ga'uuf tokkummaan socho'uun barbaachisaadha yaada jedhu of keessaa qaba. Uummatni Oromoos kallattiiwwan isaa dandaa'ame maraan tokkummaa isaa cimsachuun harka wal-qabatee qabsaa'uun murteessaadha. Maddi ragaa fudhatame kun sirna ture kan calaqqisiisuudha jechuun ni dandaa'ama.

Hogganaan qabsoo Oromoo Oromoodha malee Amaara ykn Soomaalee tahuu hin danda'u. ..Yoo ummattoota Itoophiyaa kaanii wajjiin mootummaa tokko jalatti kan jiraannu taane bu'aafi mirgi keenya guutummaatti kabajamuu qaba....Hanga mirgi keenya guutummaatti kabajamutti qabsoon keenya kun dhalootaa gara dhalootaatti daddarbuudhaan itti fufa. (Isaayyaas 2002, f. 141);...sabni Oromoo yoo barbaade mootummaa Oromiyaa mataa ishee dandeesse ykn mirgiifi bu'aan isaa utuu jalaa hin tuqaminifii duraa hin hir'atin kabajamee ummattoota Itoophiyaa keessa jiran hundumaa wajjin fedhiidhaan tokkummaa uummataniin baay'ina uummataa hundee kan godhate mootummaa federaala diimokiraataawaa dhugaa hundeessinee waliin jiraachuu dandeenya ejjennoo jedhu qabna. Hanga kun dhugaa tahutti qabsoon keenya kun dhalootaa gara dhalootaatti itti fufaa deemuu dandaa'a. (Isaayyaas 2002, f. 146)Hanga mirga keenya deebifannutti qabsoon keenya kun bara amma keessa jirru kana keessatti yoo fiixaan ba'uu dadhabe ijoolleen keenya itti fufu malee saba guddaa taanee sirna cunquursituu keessatti bitamaa bara baraan akka lammii lammaffaatti lakkaa'amaa jiraachuu hin qabnu jedhe. (Isaayyaas 2002, f. 164) "...Rakkoon kun yoo furmaata dimokiraataawaa hin argatin hafe qabsoon Oromootaa kun dhalootaa gara dhalootaatti itti fufa" jedhan. (Isaayyaas 2002, f. 170)

Sirna armaan olii kana irraa kan hubatamu, uummatni Oromoo jaalalaafi kabajaan nama wajjin jiraachuu kan beeku yoo ta'u, sirna bulchiinsa mootummoota darbanii keessatti miidhaafi hakuuccaan adda addaa irratti raawwatamaa tureera. Miidhaafi hakuuccaa kana jalaa ba'uuf qabsoo adda addaa taasisaa tureera. Qabsoon isaa kun, Oromiyaa walaba taatee ofiin akka of

bulchitu ykn bu'aafi faayidaan ishee osoo jalaa hin sarbamin uummata biyyatti waliin mirga wal-qixa ta'e qabaatee akka jiraattuuf qabsaa'aa turaniiru. Haa ta'u malee, shiraafi miidhaa irratti raawwatamaa jiru irraa ka'ee akkuma saba kaanii bu'aafi mirgi keenya kabajamuu qaba jechuun gaaffii isaanii kaasaa turaniiru. Kana yoo ta'uu baate, uummatni Oromoo qabsoo isaa irraa kan hin dhaabannee ta'uu agarsiisa. Hanga mirgi uummata Oromoo guutummaa guutuutti kabajamutti qabsoon uummaata Oromoo dhaloota gara dhalootatti daddarbaa akka deemus bira ga'ameera. Haaluma kana irraa ka'uun qabsoo ilmaan Oromoo dhaloota irraa dhalootatti finiinaa kan dhufeedha jechuun ni dandaa'ama. Yaadotni asoosama kana keessaa fudhatame kun haala aangoo siyaasaa uummatni Oromoo keessa ture kan calaqqisiiseedha.

Dargiin kaadiroota isaa hunda meeshaa waraanaa hidhachiisee ijoollee Oromoo sabasaaniif qabsaa'an akka diinaatti, akka alagaa akka lammii biyya ormaatti lakkaa'uudhaan harka qullaa isaan hambise. ...Oromooti haqa saba isaaniif falman biyya isaanii keessatti akka lammii lammaffaatti ilaalaman. (Isaayyaas 2002, f. 192). ... Finfinnee keessatti qabsoon "Goolii adii"fi "Goolii diimaa" jechuudhaan kokkee wal qabanii kan meeshaa waraanaan wal fixaa jiran, I.Hi.A.Pa.fi Shaabiyaa gar-tokkoon ta'uudhaan Dargii kuffisuuf qabsoo godhaniidha. (Isaayyaas 2002, f. 198)

Sirni olii kun kan agarsiisu, mootummaan Dargii kaadiroota isaa meeshaa waraanaa hidhachiisuun ilmaan Oromoo mirga saba isaaniitiif qabsaa'an irratti balaa cimaa irraan geessisaa akka tureedha. Miidhaalee isaan irra geessisaa turan hidhaa, ajjeechaafi biyyaa ari'ataa turaniiru. Dabalataan, ilmaan Oromoo sababa saba isaaniif falmataniif akka lammii lammaffaatti ilaalamaa turaniiru. Akkasumas, Sirni kun kan agarsiisu, mootummaan Dargii qabsaa'ota biyyattii keessatti mirga saba isaaniif qabsaa'an irraatti maqaa "Goolii diimaa" jedhu itti mooggaasuun tarkaanfii ajjeechaa irratti fudhataa tureera. Gocha inni raawwatu kanatti aaruun dhaabbiileen siyaasaa paartii warraaqaa uummata Itoophiyaafi Shaabiyaa jedhaman gara tokkotti goruun mootummaa Dargii boqonnaa dhowwataa turaniiru. Haala kanaan mootummaan Dargii aangoo mootummaa irraa akka fonqolfamuuf mormiifi fincilli adda addaa irratti taasifamaa akka ture hubachuun dandaa'ameera. Yaadotni asoosama kana keessaa fudhataman kun waanuma qabatamaan ture kana kan calaqqisiisaniidha jechuu nama dandeessisa.

Goobanooti sirna kufe durii keessatti saba isaanii gurguratan har'a jiruu laataa..? "...Ashamaa isin hundi keessanii warri wallaansoon yoona geessanii wal-beektuu isin hundi keessanii isin keessa jirti diinni keessanii of keessaa baasaa yeroon keessanii beettuu Goobanaa? Bitamtuu horii gurgurtuu sabaa ciraa balleessaa abiddaan gubaa Saba Oromoo yaa cunquurfamaa! Garaan madaa'ee kan kuuse malaa jirti diinni kee bobaa kee jalaa jabaadhuu...ka'ii..." jedhee weellise. (Isaayyaas 2002, f. 139)... Goobanaa kan

jedhamu Hogganaa humna waraanaa Atsee Minilik kan Oromiyaa garboomsee harka Minilik keessa galcheedha. Raas Goobanaan lammii Oromoo tahee humna waraana nafxanyootaa hogganee dhiiga lammiisaa kan dhangalaase waan ta'eef, Oromoota biraatti jibbamee hafe. (Isaayyaas 2002, f. 140)... Goobanoota dhala sirna nafxanyaa waliin ta'uudhaan faayidaa dhuunfaa argachuuf lammii isaanii hidhaafi hiisisaa, ajjeesaafi ajjeesisaa jiru. (Isaayyaas 2002, f. 149)...Namoota Oromoo ta'anii Oromiyaa garboomsuu irratti Minilkiin gargaaruudhaan qooda olaanaa raawwatan kan akka Raas Mokoonoon ittiin yaadachuuf siidaa dhaabbateedha" jedhe Waariyoon.(Isaayyaas 2002, f. 212)

Yaadota olii kana irraa kan hubatamu, Atsee Minilik Oromiyaa garboomsuu keessatti ilmaan Oromoo dantaa dhuunfaa isaaniif jecha lammii isaanii gurgurataa akka turan ni hubatama. Miniliki sirna bulchiinsa isaa keessatti tooftaa kanatti haalaan gargaaramaa akka ture bira ga'ameera. Erga Minilik aangoo irraa kufee ammoo, mootummootni boodaan dhufan tooftaa isaa kanatti dhimma ba'aa turaniiru. Ilmaan Oromoo mootummaa nafxanyaa gargaaruun saba isaanii rakkisaa turan kana uummatichi isaan balaaleffataa tureera. Haala kanaan, Goobanaa Daaccee ilma Oromoo ta'ee utuu jiruu faayidaa dhuunfaa isaatiif jecha Minilikiin gargaaree ilmaan Oromoo saba isaaniif qabsaa'an ajjeesaafi ajjeesisiisaa kan ture waan ta'eef, uummata Oromoo biratti jibbamaafi abaaramaa ta'eera. Har'allee ilmaan Oromoo gocha Goobanaan raawwate kana raawwatan darbanii darbanii ni mul'atu. Yaadni asoosama kana keessaa fudhatame kun sirna qabatamaan mul'ataa ture kana kan calaqqisiseedha.

...uummata bilisummaasaa ykn mirga isaaf qabsaa'u hidhuufi ajjeesuudhaan qabsoo uummataa ukkaamsee hundeedhaa buqqisee mootummaan tasgabbaa'ee jiraate adduunyaa kanarra hin jiru. (Isaayyaas 2002, f. 151)...Adamoon ummata Oromoofi Tigiroota irratti "Xabbaabi biheertanyoochi" ittiin jechuudhaan godhamu garuu itti fufee jira. ...Oromoon ajjeefames, hidhamees hin dhumne. Qabsoon bilisummaasaaf godhus gidduuttu hin dhaabanne. Qabsoo isaas hin dhaamne. Du'aafi hidhaa sodaatees garbummaa tole jedhee fudhatee kaayyoo isaaf qabsaa'uu irraa barri inni boodatti deebi'e hin jiru. Qabsoon mirga isaa kabachiisuuf bara baraan godhe wareegama lubbuu kan gaafatee fi gaafatu ta'uusaa Oromoon ni beeka. (Isaayyaas 2002, f. 214-215)

Sirni yaada olii kana keessa jiru, haala aangoo siyaasaa biyya tokko keessatti uummata mirga isaaf qabsaa'u hidhuufi ajjeesuun biyyi qabsoo uummataa boodatti deebisee tasgabbaa'ee aangoo irra ture hin jiru. Haala aangoo siyaasaa biyya keenyaa keessattis mootummootni biyya keenya bulchaa turan uummata Oromoo mirga isaaniif qabsaa'an irratti hidhaafi ajjeechaa raawwataa turaniiru. Hidhaafi ajjeechaan irratti haa raawwatu iyyuu malee, bara ilmaan Oromoo hidhaafi ajjeechaa jalaa baqatanii qabsoo irraa boodatti jedhan garuu hin turre. Haaluma Kanaan, mirga

isaanii kabachiifachuuf mootummoota biyya keenya bulchaa turan irratti qabsoo isaanii finiinsaa turaniiru jechuun ni dandaa'ama. Yaadni kun sirnuma raawwatamaa ture kan calaqqisiiseedha.

...roorroon uummata keenya irra ga'aa jiru itti caale malee hin salphanne. ...Minilikis, H/Sillaaseenis, Dargiin kunis bifa wal-fakkaatuun Oromoo waanjoo garbummaa keessatti hidhaa sibilaa itti hidhan walitti daddabarsaa jiru malee kan furmaata nuu fide hin jiru. (Isaayyaas 2002, f.182); Moototni nafxanyooti bara baraan aangoo walitti daddabarsaa bara jalqaba warraaqsa kana ga'an bifuma wal-fakkaatuun uummataa Oromoo irratti tarkaanfii wal-fakkaatu fudhatan. (Isaayyaas 2002, f. 215)

Sirna yaadota olii kana irraa akkuma hubatamu, mootummootni biyya keenya bulchaa turan Minilik irraa eegalee hanga mootummaa Dargiitti miidhaafi dararama guddaa uummata Oromoo irraan geessisaa akka turan bira ga'ameera. Jijjiirama mootummoota darbanii keessattis jijjiirama maqaa irraan kan hafe jijjiiramni mirga uummata Oromoof dhufe kan hin jirre ta'uu ragaan xiinxalame kun agarsiiseera. Hacuuccaafi ajjeechaan uummata Oromoo irratti raawwatu mootummaa tokko irraa gara mootummaa birootti walitti dabarsaa kan turaniidha malee furmaatni biroon uummatichaaf dhufe kan hin jirreedha jechuu nama dandeessisa. Yaadni asoosama kana keessatti dhihaate kun sirna ifatti mul'ataa ture kana kan calaqqisiiseedha jechuu nama dandeessisa.

4.2. 4. Xiinxala Asoosama *Hawwiifi Yoomi laataa?* Gama Sirna Olaantummaa Diinagdeetiin

Haala jiruufi jireenya addunyaa kanaa keessatti sadarkaa biyyi tokko irra jirtu addaan baasee kan mul'isu diinagdee biyyattiin qabdu akka ta'e nama hundaaf gala. Guddina biyya tokkoo beekuufis, sadarkaa diinagdeen biyyattii irra jirtu beekuun barbaachisaadha. Guddina diinagdee biyya tokkoof qabeenyi biyyattii keessa jiru murteessaadha. Qabeenya biyyattii keessa jiru kana haalaan dagaagsuun guddina diinagdee biyyattii mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa qaba. Guddinni diinagdee biyya tokkoos guddina hawaasa biyyattiif murteessaadha. Kanaafuu, hawaasni biyya tokko keessa jiraatu diinagdee biyya isaa guddisuufi haala wal-qixa ta'een irraa fayyadamuuf hirmaannaa wal-fakkaatu taasisuu qaba. Akkasumas, diinagdee biyyattii haala wal-qixa ta'een hawaasa biyyattii keessa jiruuf wal-qixa qoodamuu qaba. Haala kanaa irraa ka'uun rakkoon hawaasa gidduutti mul'achuu mala. Dhimmuma kana ilaalchisuun asoosama filatame kana keessatti sirni olaantumma diinagdee saba Oromoo wajjin wal-qabate akkamitti akka dhihaate haala armaan gadii kanaan xiinxalameera.

Amma yoo irratti barte aadde Dinsiriin na fixuu isheeti, isheen intala koo sooressa baacaatti heerumsiisee hiyyummaa keessaan ba'a jettee yaaddi .“Gurbaan koo dur dubbii balleessee” jettee garaa isheetti waan baay'ee yaadde. (Isaayyaas 2003, f. 43)...Obbo Jireenyaanis “Ati immo gowwaadhaa? Yoom illee taanaan kan horii qabutu bakka garaa isaa gaha. (Isaayyaas 2003, f. 46)

Yaada kana irraa akka hubannutti, hiyyummaaf jedhanii nama umuriin hiriyaa abbaa ishee ta'utti gurgurachuuf yaalan argina. Kana malees amantaa ofii qaban dhiisanii kan warra qabeenyaa qabaniitti jijjiirrachuuf murteessuu isaaniixinxala taasifame kana irraa ni hubatama. Yaadni asoosama kana keessaa fudhatame kunis sirna olaantummaa diinagdeetiin jiru calaqqisiiseera.

“...Warri intalaa hiyyummaa isaanii keessaa ba'uuf jaarsicha kanatti heerumsifatanii battalaan hiyyummaa keessaa bahuu waan barbaadaniif intala isaanii itti heerumsiisuuf murteessanii jiruu” jedhe. Yoon kana Hawwiin dubbiin isaa ishee dhibee “maarree murtiin warra isheetii gatii hin qabu. Dhimma ishee irratti murtiin isheen keessatti qooda hin fudhanne faayidaa hin qabu” jetteen. Hawwiinis itti fufuudhaan, “Ilaa namni dhimma ofiisaa irratti ofii isaan hin murteessu taanaan garba! Garbummaa jala jiru, ykn horii qe'eeti jechuudha. Horiin meeshaa bita malee nama bituu hin danda'u jette. (Isaayyaas 2003, f. 50-51)

Sirni yaadoota olii kanaa, qabeenya ilaalanii dhala ofii nama umuriin ishee hin gitnetti kennuun gaarii akka hin taane nu hubachiisa. Horiin amma fedhe faayidaa yoo qabaate illee, jaalala bituu hin danda'u. Haa ta'u malee maatiin Hawwii sababa hiyyuma isaaniitiif jedhanii fedhii ishee malee heerumsiisuuf yaaluun isaanii gaarii akka hin taane hubanna. Maddi ragaa fudhatame kuni illee, kanuma kan calaqqisiiseedha jechuun ni dandaa'ama.

Ayii..! yaa Latii koo! Utuu murtiin koo fudhatama qaba ta'ee silaa dhaabbii kootti akka horii nan gurguran ture jette. Innis waan hundaafuu suuta jennee mariyanna, ammaaf irraanfachuuf yaali. (Isaayyaas 2003, f. 54)...Bulchaan dhugaatii dhugee machaa'ee maatii isaas jeeqee hin beeku. Garuu Haajii Yuusuuf erga intala isaanii fuudhuuf gaafatanii, walii galan irraa jalqabee birrii hammaaranii sababii itti kennaniif kan dur haraqeefi farsoo dhuguu illee dhiisee foon cooma malee shiroofi raafuun nagaatti jedheera. (Isaayyaas 2003, f. 61)

Yaada armaan olii irraa kan hubatamu, Obbo Bulchaan, qabeenyaaf jedhanii intala isaanii sooressatti erga harka kennanii, qabeenya Haajii Yuusuuf harka keessa galfachuun jireenya isaanii jijjiirrataniiru. Kunis murtii Hawwii malee, waan kana mara kan isaan godhan. Yaadni asoosama kana keessaa fudhatame sirna olaantummaa dinagdee uummaticha keessa ture kan calaqqisiiseedha jechuun ni dandaa'ama.

Haayiluun ilma daldalaa sooressa tokkooti. ...“Qabeenyi abbaa koo na ga’a” jedheeti. humna horiisaatiin shamarran barbaade akka barbaadetti itti taphata. Durbis qabeenyaasaa kana argachuuf ni maraatti. (Isaayyaas 2003, f. 133)

Sirni olaantummaa dinagdee yaada kana keessaa, qabeenya qabaniin biyya jijjiiruun osoo dandaa’amu jireenya isaa waan yeroof darbuttii hidhuun qabeenya isaa tattamsaasa. Horiin amma fedhe faayidaa yoo qabaate illee, jaalala bituu hin danda’u. Haa ta’u malee Haayiluun qabeenyaasatti fayyadamee dubartoota gowwomsuuf yaaluun isaa gaarii akka hin taane hubanna. Maddi ragaa fudhatame kuni illee kanuma kan calaqqisiiseedha jechuun ni dandaa’ama.

Barreessaan Kitaabalee Asoosamoota kanaa Isaayyaas Hordofaan akkuuma kitaaba Asoosamaa isaanii Hawwii keessaatti cunqursaa gama diinagdeen sirnoonni gita bittaa Habashootaa walduraa duubaan geessisaa turan dubbistoota isaaniif ibsaa turan qorataanis kutaa adda addaa keessaa fudhachuun xiinxala isaa dhiyyeessaa ture Asoosama yoomi laataa? Keessattis dhimma diinagdee ilaalchisuun sirnoonni gita bittaa Habashootaa uummata Oromoorraan walduraa duubaan kanneen isaan geessisaa turan odeeffannoo kutaa kitaabicha adda addaa keessaa bahe akka armaan gadiitti xiinxaluun dhiyyeessee jira.

Guddina biyya tokkoo beekuuf, sadarkaa diinagdeen biyyattii irra jirtu beekuun barbaachisaadha. Guddina diinagdee biyya tokkoof qabeenyi biyyattii keessa jiru murteessaadha. Qabeenya biyyattii keessa jiru kana haalaan dagaagsuun guddina diinagdee biyyattii mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa qaba. Guddinni diinagdee biyya tokkoo ammoo, guddina hawaasa biyyaaf murteessaadha. Kanaafuu, hawaasni biyya tokko keessa jiraatu diinagdee biyya isaa guddisuufi haala wal-qixa ta’een irraa fayyadamuuf hirmaannaa wal-fakkaatu taasisuu qaba. Yaadni asoosama filatame kana keessatti dhihaate haala armaan gadii kanaan xiinxalameera.

...Sanyii hiyyeessaa irraa dhalachuun ammoo yakka miti. Akaakayyuun koo bara durii mootii Oromoo ture. Mootummaa keenya Atsee Minilikiitu nurraa fudhatee hiyyummaafi garbummaa kana jalatti nu kuffisee malee anis ilma mootiin ture. Nuti ilmaan Oromoo eenyuu gadi hin turre. (Isaayyaas 2002, f. 82)

Sirni yaada dhihaate kana irraa kan hubatamu, mootummootni biyya kana bulchaa turan dinagdee biyyattii ofiifi namoota sanyii isaanii ta’aniif qooduun ittiin of sooromsuufi sabni Oromoo deegatti akka aanu gochaa turan. Mootummaan Minilik gaafuma Oromiyaa garboomsee qabate irraa kaasee qabeenya uummata Oromoo saamaa tureera. Haala kanatti gargaaramuun nafxanyootni uummaticha gadi qabaafi tuffataa turaniiru. Keessumattuu, bara mootummaa

Minilik irraa kaasee hanga mootummaa Mangistuu H/Maaramitti dhimmi diinagdee Oromiyaa saamuu bal'inaan mul'ataa tureera. Yaadni asoosama keessaa fudhatame kun sirnuma qabatamaan olaantummaan diinagdee uummata Oromoo keessa ture calaqqisiiseedha.

Akka ani dhagaheetti akaakayyuun Gadaa Obbo Odaan utuu Iteegee Xaayituun Finfinnee Addis Ababaa jedhanii maqaa hin jijjiirin dura guutummaan lafa ganda Gullallee qabeenya isaanii ture. Garuu erga Minilik garboomfatan booda lafa karee meetiirii tokko osoo hin hambisiniif Nafxanyooti Minilik lafa isaanii hiratanii irraa fudhatan jedhamee dubbatama. Sababa kanaan akaakayyuun Gadaa ... ilma isaaniif lafti isaan dabarsan hin turre. (Isaayyaas 2002, f.82-83)

Sirni yaada olii kana irraa hubatamu, utuu Minilik Oromiyaa garboomsee hin qabatiniifi Iteegee Xaayituun maqaa Finfinnee jedhu Addis Ababaatti hin jijjiiriin dura guutummaan magaalaa Finfinnee kan uummata Oromoo akka ture ni hubatama. Haa ta'u malee, Atsee Minilik akkuma aangoo qabateen uummata Oromoo magaalattii keessa jiraatan lafa isaanii irraa buqqisuu itti fufeera. Haala kanaan, uummata Oromoo magaalaa Finfinnee keessa turan lafti isaanii utuu waa tokko illee keessaa isaaniif hin hafin nafxanyoota Minilikiif dabarfamee kennameera. Haala kana irraa kan ka'e, uummatni Oromoo garbummaafi hiyyummaa cimaa keessatti akka kufu ta'eera. Hojii kalaqaa xiinxalame kana keessatti sirni olaantummaa diinagdee uummata Oromoo dhihaate kun waan qabatamaan mul'ataa ture akka ta'e xiinxala taasifame kana irraa hubachuun dandaa'ameera.

...Kana booda fira gara biraa akka hin qabne ergan qululleeffadhee booda waa'ee lubbuun jiraachuu isaanii shakkee abdi kutadheen barbaacha isaanii ittii dhiise. Haa ta'u illee malee, ammas yeroo isa dhumaaf utuu abdi hin kutatin ji'a ja'a turee dhaqeen gaafadhee dhabe. Kana booda ture waa'ee lubbuun jiraachuu isaanii kan abdi kutadhee deebi'e. Gadaafi sanyiin isaa hundi eessatti akka badan eessattis akka godaanan hibboo hiika dhabe ta'ee hafe. (Isaayyaas 2002, f.84)

Sirni yaada kana keessa jiru, uummatni Oromoo magaalaa Finfinnee irra jiraataa turan erga laftiifi qabeenyaan isaanii mootummoota nafxanyaan irraa fudhatamee kaasee gosti isaanii magaalaa kana keessaa kan badaniifi eessa buuteen isaanii illee kan hin beekammedha. Yaadni asoosama kana keessaa fudhatame kun, sirna qabatamaan mul'atu kana kan calaqqisiiseedha jechuun ni danada'ama.

Dargiin qondaaltota olaanaa mootummaa H/Sillaasee to'annaa jala oolche. Kan hin qabannes akka harka isaanii nagaadhaan kennan sab-qunnamtii uummataan beeksise, ...Yoo harka keessan kennuu baattan qabeenyi keessan kan socho'uufi kan hin sochoone kan dhaalamu ta'uusaa beeksifna! (Isaayyaas 2002, f. 88-89)

Yaada olii kana irraa wanti hubatamu, Mootummotni biyya keenyaa aangoo mootummaatti kan dhufan karaa nagaafi dimokiraatawaa ta'een osoo hin ta'in karaa lolaa dhiigaa walii dhangalaasuun aangootti kan dhufaniidha. Yeroo kana kan lolanii mo'atan sana ceepha'uufi dararaa guddaa irraan ga'uun kan baratameedha. Haalli kun kan mul'ataa ture keessaa iyyuu, mootummaafi namoota qondaaltota olaanoo aangoo mootummaa irra turan irratti dararamni guddaan irraatti fudhatamaa ture. Qabeenyaan isaanii akka saamamu taasifamaa tureera. Mootummaan Dargiis akkuma aangoo qabateen mootummaa H/Sillaaseefi qondaaltota isaa irratti tarkaanfii dhuma kan irratti fudhataa ture. Maddi asoosama kana keessatti dhihaate sirna kana kan calaqqiisiiseedha jechuun ni dandaa'ama.

Magaalaa guddaa kutaa biyya Wallaggaa taatee kana fakkaachuu isheetti baay'ee gadditeef....Moototni, Baalaabaatotni sirna mootummaa Zawudii kutaa biyya sana bitaa turan hundi akka ishee miidhan hubatte. (Isaayyaas 2002, f. 135)

Sirni yaada olii kanaa, mootummootni biyya keenya bulchaa turan guddina magaalalee Oromiyaaf gochaa turan laafaadha. Bu'uuraalee misoomaa kan akka bishaan qulqulluu, ibsaa, daandii, akkasumas, miidhaginaafi guddina magaalaa tokkoof kan barbaachisan kan akka bakkeewwan bashannanaa, gamoolee, galmoota adda addaaafi k. k. f magaalota Oromiyaa baay'ee keessaatti gutamaafi kan hin jirre ta'uu agarsiisa. Keessumaa, magaalaa guddaa kutaa biyya Wallaggaa taatee osoo jirtuu, magaalaan Naqamtee rakkoowwan olii kanaan danqamaa turteetti. Kanaaf, sababa guddaa kan ta'ee dhiibbaa mootummootni biyya sana bulchaa turan irraan gaa'an irraa kan ka'e ta'uun hubatameera. Yaadni asoosama kana keessaa fudhatame kun sirna jiru calaqqisiiseera.

“Kunooti kaa mana abbaa keessan waajjira bulchiinsa uummata magaalaa ta'e. Qabeenya keessan hunda dhaalan.” (Isaayyaas 2002, f.196); Haaluma kanaan walumaa galatti kaadirooti Dargii baay'een qabeenya namoota baay'ee Farrootii warraaqsa, farrootii tokkummaa Itoophiyaa fi k.k.f. maqaa jedhu moggaasuudhaan lubbuufi qabeenyaa isaanii irratti tarkaanfii barbaadan fudhatu. (Isaayyaas 2002, f. 260)

Yaadni olitti fudhatame kun kan agarsiisu, mootummaan Dargii akkuma aangoo mootummaa qabateen namoota mootummaa H/Sillaasee keessatti aangoo olaanaa irra tureefi Oromoota qabeenya horatan irraa qabeenyaa isaanii irraa saamaa akka turan kan mul'iseedha. Kun waan qabatamaan mootummaan Dargii abbootii qabeenyaafi abbootii aangoo mootummaa duraanii keessa turan irratti gocha kana kan irratti raawwatamaa tureedha. Ragaan xiinxalamee jiru kun haala olaantummaa diinagdee uummatichaa mootummoota darban keessatti maal akka fakkaataa

ture karaa sirna of keessaa qabuun kan calaqqisiise ta'un isaa mirkanaa'eera. Kanaafuu, hojii kalaqaa xiinxalli irratti taasifame kana keessatti dhimmi olaantummaa diinagdee, uummata Oromoo keessa ture karaa sirna qabeessa ta'een dhihaachuun isaa xiinxala taasifame irraa hubaachuun dandaa'ameera.

4.2.5. Xiinxala Asoosama *Hawwiifi Yoomi laataa?* Gama Sirna Hawaasummaatiin

Addunyaa kana irratti dhalli namaa sababoota adda addaatiin walitti dhufa. Sababoota isaan walitti fidan keessaa inni ijoon haala jiruufi jireenya addunyaa kanaati. Jiruufi jireenyi addunyaa kanaa namoota baay'ee walitti fiddi, namoota baay'ees adda adda baafti. Uummanni Oromoos amala haala jiruufi jireenya namoota addunyaa kanaa waan hin qooddanneef hin qabu. Haalli jiruufi jireenya uummatahaas kallatii adda addaatiin mul'ata. Hojii kalaqaa kana keessattis haalli hawaasummaafi haalli jiruufi jireenya uummata Oromoo hojii kalaqaa kana keessatti gama sirna of keessaa qabuun dhihaachuun isaa haala armaan gadii kanaan xiinxalameera.

Jireenyi isaanii kun sababii hin fooyyofneef haati manaa isaa aadde Dinsiriin farsoo naqxee, araqee baafti wal-gargaaranii akka kanaan jireenya isaanii wajjin qabsoo wal qabu. Obbo jireenyaanis, miindaan isaanii baay'ee xiqqoo sababii taateef, haati manaa isaanii aadde Bashaatuun shaayee danfistee, daabboo wajjin gurguruudhaan wal utubanii jiraatu.... Haati manaa obbo Jireenyaa aadde Bashaatuun garuu, jarana dubbii hojii waaqaa keessa galtanii cubbuu hin dubbatinaa!Jechuudhaan marii isaanii hunda araarsiti. (Isaayyaas 2003, f. 10-11)

Sirni yaada kana keessa jiru, maatiiwwan lamaan kun ollaa walii kan ta'an yoo ta'u, akkaataa hawaasni tokko ittiin jiraachuu amaleeffatetti wajjin kan jiraataniidha.Wajjin jireenya isaanii kana keessattis hanqinaafi cimina qaban irratti wal-mari'achuun wajjin jiraachuu isaanii argina. Yaadni hojii kalaqaa kana keessatti dhihaate kunis waan qabatamaan haala hawaasummaa namootaa gidduutti mul'atu bu'uureffachuu isaa ragaa xiinxalame kana irraa hubachuun dandaa'ameera.

Obbo Bulchaan, dunkaana dahoo keessummooti waamaman keessa ta'an dhaabuuf oliif gadi jedhu. Haati Hawwiis dubartoota ishee gargaaran wajjiin waan nyaataafi dhugaatii qoqopheessuudhaaf hojii duukaa fiigu...Guyyaan cidhaa bultii lamatti gale. Bor ooleedha. Hiriyooni Latii, Sheebaa, Walloo, Bishii, Buddussee, Funxur, Loos Furnoofi Baatirii jedhamaniifi isaan kaanis hojii gargaarsaaf manaafi alaan oliif gadi socho'uudhaan hojjetu. Hiriyootti Hawwiis, Siindahaatuufi Doddotee, Immebeetiifi isaan kaanis kan Hawwiif barbaachisu qoqopheessu. (Isaayyaas 2003, f. 71-72)

Yaadni olitti dhihaate kun kan agarsiisu, uummatni Oromoo aadaa wal-gargaaruu cimaa ta'e qabaachuu isaa kan nutti agarsiisuudha. Aadaan kunis, uummatichi yeroo gaddaafi gammachuu waliif birmachuun wal-bira dhaabachuun aadaa isaa akka ta'e, xiinxala taasifame kana irraa hubachuun ni dandaa'ama.

Barreessaan Isaayyaas Hordofaa dhiibbaa Sirni gita bittaa Habashootaa Uummaata oromorraan walduraa duubaan gama hawwaasummaatiin geessisaa turan kitaaba Asoosamaa Hawwii qofa keessaatti kan ibsame qofa miti. Kitaaba Asoosama isaanii Yoomi Laataa? Keessattillee haala gaariin ibsamee jiru. Akkuma beekamu Mootileen Habashootaa Aangoo sanyiin waliitti dabarsaa turan Uummata Oromoo irraatti kallattii garaa garaan godaannisa hindagataamne kahaanii darbuu isaanii hayyoonni garaa garaa barreessaniiru. Barreessaa Isaayyaas Hordofaas Asoosama kanneen keessaatti Haala sirnoonni kun itti uummaata Oromoo hawwaasummaa fakkeessuun xiinsammuun miidhaa turaniifi hawwaasummaa uummatichaa diigaa turan lafa kaaheera. Qorataanis odeeffannoo kitaaba Yoomi Laataa? kana keessaa argaate akka armaan gadiitti xiinxaluun dhiyeessee jira.

Uummanni tokko haala hawaasummaa isaa keessatti uummata biroo irraa waan ittiin adda ba'u wantoota addaa addaa ni qabaata. Uummanni Oromoos akkuma uummata biroo haala jiruufi jireenya hawaasummaa kan mataasaa qaba. Hawaasumman isaa kun eenyummaa isaa kana kan calaqqisiisuudha. Haaluma kanaan, asoosamoota qorannoo kanaaf filataman keessatti gama hawaasummaa uummata Oromoo karaa sirna of keessaa qabuun akkaataa armaan gadii kanaan xiinxalameera.

Oromoon saba aadaa gaarii qabu, saba gara-laafessaafi saba jireenya hawaasummaa gaarii qabu tahuu isaa Raas biyya Oromoo keessatti dhalatanii Oromoo wajjin guddatanii waan arganiif waa'ee Oromoo Harargee ragaa gara biraa hin barbaadan (Isaayyaas 2002, f.23)

Uummanni Oromoo saba hawaasummaa mataa isaa danda'e qabaatee ittiin bulaa kan tureefi ittiin bulaa kan jiruudha. Hawaasummaan isaa kun kan akka gara-lafummaa, garraamummaa, jaalalaafi kabaja ilma namaaf akkasumas, haala jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti uummata kam illee wajjin wal-kabajaafi hariiroo gaarii uumuun jiraachuu kan beeku ta'uun isaa yaada olii kana irraa hubachuun dandaa'ameera. Kana gochuun isaa sirna qabatamaan hawaasicha keessatti sirna hawaasummaa uummatichaa karaa sirrii ta'een kan calaqisiiseedha jechuun ni dandaa'ama.

Nuti utuu Atsee Minilik nun garboomsin qullaa hin deemnu turre. Fo'aa jirbii irraa qomee, bulukkoo, biddiqqoo, kalleefi gogaa irraa ammoo jandee, dukkuu, makaddaa (boraatii) itillee, siree teephaa muka irraa ammoo siree, barcuma,...geejibaaf Harree, Gaangee, Fardaafi Gaalaan tajaajilamna. (Isaayyaas 2002, f.33)

Yaada olii kana irraa kan hubatamu, uummanni Oromoo haala hawaasummaa isaa keessatti wantoota isa barbaachisan kan akka, mana jireenyaa, uffata, meeshaalee mana keessatti itti tajaajilamu, kan ittiin qulqullina isaa eeggatu, kan irra rafu, kan dabbasaa ittiin miidhagfatu, kan meeshaalee nyaataa ittiin qulqilleeffatuufi urgeeffatu, kan ittiin oomishuufi k.k.f hojjechuun itti taajaajilamaa akka ture hubachuun dandaa'ameera. Kanaafuu, ragaaleen fudhataman kun waan qabatamaan hawaasa Oromoo keessa jiru gama sirna hawaasummaa kan calaqqisiisaniidha.

...tuuti hawwisoo aadaa Wallaggaa tapha garaa garaafi geerarsa dhaggeessisan. (Isaayyaas 2002, f. 153)... Waariyoo, Siintolinnaafi ijoolleen isaanii qe'ee isaanii bara dheeraa keessaa jiraataa turan gadi dhiisuun dirqii itti ta'e. (Isaayyaas 2002, f. 175)

Sirni yaadota asiin olii kun kan inni agarsiisu, uummatni Oromoo waan itti dhagaa'ame walii isaatti bifa geerarsaafi taphoota adda addaatti fayyadamee ergaa isaa waliif dabarsaa tureera. Kun qabatamaan waan hawaasa uummata Oromoo biratti mul'ataa tureedha. Kana malees, sirna hawaasummaa uummata Oromoo mootummoota darbanii keessa yoo ilaalle, rakkoowwan addaa addaa irra ga'aa tureera. Rakkoolee isaan irra ga'u kana jalaa miliquuf tooftaa addaa addaa gochaa tureera. Tooftaa inni gochaa ture keessaa tokko iddoo jireenyaa duraan jiraataa ture gadi lakkisuun wajjin bakka birootti godaanaa tureera. Yaadni fudhatame kun, waan qabatamaan jiruufi jireenya hawaasa Oromoo gama sirna hawaasummaan irra ga'aa ture kan calaqqisiise ta'uun isaa xiinxala taasifame irraa hubachuun ni dandaa'ama.

Gargar ba'uun du'a irraa adda miti. Namni wal hin argu taanaan jira jechuun gatii hin qabu. Namni gar gar addaan walirraa fagaatee deeme hundi deebi'anii wal arguuf hin milkaa'ani.... Waariyoon yeroo Fiqiriifi ijoolleeshee fidee dhufu gammachuu guddaadhaan ililchuudhaan lafa dhungatte. Harka Waaqatti ol kaastee Waaqayyoon galateeffachaa dabaree dabareedhaan hundasaanii dhungatee isaan simate. (Isaayyaas 2002, f. 207-208)

Dhalli namaa jireenya hawaasummaa gaarii nama wajjin dabarse irraa fagaatee jiraachuu hin jaallatu. Haa ta'u iyyuu malee, namoonni baay'een osoo hin jaallatani jiruufi jireenyi addunyaa kanaa addaan isaan baafte. Namoonni carraan jireenyaa addaan isaan baafte kun deebi'anii wal arguuf carraa isaan qaban baay'ee miti. Kana irraa kan ka'e namoonni yeroo wal irraa gargar ba'an miira gaddaa guddaatu itti dhagaa'ama. Haala wal-fakkaatuun namoonni tokko tokko adda

ba'uun du'aan wal-qixa jedhanii fudhatu. Haala jiruufi jireenya gama hawaasummaa ilma namaa keessatti namoonni tokko tokko erga addaan ba'anii osoo wal hin argiin addaan yeroo hafan ni mul'ata. Akkuma kana ammoo, kanneen adda ba'aanii turtii yeroo dheeraa booda yeroo walitti deebi'an karaalee adda addaan gammachuu isaanitti dhagaa'ame ibsataa turan. Yaadni asoosama kana keessaa fudhame kun waan qabatamaan raawwatamaa ture kana kan calaqqsiiseedha.

“ Fiqir hin boo'in. Ati gara fuula duraatti nama abdii guddaafi carraa gaarii qabduudha. Ijoolleefi abbaa manaa kee lubbuun argachuu ni dandeessa ta'a. Kanaaf, jabaadhuutii barumsa kee xumuruu yaali.”Ittin jechuudhaan ishee jajjabeessan. Eliyaasis utuu hin nuffin yeroo barumsaaf Koolleejjii Haroomaayaa ganda Baatee dhaqu ishee jajjabeessaa ture. (Isaayyaas 2002, f. 225)

Sirna dhihaate kana irraa hubachuun akka dandaa'amutti, haala jiruufi jireenya addunyaa kanaa keessatti dhalli namaa yeroo tokko tokko sababoota addaa addaatiin osoo hin jaallatiin maatii irraa fagaachuu danda'a. Yeroo maatii irraa fagaatee jiraatu kana ammoo, yaaddoofi gaddi itti ni dhagaa'ama. Akka haala jiruufi jireenya hawaasa Oromootti yeroo haalli akkanaa nama irra ga'u firriifi hiriyaan kallattii adda addaan bira dhaabbachuun akka irraanfatu gochuun bal'inaan beekamaadha. Sirni gama hawaasummaan jiru kunuunfamuun kan dhaloota irraa dhalootatti darbu ta'uu qaba. Yaadni fudhatame kun qabatamaan sirna uummata Oromoo keessatti raawwatamaa ture ta'uu isaa xiinxala kana irraa hubachuun dandaa'ameera.

Firri fagoofi dhihoo Dr. Fiqir biyya Awustiraaliyaa irraa dhufuu ishee sababii godhachuudhaan waamicha dhufan hundi nyaatanii dhugu...namoota affeeraman keessumeessu. Achi deemaa as deebi'aa; “Nyaadhaa! Dhugaa! Maaltuu hirdhattee? Maal daballu?”Jechuudhaan affeeru. (Isaayyaas 2002, f. 276)

Yaadni kun kan agarsiisu, uummanni Oromoo haala jiruufi jirrenya isaa keessatti irra jireenya hawaasummaa uumee wajjin kan jiraatudha. Wantoota gaariifi gadhee isaan mudatan mara wal bira dhaabbatee wal-tumsuun kan beekamuudha. Yoo wanti gaariin isa mudatee gammachuu walii irratti argamuun wajjin gammaduu, yoo gaddi isa qunname ammoo, wal-jajjabeessu. Sirni asoosama kana keessaa fudhatame kun sirna gama hawaasummaan mul'ataa ture qabatamaan kan calaqqisiiseedha. Walumaa galatti, sirni gama hawaasummaa haala uummata Oromoo bu'urreffachuun kalaqamuu isaa ragaalee xiinxalama kana irraa hubachuun dandaa'ameera.

4.2.6. Xiinxala Asoosama *Hawwiifi YoomiLaataa?* Gama Sirna Amantaatiin

Uummanni Oromoo osoo amantaaleen adda addaa gara biyya keenyaatti hin dhufin dura amantaa mataa isaa danda'e qabaataa ture. Amantaan isaa kun "Amantaa Waaqeffataa" kan jedhamu yoo ta'u, Waaqa uumaa tokkichatti kan amanuudha. Waaqni uumaa waan hundaa akka ta'eefi kan uume kana jiraachisuu kan danda'u ta'uu isaa hubachuun uummatichi uumaa isaa hundaa ol akka ta'etti ilaala ture. Haala Kanaan, uummatichi uumamatti fayyadamuun uumaa isaa kadhataafi galata dhiheessaa kan tureedha. Haa ta'u malee, mootummoonni biyya keenya bulchaa turan uummatichi amantaa isaa kana akka hin hordoofneef dhiibbaa adda addaa irratti geessisaa turaniiru. Hacuuccaafi miidhaa isa irra ga'u kana irraa kan ka'e, uummanni Oromoo amantaa isaa dhiisee amantaa biraa dirqamaan akka hordofu taasifameera.

Haaluma Kanaan, ummanni Oromoo godinaalee Baalee, Harargee, Iluu Abbaa Booraa, Jimmaafi naannoo Amaaraa godina addaa Oromoo kan taate Kamisee keessatti bal'inaan amantaa Musiilimaa akka hordofan taasifameera. Godinaalee Oromiyaa kanneen hafan kan biraa keessatti ammoo, baay'inaan amantaa Kiristaanaa akka hordofan taasifamaniiru. Godinaalee Oromiyaa muraasa kan akka godinaalee Booranaa, Gujiifi bakkeewwan tokko tokko keessatti uummatni baay'een amantaa isaa jalqabaa kan ta'ee "Amantaa Waaqeffataa" hordofaa tureera; har'as hordofaa kan jiruudha. Walumaa galatti, asoosamoota filataman kana keessatti haalli amantaa uummata Oromoo sirnoota darban keessatti maal akka fakkaataa ture haala armaan gadii kanaan xiinxalameera.

Raas Garasuunis magaalaa Naqamtee irraa gara dhihaatti K.M 17 Diggaa bakka jedhamu irratti dhufee araara buusan. Morodaa kiristinnaa kaasee taabota Yesuusii biyya Goojjamii fidee dhufe kenneef. Achumaan Morodaa Dajjazmaachi jedhee muudeen. Kana booda Morodaan bataskaana Yesuusii magaalaa Naqamtee keessatti ijaarsiise (Isaayyaas 2003, f. 86)

Sirni as keessatti dhihaate, amantaan uummatni Oromoo osoo mootummootni garboonfataa Oromiyaa humnaan of jala hin galchiin dura amantaa Waaqeffataa hordofaa akka ture kan hubatamuudha. Erga mootummoonni garboomfattoota Oromiyaa qabatanii kaasee amaantaan uummatichaa mootummootni kunneen, uummaticha akkaataa bittaa isaaniif ta'utti kiristinnaa kaasuun aangoo kennuufiin muudaa turaniiru. Haala kana irraa kan ka'e, amantaan uummata Oromoo duraan tokko ture akka bittinnaa'uuf yaaliin baay'een godhameera. Maddi fudhatame

kunis sirna qabatamaan gama amantaan mul'ataa ture kana kan calaqqisiiseedha jechuu nama dandeessisa.

Finciltooti kun Mahadiistotaan deeggaramanii humnaan Morodaa naannoo isaanii keessaa baasan. Ansaaris (mahadisstis) finciltoota Oromoo wajjin ta'anii giddu-gala isaanii Najjoo Guutee Dilii jedhamu godhatan. Kanumaan gara waggaa tokkoo turan. Waggaa tokko kana keessatti uummata Oromoo waaqeffataa naannoo sana amantii Isilaamaatti jijjiiran. (Isaayyaas 2003, f. 89). ...daldalaan kan maqaan isaa Abdul Hakiim jedhamu bara 1822 daldalaaf, Jimmaan dhufee Abbaa Joobir (Abbaa Jifaar 1ffaa) amantii Isilaamummaatti amansiisee uummata naannoo sanaa keessatti babal'ise. ...Isilaamummaan haala kanaan naannoo Jimmaatti babbaldhachaa deeme malee Oromoon naannoo sanaas amantiin isaa Waaqeffataa ture. (Isaayyaas 2003, f. 91)

Sirni yaadota dhihaatan kana irraa hubatamu, amantaan uummatni Oromoo osoo mootummootni garboonfataa Oromiyaa humnaan of jala hin galchiin dura amantaa Waaqeffataa hordofaa ture. Akkuma mootummoonni garboomfattootaa Oromiyaa qabataniin amaantaan Oromoo jijjiiramaa akka dhufe kan agarsiisuudha. Mootummootni kunneen, akkaataa bittaa isaaniif ta'utti amantaa adda addaatiin akka adda adda hiran taasisamaa tureera. Haaluma kanaan, akka inni amantaa Isilaamaa fudhatan taasisaa turan. Kana irraa kan ka'e, amantaan uummata Oromoo duraan tokko ture akka adda adda ta'u taasisameera. Yaadni fudhatame kun sirna qabatamaan gama amantaan mul'ataa ture kan calaqqisiise ta'uu isaa xiinxala taasisame kana irraa hubachuun ni dandaa'ama.

Torban torbaniin gaafa dilbataa hiriyoota ishee Asteeriifi Gannatii wajjin waldaa kiristaanaa deemtee deebiti. (Isaayyaas 2003, f.173). Latiin... “Maaloo yaa gooftaa nu uumtee dheekkamsa kee kana nurraa kaasi. Cubbuu keenyas nuu dhiisi! Balleessaa keenya utuu nuttin lakkaa'in araara kee nuu buusi, qorichi guddaan hafuura qulqulluu keeti. Jaalallee koo naa fayyisi” jedhee siree ishee jalatti jilbeenfatee kadhata. (Isaayyaas 2003, f. 213)

Sirna yaadota armaan olii kana irraa hubachuun akka dandaa'amutti, haala jiruufi jireenya addunyaa kanaa keessatti namootni adda addaa ilaalcha isaanii irratti hundaa'uun amantaa adda addaa hordofu. Amantaawwan biyya lafaa kanaa irra jiran seeraafi dambii ittiin bul-maataa kan mataa isaanii qabu. Kanaafuu, akka amantaa kanaatti guyyoota jiran keessaa dilbata walitti qabamanii kan waaqeffataniifi yeroo rakkinaafi muddamni addaa addaa isaan irra ga'u gara waaqa isa amanatanitti gadi of deebisuun kadhatanii deebii aragachuu isaanii ragaa xiinxalame kana irraa hubachuun dandaa'ameera. Yaadni asoosama keessaa fudhatame kun sirna ture kana kan calaqqisiiseedha jechuu nama dandeessisa.

Dhiibbaan gama Amantaa Oromoo balleessuun Sirna gita bittaa Habashootaatiin raawwachaa ture Asoosama Hawwii keessaatti ibsame; Asoosama Yoomi laataa? Keessatis haalaan ibsamee jira. Qorataanis odeeffannoo kitaabicha keessaa argate akka armaan gadiitti xiinxalee dhiyeesseera.

Amantaan bifaafi hojii karaa namoonni waaqa isaanii wajjin wal-quunnaman ykn muuxannoo addunyaa kana ala jiru argachuuf nu daandeessisa jedhanii karaa namoonni abdataniidha. Namni amantaa qabu karaa waaqa isaa itti quunnamuufi sodaa waaqaa qaba. Wanti dabalaafi fakkaattii hin qabne dhumni isaa waaqa jedhee amana. Uummanni Oromoo osoo amantaaleen adda addaa gara biyya keenyaatti hin dhufin dura amantaa mataa isaa danda'e qabaataa ture. Amantaan isaa kun "Amantaa Waaqeffataa" kan jedhamu yoo ta'u, Waaqa uumaa tokkichatti kan amanuudha. Waaqni uumaa waan hundaa akka ta'eefi kan uume kana jiraachisuu kan danda'u ta'uu isaa hubachuun uummatichi uumaa isaa hundaa ol akka ta'etti ilaala ture.

Haala kanaan, uummatichi uumamatti fayyadamuun uumaa isaa kadhataafi galata dhiheessaa kan tureedha. Haa ta'u malee, mootummoonni biyya keenya bulchaa turan uummatichi amantaa isaa kana akka hin hordoofneef dhiibbaa adda addaa irraan geessisaa turaniiru. Kanuma irraa kan ka'e, amantaa uummata Oromoo kan ta'e Waaqeffannaan akka dadhabuufi akka badu taasifamaa kan tureedha. Hacuuccaafi miidhaa isa irra ga'u kana irraa kan ka'e, uummanni Oromoo amantaa isaa dhiisee amantaa uummata biraa kan ta'e amantaa biraa dirqamaan akka hordofu taasifameera. Kanaafuu, asoosama filatame kana keessatti haalli amantaa uummata Oromoo mootummoota darban keessatti maal akka fakkaataa ture haala armaan gadii Kanaan xiinxalameera.

...Oromoon Kiristaanni, Isilaamni fi Waaqeffataan akka amantii isaaniitti, akka hawwii jireenya isaaniittifi milkii nuu ta'a jedhanii yaadanitti moggaafatu. (Isaayyaas 2002, f. 30-31);...Kiristinnaas isaantu na kaasee malee aniifi firooti koo hundi waaqeffataa turre. (Isaayyaas 2002, f. 36)

Sirni yaadota asiin olii rraa hubatamu, amantaan uummatni Oromoo osoo mootummootni garboonfataa Oromiyaa humnaan of jala hin galchiin dura amantaa Waaqeffataa hordofaa akka ture kan hubatamuudha. Erga mootummoonni garboomfattootaa Oromiyaa qabatani kaasee amaantaan uummatichaa adda addaa akka ta'e kan agarsiisuudha. Mootummootni kunneen, uummaticha akkaataa bittaa isaaniif ta'utti amantaa adda addaatiin akka adda adda qoodaman taasifamaa tureera. Haala kanaan uummata Oromoo walakkaa maqaa isaa jijjiiruun Kiristinnaa

kaasani. Isa kaan ammoo, akka inni amantaa Musiliimaa fudhatu taasisan. Haala kana irraa kan ka'e, amantaan uummata Oromoo duraan tokko ture akka adda adda ta'u taasifameera. Yaadotni fudhataman kanneen sirna qabatamaan gama amantaan mul'ataa ture kana kan calaqqisiisaniidha jechuu nama dandeessisa.

...Dubartiin kun maal na seetee adaraa Waaqayyoo jettee na kadhattii? Ayidiyaalistii(nama waaqayyootti amanu) na seetee? Ani waan qabatamaa hin taane kan ijaan hin muldhannee kan harkaan hin qabamne biyya lafaarra jiraachuu isaaf ragaan kan hin argamnetti amanu seetee adaraa Waaqayyoo naan jettii kun? (Isaayyaas 2002 f. 255)

Yaadni olitti dhihaate kun kan inni agarsiisu, haala jiruufi jireenya adduunyaa kanaa keessatti namootni amantaa adda addaa hordofu. Haa ta'u malee, namootni tokko tokko yaada adda addaa qabaachuun amantaa kam illee kan hin hordofne ni jiru. Akka yaada warra kanaatti waan harkaan hin qaqqabatamneefi ijaan hin mul'anneetti amanuun yeroo akka gowwummaatti ilaalamu ni mul'ata. Keessattuu, namootni abbootii aanagoo bara durii tokko tokko ilaalcha kana qabaachuun uumata irraatti shira aadda addaa raawwataa akka turan ni hubatama. Namootni haala kanaan jiraatan miidhaafi dararama namaa irraan yeroo ga'an bal'inaan ni mul'ata. Ragaan xiinxalame kun ilaalalcha namoota amantaa kam iyyuu hin hordofnee kan mul'isu ta'uun isaa hubatameera.

Dr.Fiqir ammoo amantii hordofuu erga jalqabdee dhugaatii alkoolii lagatte. Sandaabaan garuu dur irraa jalqabee dhugaatii alkoolii hin jaalatu. (Isaayyaas 2002, f. 277)

Sirni amantaa yaada olii kana irraa kan hubatamu, haala jiruufi jireenya addunyaa kanaa keessatti namootni adda addaa ilaalcha isaanii irratti hundaa'uun amantaa adda addaa hordofu. Amantaawwan biyya lafaa kanaa irra jiran seeraafi dambii ittiin bul-maataa kan mataa isaanii qabu. Hordoftootni amantaalee kanas seeraafi dambii ittiin bulmaata amantaa isaanii eeguun itti jiraachuun dirqama nama amane sana irraa eegamuudha. Yaadni asoosama keessaa fudhatame kun kanuma kan calaqqisiiseedha jechuun ni dandaa'ama.

Walumaa galatti, Ragaalee hojii kalaqaa kana keessaa fudhataman kana, haala amantaa uummata Oromoo baroota darbanii kaasee hanga ammaatti jiru karaa sirna of keessaa qabuun dhihaachuun isaa xiinxala taasifame kana irraa hubachuun dandaa'ameera.

4.2.7. Xiinxala Asoosama *Hawwiifi Yoomi laataa?* Gama Sirna Gara-jabinaatiin

Gara-jabina jechuun waan gaarii yaaduu dhiisanii keessoo ofiittis ta'e alaan nama dhuunfaa irratti, biyyarrattii, akkasumas, uumama irratti jal'ina hojjechuu wajjin kan wal-qabatuudha. Gara-jabina kanaaf wantoonni baay'een sababa ta'uu danda'u. Isaanis, fedhii guuttachuu dhabuu, shakkii inaffaafi k.k.f isaan muraasadha. Gochi hamaan addunyaa kana irratti yeroo mara raawwatamu kun, fedhii dhuunfaa ofii guuttachuuf jecha shirri adda addaa yeroo taasifamu ni mul'ata. Keessattuu sirni kana dura biyya kana geggeessaa ture, uummata Oromoo irratti gochoota miira namaa suukanneessan baay'ee isaa irratti raawwataa turuun isaa kan wal nama gaafachiisu miti. Kanaafuu, sirni gara-jabinaan asoosama kana keessatti mul'atan kun asoosama filatame kana keessatti akkaataa armaan gadii kanaan xiinxalameera.

Nigus T/ Haayimaanot Amaara, loltooti isaas Amaara sababii ta'aaniif, yoggaa Abbayyaan ce'anii Horroofi Guduruu weeraranii mootummoota naannoo sanaa diigan, lafa Oromoo qabatanii gooftooman sana Aadaa Oromoo balleessanii jireenya Oromoo naannoo sanaa rakkoo guddaa irratti gatan. ... Goobanaan waadaa Miniliik isaaf gale kana abdachuudhaan uummatasaa Oromoo gara jabeenyaan lolee biyya Oromoo garbummaa Minilik jala galchuu danda'e. (Isaayyaas 2003, f. 87-88)

Akkuma beekamu Aayidooloojiin Minilik Oromoota garaa isaaniif bitaman qabachuun Oromoota gara jabinaan cabsuun lafa isaanii weeraranii Afaan, Aadaa, Amantaafi Seenaa isaanii dirqamaan itti fe'uun Uummaanni Oromoo akka eenyummaa ofii gatee kan Nafxanyootaa uffatu taasisuu akka ta'e beekamaadha. Yaada armaan oliirraas kan hubatamu isuuma kana. Sirni yaadota armaan olii kana irraa hubatamu, aanga'oonni biyya kana geggeessaa turan, uummatuma Oromoo kanneen ta'an faayidaa dura qabuun ofiidhuma isaanitii akka wal miidhan gochaa turaniiru. keessattuu Minilik yeroo Oromoo harkasaa keessa galfachuuf ture, nama maqaan isaa Goobanaa Daaccee jedhamu aangoon si kenna jedhee sossobuun akka sabichi isaaf bitamuuf tattaaffii adda addaa gochaa tureera. Haa ta'u malee qondaaltoti mootummaa yeroo Minilik Oromticha kana biyya Oromoo irratti nugusa jettee muuduun kee mootota Oromoo tokko godhee wal taasisee sirratti finciluun aangoo sirraa fudhata jedhanii itti himnaan nugusummaa isaa irraa fuudhe. Akka kanaan gantuun Goobanaa jedhamu kun hunda dhama'ee uummata Oromoofi Minilik biraa galata dhabee, akka qodaa cabaa irraanfatamee hafe. Yaadni kun kan nutti agarsiisu, Goobanaan, fedhii ofii guuttachuuf jecha gara-jabinaan saba isaa, aadaa saba isaatii balleessee

saba isaa gara-jabinaan akka lolchiisaa ture xiinxala taasifame kana irraa hubachuun dandaa'ameera

Haati manaa isaanii abba manaa isaanii bara dargaggummaatti sababii beekaniif shakkiin isaanii ammallee isaan keessaa hin badne. .. “Garuu yoo mana kanaa baates, mana gara biraa kaawwachuu ni danda’a, maaltu gargar isaan baasa achittis akka wal- hin argine gochuu hin danda’u. waan kana ta’eef, qoricha summii qopheessee ishee balleessuun qaba.” (Isaayyaas 2003, f.119-120).

Sirni gara-jabinaa yaadoota asiin olii kana keessatti dhihaate dhalli namaa waan tokko dhugaaf sobaa ta’uu isaa utuu adda hin baafatin shakkii irraa ka’uun, yeroo inni dogoggora hin taane keessa seenee raawwatu ni mul’ata. Haati manaa obbo Ayyaanaa, Hawwiin kan isaan bakkeetti nama biraa irraa godhatan jedhanii shakkuun inaaffaa dhugaa irraa fagaate keessa galuun summii qopheessaniifi lubbuu Hawwii balleessuuf akka turan xiinxala kana irraa ni hubatama. Kun ammoo, addunyaa dhugaa kana keessatti sirna gara-jabinaan qabatamaan raawwatamaa ture ta’uu isaa madda ragaa fudhatamerraa hubachuu nama dandeessisa.

Amaareen garuu, kan Hawwiin isa arrabsitee qaanessiteef garaan isaa aaree gubatee jira. ...Kanaaf Hawwiifi Dalasaa walitti naqee wal-lolchiisuutu naaf salphata jedhee hammina gara biraa xaxuu jalqabe. (Isaayyaas 2003, f. 180). Amaareen hammina kiyyeeffate Dalasaatti himuuf... kana booda garaa jabaatee manatti gale. (Isaayyaas 2003, f. 185). ...Hojjettuunis “isheenoo hardha nagaa hin qabdu akkasumaan boo’aa oolte; kan isheen taates ani hin beekne” jettee gara golaatti deebite. Amaareenis garaa isaatti “Amma dhiiga boossaa, turii amman lubbuu keetti tabadhaa!” jechaa nyaata isaa sirriitti nyaate. (Isaayyaas 2003, f. 189).

Yaadota armaan olii kana irraa hubachuun akka dandaa’amutti, dhalli namaa fedhii isaa guuttachuu barbaadee yeroo milkaa’uu dhabu akkaataa ittii miidhaa geessisuu danda’u tooftalee garaagaraa qopheeffata. Keessattuu dhiirri tokko yeoo dubara jaalatee argachuu dhabu ykn dubarri tokko yeroo dhiira tokko jaallatee argachuu dhabdu mala ittiin balleessuun dandaa’amu qindeeffatu. Madda ragaa dhihaate kana irraas kan arginu Amaareen, Hawwii argachuu akka hin dandeenye yeroo isheerraa hubatu Dalasaafi Latii wajjin walitti buusee akka isheen miidhamtu gochuun isaa seenaa addunyaa kana keessatti sirna gara-jabinaa waanuma qabatamaan raawwatamaa ture ta’uu isaa xiinxala taasifame kana irraa hubachuun dandaa’ameera.

Garaa jabiinni jaraa Asoosama Yoomi laataa? Keessattis ibsamee jira. Sirnoonni gita bittaa Habashootaa walduraa duubaan uummata Oromoorraatti taasisaa turan kana jechuun ulfaatuu ibsuun dirqama ta’eera. Sirnoonni kun tooftaa bittaa wal waliitti daddabarsuun garaa jabinaan

hawwaasa Oromoo cabsanii bitaa turuun isaanii beekamaaha. Isa kana immoo, akkuuma barreessitoota kaawanii Isaayyaas Hordofas kitaaba isaanii Asoosamoota Hawwiifi Yoomi Laataa? Keessaatti ibsanii jiru. Qorataanis, dhimma kana asoosamoota lachanuu keessaa odeeffannoo sassaabbate walduraa duubaan xiinxalee dhiyeesseera.

Dhalli namaa jiruuf jireenya waliin jiraatu keessti wantoota hedduu keessummeessaa waliin jiraata. Waliin jireenya kana keessattis namaaf garaa laafuu ykn garaa namatti jabaachuun isa tokkoodha. Gara-laafinni namaaf ho'uu, gargaaruu, utubuu, akkasumas, ilaalcha gaarii ta'e tokko namaaf qabaachuu yoo ta'u gara-jabinni ammoo, wantoota dhala namaa irraa hin eegamne gocha gaarii hin taane nama dhuunfaa, akkasumas, biyya irratti hojjechuudha. Keessattuu mootummoonni kana dura biyya kana bulchaa turan gochoota gara-jabinaan guutan hedduu uummata Oromoo irratti raawwataa turaniiru. Walumaa galatti, asoosama filatame kana keessatti haalli sirna gara-jabinaa mootummoota darban keessatti maal akka fakkaataa ture haala armaan gadii kanaan xiinxalamee dhihaateera.

Atsee Teediroos tibba gara shawaatti duulan Oromoota Walloo, Tuulamaafi Abbichuu akkasumas isaan kaan waliin lola waraanaa adeemsisan irratti gara-jabummaadhaan Oromoota kumaatamatti lakkaa'aman fixaniiru. Booji'amtoonni waraana Oromoo harkaafi miilli isaanii muramee morma isaanii irratti hidhamee akka rarra'u erga godhamee booda Teediroos dura akka hiriirani darban dirqamu. (Isaayyaas 2002, f.6-7)

Sirni gara-jabinaa as keessatti mul'ate, mootiin Atsee Teediroos jedhamu nuti sanyii hidda Solomooniif Daawwitiiti jechuun mootummaa erga qabatee booda, impaayeera Itiyoophiyaa ijaaruuf Oromoota isaan morkatan gara jabinaan dhabamsiisaa ture. Haa ta'u malee, gochi gara-jabumaan kun Oromootni yoomillee taanaan sodaa tokko malee bilisummaa biyya isaaniif akka qabsaa'an isaan kakaase. Maddi ragaa asoosama kana keessaa fudhatame kun sirna gara-jabinaa kanaan dura raawwatamaa turan qabatamaan kan calaqqisiiseedha.

Magaalaa Finfinnee keessatti ganama ganama karaa irratti reeffa namoota ajjeefamanii arguun kan baramedha. Sodaafi gadda guddaatu magaalaa irratti mul'ata. Kan firri jalaa ajjeeffame boo'uu hin danda'u. namni goolii diimaadhaan firri jalaa ajjeeffame reeffa fira isaa fudhatee utuu hin boo'in awwaallachuuf birrii 200 kaffaluu qaba. (Isaayyaas 2002, f. 123). ...kan balaa akkasiitiin du'eefi kan goolii diimaadhaan ajjeefameef boo'uun hin dandaa'amu. Bara ilmaan namaa garaa walitti jabaataniidha. Bara lubbuufi dhiigi ilmaan namaa akka dhiiga sareetti lakkaa'ameedha jechuun ni dandaa'ama. (Isaayyaas 2002, f.132-133).

Yaadni armaan oliitti dhihaate kun, Dargiin magaalaa Finfinnee keessatti gocha suukanneessaa ilmaan Oromoo irratti raawwataa ture. Kunis, dargaggootaaf maqaa ‘Goolii Diimaa’ jedhu kennuufiidhaan ajjeesee akka maatiin hin awwaallanneefi hin boonyeef dararaa hamaa raawwataa tureera. Walumaa galatti, yeroon sun yeroo lubbuufi dhiigni namaa akka laayyooti ilaalame jechuun ni dandaa’ama. Xiinxalli taasifame kunis sirna gama gara-jabinaan raawwatamaa ture qabatamaan kan calaqqisiiseedha jechuu nama dandeessisa.

Dargiin namoota kumaatamaan lakkaa’aman hidhaafi ajjeesaa jira. ...Miseensi Dargii kutaa biyya Wallaggaa Aje/dhi.Nugusee Faantaanis bara 1969 walakkaa irratti Oromoota qonnaan bultoota sadii magaalaa Naqamtee dirree Calalaqii jedhamu irratti uummataa magaalaa Naqamtee kuma baay’eetti lakkaa’aman bakka argamanitti rasaasaan tumsiisee ajjeesise. Magaalaa Dambi Doolloo ganda Awwaala koongoo jedhamu irrattis akkasuma haala wal-fakkaatuun qonnaan bultoota sadii rasaasaan tumsiisee ajjeesise. (Isaayyaas 2002, f. 173-174); Akkuma kutaa biyya Wallaggaa Harargeenis biyya Oromoo waan ta’eef, Dargiin Oromoota baay’ee hidhee baay’ee ajjeesaa ture. Koonyaa Oborraa keessatti bulchaan koonyichaa “Radi’et” jedhamu Oromoo baay’ee ajjeese. (Isaayyaas 2002, f. 180)

Yaadotni olii kun kan isaan namatti mul’isan, Dargiin uummata Oromoo kutaalee biyyatti adda addaa keessa jiraatan irratti tarkaanfii gara-jabeenyaa fudhataa akka ture kan agarsiisuudha. Dabbalootni isaas tarkaanfii barbaadan utuu waan tokko illee isaan hin daangeessin tarkaanfii nama barbaadan irratti fudhataa akka turan yaada kana irraa hubachuun dandaa’ameera. Haaluma kanaan, Oromoota kutaalee hedduu keessa jiraatan galaafataa kan turaniidha. Keessumaa, Oromoota kutaa biyya wallaggaa magaalaa Naqamteefi magaalaa Dambi Doollootti akkasumas, kutaa biyya Harargee irratti tarkaanfiin gara-jabeenyaa fudhataa turuun isaa bira ga’aameera. Yaadni asoosama kana keessaa fudhatames, gocha gara-jabummaa mootummaan Dargiifi kaadirootni isaa uummata Oromoo irratti raawwataa turan qabatamaan kan calaqqisiiseedha jechuun ni dandaa’ama.

Eliyaas garuu qofaasaa guungumaa... “akka bosonuu daggalaa ammaa amma qabamnee ajjeefamna jennee hamma yoomiitti birdhachaa irriba malee jiraanna? Yaa Rabbi! Kun Yoomi Laata? Kan nurraa hafuu? Yaa Rabbi! barri walabumaan jiraannu Yoomi Laata? Yoomi Laata? Yaa waaqayyo kan hidhaa sibilaa harkaafi miilla keenya hidhe kana kan nurraa hiiktu? Isaayyaas 2002, f.218)

Sirni armaan olii kun kan inni ibsu, miidhaafi cunqursaan ilmaan Oromoo irratti taasifamaa ture hedduu ta’uu isaati. Keessattuu sirni biyya kana bulchaa ture bara mootummaa Teediroos irraa hanga Mangistuu H/maariyaamitti jiru ilmaan Oromoo adamsuun qabee mana hidhaa galchee

harkaafi miilla isaa hidhuun gara-jabina dhala namaa irra hin eegamne raawwachaa tureera. Maddi ragaa asoosama kana keessaa fudhatame kun sirna ture kana kan calaqqisiiseedha.

“Dhiira isa kamtu na qabaa? Mootii isa kamtu na qabaa?” Jechaa dhaqee shugguxii adda isheetti aggaamee; “Yoon barbaades asitti si ajjeesuu nan dandaa’a. Yoon si ajjeeses namni na gaafatu hin jiru. Yoon si ajjeese ‘farra warraaqsa’ ajjeese jedhu malee nama nagaa ajjeese kan naan jedhu hin jiru,” jedhee “Abiyoot xibbaqaa waamee E.Di.U. kana mana hidhaa keessa galchi booda baasnee ajjeesnaa” jedhee ajaje. (Isaayyaas 2002, f. 256).

Yaada armaan olii kana irraa akka hubachuun dandaa’amutti, sirni kana dura biyya kana geggeessa ture, aangoo uumataa aangoo dhuunfaa isaa godhachuun, ilmaan Oromoo irratti miidhaa geessisaa akka ture kan ibsuudha. Kanaaf, ilmaan Oromoo kunneen balleessaa tokko malee reebamaa, ajjeefamaa akka turan xiinxalli kun ni argisiisa. Kun ammoo, sirna gama gara-jabinaan hawaasa keenya irratti qabatamaan raawwatamaa ture ta’uu isaa xiinxala taasifame kana irraa hubachuun ni dandaa’ama.

4.3. Tokkummaafi Garaagarummaa Asoosamoota *Hawwii fi Yoomi Laataa*?

Asoosamoonni filatamanii qorannoon kun irraatti adeemsifame asoosamoota Isaayyaas Hordofaatiin barreeffamaniidha. Asoosamoonni kun lamaan tokkummaafi garaagarummaa qabu. Qabxiilee isaan wal-fakkeessaniifi addaa addummaa isaanii agarsiisan akka armaan gadii kanatti dhihaatanii jiru. Caasaan ijaarsa seenaa asoosamoota kanneenii adeemsa keessa darbe qaba. Asoosamoonni *Hawwii fi Yoomi Laataa*? asoosamoota dhedheeroo waan ta’aniif caasaan seenaa isaanii haala wal-fakkaatuun ijaaramanii jiru. Caasaa ijaarsa Seenaa isaanii keessatti wantoonni martuu suuta suutan jalqabee adeemsa keessa wal-xaxaa ta’aa dhufuun babal’ataa gara xumuraatti kan dhufaniidha. Caasaa ijaarsa isaanii keessatti asoosamoonni lamaanuu jalqaba irraa kaasanii hanga furmaataatti nam-fakkii guddaa irratti kan xiyyeeffataniidha.

Gama biraatiin asoosamoonni kun lamaan dhaamsi isaanii dhimma aangoo siyaasa, olaantummaa diinagdee, hawaasummaa, amantaa, akkasumas, gara-jabina roga maraan dhiheessuun isaanii hanga ta’een kan wal-fakkaataniidha. Haa ta’u malee, Asoosamni *Hawwii* taateen isaa baay’inaan seenaa jaalalaa irratti kan xiyyeeffate yoo ta’u, asoosamni *Yoomi Laataa*? garuu, dhimmoota siyaasaan wal-qabatan kan taateen isaa seenaa dhugaa ta’e bara mootummaa Aste Teediroos irraa hanga bara kufaatii mootummaa koloneel Mangistuu Haayile Maariyaam gidduu jiruu irratti fuulleffateedha. As keessatti ka’umsi taatee isaanii garaagara ta’uu agarsiisa.

Kana malees, asoosamni *Hawwii* fuula 218fi boqonnaalee torba kan of keessaa kan qabu yoo ta'u, asoosamni *Yoomi Laataa?* ammo fuula 278fi boqonnaalee kudha-ja'a kan qabuudha.

Akkaataa nam-fakkileen itti dhihaatan asoosamoota kanneen keessatti wal-fakkeenyaafi garaagarummaas ni qabu. Asoosamoota lamaan keessatti nam-fakkii guddaa tokko tokko kan qabaniifi nam-fakkiilee xixiqqoon adda addaa kan keessatti argamaniidha. Baay'inni nam-fakkiilee asoosamoota kana keessaatti argamanii garuu adda addadha. Kun ammoo, garaagarummaa isaanii agarsiisa. Dabalataan, asoosamni tokko yeroo kalaqamu akkasumaan hin kalaqamu. Yoomessa mataa isaa danda'ee ni qabaata. Haaluma kanaan asoosamoonni '*Hawwifi Yoomi Laataa?*' keessatti ta'insoonni isaanii bara kamiifi bakka kamitti akka raawwatamaa ture bal'inaan kaa'aniiru. Yoomessa qabatamaatti gargaaramuun isaanii kan isaan wal-fakkeessuu yoo ta'u, taateewwan yoomessi isaanii keessatti raawwatamaa turan garuu hanga tokko garaagara. Walumaa galatti, asoosamoonni kun lamaan caalaa dhumatti dhimmoota isaan wal-fakkeessan haa jiraatan iyyuu malee, qabxiilee muraasa irratti garaagarummaan xiqqaa isaan gidduu akka jirus hubachuun dandaa'ameera.

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Kutaan kun kutaa yaadni cuunfaa qorannoo kanaa gabaabinaan itti cuunfamarii kaa'amaniidha. Kana malees, kutaa kaayyoon qorannichaa, ka'umsi qorannichaafi yaadni dimshaashaa itti ibsamuudha. Haaluma kanaan, boqonnaa kana jalatti cuunfaa, argannoofi yaboon qorannichaa wal-duraa duubaan dhihaataniiru.

5.1 Cuunfaa

Og-barruun hojii kalaqa sammuu kan hawaasni waa'ee jiruufi jireenya isaa ittiin ibsatuudha. Hawaasni tokko gaddaafi gammachuu isaa, hawwii isaa, gidiraa, hakuucmaa, gorsaafi dhaamsa isaa buusee baasee kan ittiin dabarfatu og-barruudhaan. Asoosamni ammoo, gooroo og-barruu keessaa isa tokkoodha. Ergaan darbu karaa barreeffamaan ta'a. Akkuma beekamu uummatni Oromoo seenaan barreeffama isaa yeroo dhihoodha. Isa dura garuu, og-barruun Oromoo afaaniin dhalootaa dhalootatti darbaa ture. Haa ta'u malee, baroota dhihoo as toora barreeffamaa qabateera. Haaluma kanaan, qorannoon afaanichaan adeemsifamuu jalqabeera. Gama asoosama Afaan Oromootiin, qorannoon adda addaa geggeeffamaa jira. Qorannoowwaan garaagaraa Afaan Oromoo irratti haa adeemsifaman malee, asoosamoota akka madda ragaatti filataman irratti mata-durichaan kan wal-qabatu qorannoon hin geggeeffamne.

Ka'umsi qorannoo kanaas, asoosamoota Afaan Oromootiin barreeffamanii jiran keessaa, asoosama '*Hawwiifi Yoomi Laataa?*' jedhaman sirna isaanii xiinxaluun dhiibaa karaa aangoo siyaasaa, olaantummaa diinagdee, haawaasummaa, amantaafi sirna gara-jabinaan jiran adda baasee xiinxaleera. Kaayyoon gooree qorannoo kanaa asoosamoota *Hawwiifi Yoomi Laataa?* keessatti dhimmoota sirnaan wal-qabatanii dhihaatan xiinxaluu, akkasumas, dhibbaawwan sirna uummata Oromoofi Afaan Oromoo irra ga'aa ture wal-simuu isaanii xiinxaleera. Dabalataan, mootummootni dhufaa darban rakkoowwan isaan geessisaa turan asoosamoota lamaan keessatti xiinxalameera.

Asoosamni daawwitii jiruufi jireenyaafi ibsituu dhugaa hawaasaa waan ta'eef, sirni hawaasa keessa jiru karaa kanaan ba'ee mul'ata. Sababa kanaan qorannoon kun guddina siyaas-dinagdeefi Afaan Oromoof shooraa olaanaa qaba. Dabalataan, qorattoota asoosamoota Afaan Oromoo irratti geggeessaniif daandii kan saaquudha. Qorannoon kun asoosamoota Afaan Oromootiin barreeffaman keessaa asoosama '*Hawwiifi Yoomi Laataa?*' jedhaman irratti Sirna xiinxaluu

irratti kan daangeffameedha. Irraawwatamni qorannoo kanaa asoosama *Hawwiifi Yoomi Laataa?*ti. Asoosamootni kun kan filataman tooftaa iddatteessuu kaayyeffataatiin. Hojiiwwan qorannoo kana galmaan ga'uuf hojjetaman akkaataa duraa duubummaa isaanitti dabaree dabareen raawwatamaniiru.

5.2 Argannoo

Xiinxala asoosamoota *Hawwiifi Yoomi Laataa?* irratti taasifameen, Sirni xiinxalame argannoo tokko irra ga'ee jira. Akka qorannoo kanaatti asoosamoota filataman lamaan keessatti uummatni Oromoo, miidhaawwan gama aangoo siyaasaa, olaantummaa dinagdee, haawaasummaa, amantaafi gar-jabina haala rakkoowwan uummaticha irra ga'aa turan akkaataa ragaaleen xiinxalameen ifatti taa'ee jira. Taaateewwan isaaanii waan qabatamaan uummaticha keessatti raawwatamaa ture bu'uura sirnaa irratti hundaa'uun ijaaramaniiru. Uummatni Oromoo yeroo dheeraaf mirga abbaa biyyummaa isaa sarbamee sirna nafxanyaa jalatti akka buluuf dirqameera. Keessummaa bara Minilik Oromiyaa humnaan garboomsee qabate keessa uummatni rakkoolee adda addaaf saaxilamaa tureera. Haa ta'u malee, rakkoofi miidhaa irra ga'u kana uummatichi callisee fudhatee ta'aa hin turre. Mirga isaa jalaa sarbame deebisiifachuuf qabsoo hedduu taasisaa akka tureefi har'as gochaa kan jiruudha. Akka seenaa madda ragaa kanaatti, dhimmootni olitti ibsaman kun haala jiruufi jireenya uummaticha keessatti bal'inaan mul'ataa ture. Haaluma kanaan, qabxiileen argannoo qorannoo kanaa haala armaan gadii kanaan tarreeffameera.

- Sirnoonni (Aayidooloojooonni) Mootoota Habashootaa, Miniliik, Haayile Sillaaseefi Dargii Asoosamoota *Hawwiifi Yoomi Laataa?* keessaatti bal'inaan kan calaqqisan ta'uu.
- Asoosamootni *Hawwiifi Yoomi Laataa?* Kun lamaan sirna gama aangoo siyaasaa, olaantummaa diinagdee, hawaasummaa, amantaafi gara-jabina uummata Oromoo irratti raawwatamaa ture bu'uureeffachuun seenaan asoosama kanaa ijaarameera.
- Asoosamoota lamaan keessatti dhimmootni dhihaatan haala jiruufi jireenya uummata Oromoo gama aangoo siyaasaa, bu'uura taasifachuun dhihaachuu isaanii ragaalee xiinxalaman irraa hubachuun dandaa'ameera. Kanaafuu, hojiileen kalaqaa kun, haala

- jiruufi jireenya uummata keessatti kallattii aangoo siyaasaan mul'ataa ture bifa sirna of keessaa qabu kan calaqqisiise ta'uu hubachuun dandaa'ameera.
- Haala jiruufi jireenya saba tokkoo keessatti dhimmootni olaantummaa diinagdee haala jireenya isaanii wajjin kallattiin kan wal-qabataniidha. Dhimmootni jireenya hawaasaa wajjin wal-qabatan kun asoosamoota xiinxalaman kanneen keessatti xiyyeeffannoo olaanaa argatanii jiru. Kana malees, haalli olaantummaa diinagdee uummata Oromoo bara mootumoota Minilikii, Haayile Sillaaseefi Dargiitti maal akka fakkaataa ture karaa sirnaan tarreeffamuun isaanii ragaalee xiinxalaman irraa hubachuun ni dandaa'ama.
 - Asoosamni tokko yeroo kalaqamu dhimma irratti xiyyeeffatu ni qabaata. Haaluma kanaan, asoosamoota lamaan xiinxalaman kana keessatti gama sirna aangoo siyaasaa, olaantummaa diinagdee, hawaasummaa, amantaafi gara-jabina irratti xiyyeeffachuun kan dhihaatan ta'uun isaanii ragaalee boqonnaa afur keesstti xiinxalaman irraa hubatameera.
 - Xiinxala asoosamoota kanneen keessatti dhimmootni iddoo guddaa argatan, dhiibbaawwan mootumootni darban haala jiruufi jireenya uummata Oromoo irratti kallattii adda addaan geessisaa turaniidha. Dhiibbaawwan irratti taasifame kanaan uummatni Oromoo siyaasni, dinagdeen, amantaafi hawaasummaan isaa boodatti akka harkifatu taasisaa yoo ture illee, uummatni Oromoo dhiibbaawwan kana jalaa ba'uuf qabsoo wal irraa hin cinne taasisaa akka ture xiinxala ragaalee boqonnaa afur jalatti taasifamee irra hubachuun dandaa'ameera.

5.3 Yaboo

Qoratichi asoosamoota lamaan erga xiinxaleen booda bu'aa qorannoo isaatiin yaadota yaboo ni ta'u jedhe akka armaan gadiitti tarreesse jira.

- Uummatni Oromoo qaamota tooftaa garaagaraa uumuun tokkummaa isaa diiguuf yeroo mara tattaafatan irratti dammaquu qaba. Akkasumas, tokkummaa isaa cimsachuuf wal dhaga'uu qaba.
- Qaamota tooftaa adda addaa uumuun lagan, gandaan, bu'aa yeroo kanneen akka taayitaafi qarshii fayyadamuun uummata Oromoo ada adda diigu Oromoon horteen isaa tokkicha ta'uu hubatee wal- tumsuu qaba.

- Uummatni Oromoo amantaa isaafi sirna ittiin bul-maata isaa isa ganamaa kabajuufi ittiin jiraachuu qaba. Kana malees, hidhata hawaasummaatiin qaama isa dhiibuufi ilaalcha isaa jijjiiru irratti dammaquu qaba.
- Gochoota gara-jabinaa uumma Oromoo irratti fedhii dhuunfaa guuttachuuf jecha nama dhuunfaafi biyya irraatti raawwatamaa ture kallattiifi al-kallattiin hubachuun of irraa faccisuu yeroo kamiyyuu qophaa'aa ta'uu akka qabuufi kan kana fakkaatan yaboo qoratichi tarreesseedha.

WABIILEE

- Abbaa Duulaa Gammadaa.(1996). *Qabsoon Uummata Oromoo eessaa ka'ee garamitti*.
Finfinnee.
- Addunyaa Barkeessaa. (2011). Akkamtaa: *Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee: Oromiyaa
- Alamaayyoo Haayilee. (2008). *Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 20^{ffaa}, Jiildii 2*. Giddu gala
Aadaa Oromootti Garee Qormaata Seenatiin. Finfinnee: Bole Printing Enterprise.
- Alamaayyoo Haayilee (1999). *Sirna Gadaa: Siyaasa Oromoo Tuulamaa. JildiiIffaa* Finfinnee:
Maxxansaa Biraaninnaa Salaam
- _____. (2015). *Seenaafi sirna Gadaa Oromoo Maccaa hanga jalqaba jaarraa
20^{ffaatti}*. Finfinnee: Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa
- Asafaa Tafaraa. (2009). Eela: *Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee:Far-East trading Press.
- Asghar Ali Ansari (1992). *Understanding Language and literature*, university college, UmmAL
Quara University saud Arabia. Email: prof6610@yahoo.com
- BATO (2015). *Seenaafi Sirna Gadaa Oromoo Maccaa hanga jalqaba Jaarraa 20ffaatti*. Bole
printing Enterprice.
- Berhanu Metthews. (2009). *Fundamentals of Literatures*. Addis Ababa: Printed by Alpha
Printers PLC
- Biiroo Barnoota Oromiyaa (2005) *Kitaaba Afaan Oromoo Qajeelcha barsiisaa kutaa 12^{ffaa}*:
Finfinnee
- Bird. C. (2006). *An Introduction to Political Philosophy*. Cambridge :Cambridge University
Press
- Collins.H. P. (2004). *Dictionary of Politics and Government (3rd ed.)*. London and New York.
Routledge

- Dassaalenyi Haayiluu. (2016). *'Xiinxala Asoosama Yoomi Laataa?fi Kabir Waadoo Gadaa Sabboonaa Oromoo:Ija yaaxxina dhugummaatiin'*(Barruu hin maxxanfamin)
- Dastaa Dassalany. (2011).*Bu'uura Qorannoo*.Finfinnee: Far East Trading PLC.
- Dirribii Damusee. (2016). Ilaalcha Oromoo. Barruu Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo: Finfinnee:Ilsaabaa Publishing.
- Dundes, A.(1965). *The study of Folklore*. Berkeley: Prentice-Hall.
- Eagleton. T. (1991). *Ideology: An Introduction*. New York, Verso
- Eagleton. T. (2002). *Marxism and Literary criticism*. London: Routledge.
- Fedhasaa Taaddasaa. (2013). *Subii. Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Subi printing press
- Hoffman. J. (2007). *A Glossary of Political Theory*. Edinburgh University Press.
- <https://www.google.com/search?client=firefox-b-d&q=allusion+in+a+fiction>
- <https://www.google.com/search?client=firefox-b-d&q=setting+in+a+fictional+work>
- <https://www.google.com/search?client=firefox-b-d&q=Flash+backs>
- Isaayyaas Hordofaa. (2003). *Hawwii* . Mana maxxansaa Finfinnee.
- Isaayyaas Hordofaa. (2002). *Yoomi Laataa?* Finfinnee, Iti
- Kadiraa Alii (2016) Qaaccessa Asoosama 'Aarsaa' Fayyadama Afaanii Irratti Xiyyeeffachuun Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) , Yuniivarsiitii Finfinnee , kan hin maxxanfamme.
- Leellisaa Aadaa . (2013). *Kudhaama seenaa, kitaaba Iffaa Oromiyaa*: Finfinnee
- Melakneh Mengistu. (2003). *Fundamental of literature*. Addis Ababa University:Branna Printing press.
- Mohaamed (2009/2017). *Seenaafi Qabsoo Oromootaa*. Finfinnee, Itiyoophiya.
- Moore.D.N.B and Bruder, K. (2005). *Philosophy : The power of ideas*. New York: The Mc Graw-Hill Companies, Inc.

- North. D.C. (1981). *Structure and change in Economic History*, New York:Norton.
- Qananii Baayisaa. (2008). *Xiinxala asoosamoota Burreen Bifa Tokko Mitiifi Dibaa: Ija Yaaxxina Bifiyyeetiin*. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Guuttachuuf Qophaa'e, kan hin maxxanfamin. Finfinnee.
- Robertson. D. (2003). *The Routledge Dictionary of politics*. London and New York: Routledge.
- Shaw .H. (1976). *Dictionary of literature terms*. Newyork:Mc Grawn Hill Bookcampany. Haruard University Press.
- Teferi Nigussie. (2008). *Development of Oromo Literature up to 1991*.MA Thesis. Addis Ababa University.
- Taarikuu Bantii. (2016). *Xiinxala Afoola Asoosamoota Afaan Oromoo Filataman keessatti*. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Guuttachuuf Qophaa'e. Kan hin maxxanfamin. Finfinnee.
- Tyson.L. (2006). *Critical Theory Today*. London and New York: Routledge.
- Warquu Dachaasaa (2001).*Wiirtuu Jildii 9ffaa: Barruulee Qormaata Waalta 'ina Afaan Oromoo, Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaatiin*: Finfinnee.
- Wasanee Bashaa (2008) *Baantu Haara* Jildii III Mana Max. Finfinnee.
- Warquu Dachaasaa (2002).*Wiirtuu Jildii 9ffaa: Barruulee Qormaata Waalta 'ina Afaan Oromoo, Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaatiin*: Finfinnee.
- Wiirtuu, (1993) *Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo*, Finfinnee Biiroo AadaafiTuurizimii Oromiyaa.